# AGARII TULLUU: SIRBA SALAALEE KEESSATTI

# (GODINA SHAWAA KAABAA AANAA DAGAM)

**TAARIKUU MARGAA DASTAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

**GUUTTACHUUF MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO,**

**OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANOO AFAANII,**

**JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,**

**OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**SADAASA 2014**

**FINFINNEE**

# AGARII TULLUU: SIRBA SALAALEE KEESSATTI

# (GODINA SHAWAA KAABAA AANAA DAGAM)

**TAARIKUU MARGAA DASTAA**

**GORSAA: ASAFAA TAFARRAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**

**GUUTTACHUUF MUUMMEE BARNOOTA AFAAN OROMOO,**

**OGBARRUUFI FOOKILOORIITIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA QORANNOO AFAANII,**

**JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,**

**OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**SADAASA 2014**

**FINFINNEE**

## YUUNIVARSIITII FINFINNEE

### Dhaabbata qorannoo digirii duraa booda

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) afaan oromoo, ogbarruufi fookloorii guuttachuuf Taarikuu Margaatin mata duree : '*Agarii Tulluu: Sirba Salaalee Keessatti, Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam'* jechuun kan qophaa'e ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guutera.

**Koree qormaataa**

Qoraa alaa________________________________mallattoo___________guyyaa________________

Qoraa keessaa_____________________________mallattoo___________guyyaa________________

Gorsaa __________________________________mallattoo___________guyyaa________________

---

Itti gaafatamaa muummee yookin qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

## Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerameqorannoon kun hojii koo ta’uu isaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbafkan hin dhiyaatin ta’uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhachuu koo mallattoo kootin nana mirkaneessa.

Maqaa___________________________________________

Mallattoo_________________________________________

Guyyaa __________________________________________

# Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa ija ilaalcha oromootiin sirboota goota oromoo Agarii Tuluufi maatii isaatif sirbaman qaaccessuudha. Kaayyoo kana milkeessufis malleen qorqnnoo garaagaraa gargaarameera. madda odeeffannoo ilaalchisee madda odeeffaannoo tokkoffaafi lammaffaati. malli iddatteessuu immoo akkayyoofi darbaa dabarsaatti fayyadamee jira. meeshaaleen funaansa ragaalee immo afagaaffii fi marii gareetti fayyadamuun odeeffannoo funaanname mala qaacceessa ragaalee keessaa mala akkamtaatin/qualitative/ ragaleen qaacceffamanii jiru. Akkasumas barruulee mata duree qo'annoo kanaan wal qabatan sakatta'uun akka raga lammaffatti odeeffannoon funaannamanii jiru. Qorannoon kuni Yaaxxina ilaalchaa /ideological theory/ jedhamu bu'uureeffachuu kan gaggeeffameedha. Yaaxxina ilaalchaa kana immoo haala lamaan bu'uureeffata. TokkoffaaYaaxxina yaadaa akka addunyaattifi naannoo qorannoon kun itti gaggeeffamu giddugaleeffachuuni. Argannoowwan qorannoo kanaas, gootichi Agarii Tulluu obbolotaa isaa wajjiin uummata isaa garbummaa sirna nafxanyaa jalaa baasuuf jedhee akka qabsoo jalqabe, uummanni oromoo salaalee immoo iddoo dhokannaa gooticha kanaa ta'aa turuu isaanii sirbaan, geerrarsaan, dhadannaadhan deeggaraa akka turanifi dhaloonni ammaa jiran dhaloota yeroo sanii caalaa afoolawwan kanatti fayadamaa akka jiran qorannoo kanaan bira ga'amee jira. yaboon qorannoo kanaa inni guddaan aanota godina shawaa kaabaa keessa aanaan dagam iddoo dhaloota goota Agarii Tulluu waan taateef qaamni dhimmi kun ilaallatu kamuu afwalaloo sirboota Agariifi maatii isaatif sirbaman irratti qorannoo gaggeessuudhan funaanee qindeessee akka ragaa tokkootti osoo kaa'ee, dhaloonni dhufu wanta baay'ee irraa argachuu danda'a. kana malees barsiisonnis ta'ee qaamni barate kamuu afwalaloowwan sirboota goototaaf sirbaman qoratanii bifa kitaabaan yookin barruuleen osoo kaa'anii akkasumas sirboonni kunneen sirna bornootaa keessatti hammatamanii barattootaf osoo qophaa'anii dhaloonni waan baay'ee irraa barachuu danda'a.*

# Galata

Duraan duursee isa nagaa naaf kennee na jiraachisee sadarkaa kanaan na gahe Waaqayyo jiraataaf galanni guddaan haa ta'u. kanatti aansuudhaan dhaalootatti beekkumsa horanii guddisuu kan jaalataniifi qorannoo kana yommuun gaggeessu akkaataa adeemsa qorannoon ittiin adeemsifamu irratti yeroofi humna isaanii aarsaa godhanii gorsaafi deeggarsa adda addaa kan naaf taasisaan gorsaa koo Dr. Asafaa Tafarraaf galanni koo dachaa dachaadha. Dabalatanis qorannoo kana yommuun barreeffadhu jalqabaa hanga dhumaatti kompuutaraan (Laappitooppii) naaf ergisuun kan gargaarsa guddaa naaf godhan, dura bu'aa mana barumsa Tulluu Cuqqaalaa sadarkaa lammaffaa obbo Xilaahun Tashoomaaf galanni koo guddaadha.Kana malees haala itti fayyadama laappitooppii irratti deeggarsa guddaa kan naaf taasisaa ture barsiisaa Fayyisaa Baayyuu baay'een galateeffadha.

Namoota waa'ee mata duree qorannoo kanaa irratti odeeffannoo kennuu danda'an bira na geessuudhaan eeruu kan naaf kennaa ture obbo Mangistuu Nagaash baay'ee galatooman jedha. Akkasumas barruulee mata duree qorannoo kana irratti barreeffaman naaf kennuudhan deggarsa kan naaf taasise hojjetaa aadaafi turizimii aanaa dagam obbo Sisaay Dirribaa guddaan galateeffadha. Dhumarratti, namoonni afwalaloowwan sirboota Agarii Tulluufi maatii isaatif sirbaman irratti odeeffaannoo kan naaf kennitan martinuu guddaa galatoomaa jedha.

## Tarreeffama suuraalee

***Suuraa 1*: Suuraa Kaartaa Aanaa Dagam

***Suuraa 2*: Suuraa Agarii Tulluu

***Suuraa 3*: Afgaaffii B/Taa Taaddasaa Salamoon waliin taasifame

***Suuraa 4*: Afgaaffii Luba Dabaleefi Xibabuu Tolaa waliin taasifame

***Suuraa 5*: Afgaaffii Aadde Abbabuu Hirphaa waliin taasifame

***Suuraa 6*: Barruu Aadaafi Turizimii Godina Shawaa Kaabaatiin qophaa'e

***Suuraa 7*: Iddoo Agarii, Jimaafi Hirkoo Tulluu itti fannifaman

***Suuraa 8*: Afgaaffii Obbo Sisaay Dirribaa waliin taasifame

***Suuraa 9*: Afgaaffii B/Siisaa Baqqalaa Gabbisaa waliin taasifame

***Suuraa 10*: Marii Garee Luba Dabalee, B/Siisaa Baqqalaa Gabbisaafi Obbo Xibabuu Tolaa waliin taasifame.

## Ibsa nafoo yaadrimeewwanii

***Jechoota*** ***Hiikafi Ibsa Isaanii***

*Kubur Zabanyaa-----  Waardiyyaa mana mootummaa*

*Namsee --------------  Lubbuu*

*Mallayyoo------------  gonfoo/qoobii*

*Oborii-------------------Maqaa gosaa*

*Fooxaa -----------------Uffata kuula irraa hojjetamu*

*Emi'oonii-------------- maqaa qawwee*

*Galaan Saamunaa---- Saamunaa qaama ittiin dhiqatan kan urgaa'u*

*Shittoo-----------------  Urgooftuu*

*Baalabbaata ---------- Warra mootii /abbaa biyyaa/*

*Zarii ------------------- Sanyii*

*Kutaa ----------------- Gaabii*

*Zangii ----------------- ulee qal'oo/siiqqee/*

*Ni Shiwwisa---------  Ni bubbisa/ ni fiiga*

*Tushaa---------------- Wadaroo/ Haada*

*Walalgaa ------------ Dachaa*

*Itillee----------------- Afata gogaa loonii irraa hojjetamu*

*Galabaa ------------- Muka garbuu/qamadii/ajjaa/*

*Ususuu -------------- Suuta dudubbachuu*

*Ashkara ------------  Ergamtuu /tajaajiltuu/*

*Muzgeerii----------  Maqaa qawwee*

*Oggoraa -----------  Muka karri ittiin cufamu*

*Alamii------------  Biyya lafaa/ Addunya*

*Oofan -----------  Bobbaasan*

*Mushurraa------  Missirroo/ bareedduu*

*Onkoolaa-------  Meeshaa bishaan ittiin dhugamu*

*Qoraasuu -------  Uluu/ muka ejersaa itti aarsuu*

*Obbaafachuu---  Adda ba'uu/ gargar cituu*

*Biqila------------  Midhaan mute, kan farsoon irraa hojjetamu*

*Barzaafii ------  Baargamoo*

*Affaruu*---------   *Qaana'uu*

*Taabota*---------  *Mana Amantaa Ortodoksii /beteskaana/*

*Waasii* ---------   *Wabii*

*Fooyyee* -------   *Salphaa*

*Zinaarii*---------  *Gaangee dhaltuu kan sirriitti sagartu*

*Girgitteessaa*---  *Dadhabsiisaa*

*Nuusa*-----------  *Xiqqaa*

*Areera*---------    *Baaduu*

*Toogoo* --------   *Boolla*

*Roophilaa*------  *Xiyyaara*

*Zoor*-------------  *Gori*

*Koshommii*----- *Muka qoree qabu*

*Guduruu* -------  *rifeensa daa'ima*

*Ushururuu*------  *Sossobbii*

*Weeffana* ------  *Mirgoo/jibicha/*

*Garadii*--------  *Hojjettuu mana namaa*

*Liitii* ----------  *Gosa margaa*

# BAAFATA

**MATA DUREE** **FUULA**

FINFINNEE ....... i

Axereeraa ....... i

Galata ....... ii

Tarreeffama suuraalee ....... iii

Ibsa nafoo yaadrimeewwanii ....... iv

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ....... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ....... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ....... 5

1.3. Kaayyoolee Qorannichaa ....... 6

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ....... 6

1.3.2. Kaayyoolee Gooree ....... 6

1.4. Faayidaa Qorannichaa ....... 6

1.5. Daangaa Qorannichaa ....... 7

1.7. Ibsa Bakka Qorannichaa ....... 8

2.1. Ogafaan ....... 11

2.1.1. Afwalaloo ....... 13

2.1.2. Akaakuu afwalaloo oromoo ....... 14

2.1.2.1. Afwalaloo Gammachiisaafi Deeggarumsaa (Poetry and Patronage) ....... 14

2.1.2.2. Afwalaloo jajumsaa (Panegyric Poetry) ....... 14

2.1.2.3. Afwalaloo Boo'ichaa /Elegiac Poetry) ....... 15

2.1.2.4. Afwalaloo Amantii (Religious Poetry) ....... 16

2.1.2.5.Afwalaloo adamoo, waraanaafi hojii (Special-Purpose Poetry, Hunting,War& Work) ....... 17

2.1.2.7. Sirboota Siyaasaa (Topical & Politcla Songs) ....... 18

2.1.2.8. Faaruu Uruursa Daa'immanii (Children Songs And Rhyme).................................... 19

2.1.2.9. Dhaadannoo gootummaa ................................................................................... 21

2.1.2.10. Geerrarsa ........................................................................................................ 21

2.1.2.11. Geerarsa Gootummaa....................................................................................... 23

2.1.2.12. Sirba ................................................................................................................ 23

2.1.2.13. Faayidaa Weedduu Aadaa/ Functions of folksongs /.............................................. 27

2.1.2.14. Akaakuu Weedduu Aadaa/classification of folksong/ ............................................ 28

2.1.2.14.1. Sirba gootummaa/heroic songs/ ............................................................................ 29

2.1.2.14.2. Sirba Dhiichisaan Goota Faarsuu............................................................................ 30

2.1.2.14.3. Sirba Shoboxee .................................................................................................... 31

2.2. Yaaxxina Qorannichaa ............................................................................................ 31

2.3. Qorannoo Walfakkii................................................................................................ 33

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA ..............................................34

3.1. Saxaxa Qorannichaa................................................................................................ 34

3.2. Madda Odeeffannoo Qorannichaa ........................................................................... 34

3.2.1. Madda ragaa tokkoffaa ......................................................................................... 35

3.2.2. Madda ragaa lammaffaa ........................................................................................ 36

3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu.................................................................................... 36

3.3.1. Mala kaayyeffataa /purposive sampling/ .................................................................. 37

3.3.2. Mala iddatteessuu darbaa dabarsaa.......................................................................... 37

3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo .......................................................................... 38

3.4.1. Af-gaaffii ............................................................................................................. 38

3.4.2. Marii garee............................................................................................................ 39

3.5. Mala xiinxala Ragaalee ........................................................................................... 39

3.5.1. Mala akkamtaa........................................................................................................ 40

BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE....................................................41
4.1. Seenaa Agarii Tulluu........................................................................................ 41
4.2. Xiinxala Ragaalee Afgaaffiidhaan Funaannamanii.............................................. 45
4.2.1. Sirba Shoboxee Yeroo Agariin Qabsoo Jalqabu sirbaman................................ 45
4.2.3. Sirba Shoboxee Yeroo Agariin Qabsoo Keessa Jiru Sirbamee ......................... 48
4.4.4. Sirba Shoboxee Yeroo Agariin Salaale Gadhiisee Deeme Sirbame.................. 50
4.2.5. Sirba Shoboxee Erga Agariin Qabamee Sirbame.............................................. 51
4.2.6. Sirba Shoboxee Yeroo Agariin Fannifame Sirbame ......................................... 53
4.2.7. Sirboota erga Agariin du'ee sirbaman ................................................................ 56
4.2.8. Geerrarsa Erga Agariin Du'ee Geerrarame ........................................................ 58
4.2.9. Dhaadannoo Agariin Dhaadachaa ture ............................................................... 59
4.2.10.Boo'icha Yeroo Agariinfaan Awwaalaman boo'ame ........................................ 60
4.2.11. Sirba Shoboxee Yeroo Hirkoon Qabsoorra Jiru Sirbame.................................. 61
4.2.12. Dhaadannaa Hirkoo Yeroo Fannifamu Dhaadate............................................. 62
4.2.13. Sirba Shoboxee Erga Hirkoon Du'ee Sirbame ................................................. 62
4.2.14. Sirba Shoboxee Yeroo Jiman Qabsoo Keessa Jiru Sirbame............................. 63
4.2.16. Sirba Dhiichisa Yeroo Jimaan Qabsoorra Jiru Sirbame ................................... 65
4.2.17. Sirba Shoboxee Erga Agariinfaan Du'anii Haadha Isaanitiif Sirbame ............ 66
4.2.18. Sirba Shoboxee Erga Agariin Du'ee Haadha Manaa Isaatif Sirbame .............. 68
4.3. Xiinxala Ragaalee Marii Gareetin Funaannaman .................................................. 69
4.3.1. Faayidaa Sirboonni Agariifi Maatii Isaaf Sirbaman Uummataaf Qaban ........... 69
4.3.2. Sirboonni Agariifi Maatii Isaaf Sirbaman Yeroo Ammaa Sadarkaa Isaan Irra Jiran........ 70
4.3.3. Yoomessa Sirboota Agariifi Maatii Isaaf Sirbamanii......................................... 71
BOQONNAA SHAN: XUMURA, ARGANNOO FI YABOO................................72
5.1. Xumura (Conclusion)........................................................................................... 72

5.2. Arganno ........ 73
5.3. Yaboo ........ 74
Wabiilee ........ 76
Dabalee A ........ 78
Dabalee B ........ 79
Dabalee C ........ 80
Dabalee D ........ 84
Dabalee E: ........ 88

# BOQONNAA TOKKO:  SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Ariirranni /seen duubeen/ qaama seensa wixinee ta'ee bakka itti mata durichaarratti dhimmoonni waliigalaa dhiyaataniidha. Kaayyoon kutaa kanaa inni guddaanis bu'uura dhimma qoratamuuf deemu sanaa ibsuun iddoo fedhii dubbistootaa kakaasudha. Bu'uuraalee dhiyaatan keessaa achii as dhufteen uummatichaa haalli afaan isaa irra tureefi irra jiru(afaan barnootaa, sabquunnamtii, siyaasa, amantiifi kkf) eessatti akka argamu eenyuun akka daangeffamuufi kkf fa'i (Addunyaa 2011:52-53). Kanuma irraa ka'uun anis ariirrata kana keessatti achii as dhuftee uummata oromoofi afaan isaa akkasumas uummata Oromoo keessaa uummata Oromoo Salaalee hanga tokko kaasuuf yaaleen jira.

Xilaahuunifi Girmaa (2010:31) yoo ibsan," ijoollee noohii keessaa tokko kaam jedhama, ilmi angafaa kaam immoo kuush jedhama, sabni oromoo immoo sanyii kuushi jechuudha. Maatii kuush kan jedhaman uummata kuush kaabaa saba 'beejjaa', uummata kuush giddugalaa saba 'agawu', uummata kuush kaabaafi kibbaa toora gammoojjii saba affaar, saahoo, oromoofi sumaaleeti, toora baddaatti kan argaman immoo uummata burjiifi sidaamaati" jedhu.

Maatii kuush keessaa Uummanni Oromoon uummata guddaa gaanfa afrikaa irratti lafa bal'aa irra qubatee jiru, seenaafi aadaa guddaa  qabuudha.Akkasumas uummata sirna bulchinsaa ajaa'ibaa sirna diimokiraasii ammayyaatif bu'uura  ta'e sirna gadaa uummatee itti fayyadamaa kan tureedha. Hayilu (2015:47) yoo ibsu,"uummanni oromoo lammii biyya bilisa taate qabu ta'uudhaan waggoota kumaan lakkaa'amaniif bulchinsa tokko jalatti ijarramee sirna gadaatin bulaa tureera." jedha.

Alamaayyoo (2007:19) yoo ibsu,"Oromoon saboota kuush keessaa isa bal'aafi uummata qabiyyee lafaa guddaa irra dagaagee jiraatu. Haaluma bal'inaafi guddina uummataan Oromoon gosoota (damee) hedduu qaba. Isaanis: Tuulama, Macca, Arsii, Gujii, Boorana, Itu, Humbana, Raayyaa, Yejjuu, Liiban jedhamu." jedha.

Xilaahunifi Girmaa (2010:31) yoo ibsan, "Horoon oromoo dhalche,oromoon immoo booranaafi baarentuu horate, booranni sammaalloo dhalche, sammaallo gurraacha,gurraachi nagawoo,

nagawoo odaa, odaan walaabu, walaabu raayyaa, raayyaan immoo maccaafi tuulama dhalche” jedhu.

Shallamaa (2010:5) yoo ibsu,”Uummanni oromoo biyya ijaaruu keessattis taanan shoorri inni taphate jabaadha. Qoodni abbaa biyyummaa isaas eenyumaa gadii kan isa taasisuu miti. Uummata keessummaa yookin darabduus miti, biyyaaf wareegamuus taanaan adda dureedha” jedha. Haa ta’uu malee uummanni kun waggoota dheeradhaaf garbummaan dhiittaa mirga namoomaa gama mootota nafxanyaati irratti taasifamaa tureera.

Hayiluu (2015:7) yoo isu,”Uummata aadaa boonsaafi amantii mataa ofii qabu eenyummaan isaa irraa mulqamee akka aadaa ergisaa fudhatuufi afaan alagaatiin dhimma bahu godhanii jiru.kana malees eenyummaa isaa akka dagatee eenyummaa nama biraa dirqamaan itti fe’amee waaroo qaanii uffatufi biyya abbaa isaa irratti akka mataa gadi qabatee jiraatu taasifamee jira”. Baqqalaa (2011:1) yoo ibsu,”Haa ta’uuti dubbiin garagaltoo taatee sabni ofirra darbee ormaaf ta’u qaamolee hanga isaa hingeenyeen sanyii,aadaa, afaan, amantiifi eenyummaa isaa balleessuuf yaalii waggoota dhibbaan lakkaa’amaniif taasifamaa tureera” jedha.

Ta’ullee uummanni orormoo mootota abbaa irree kanneenif osoo harka hin kenniin falmachaa ajjeesaa, du’aa, bosonatti gala, lafa abbaa isaanii dhiisan baqachaa turaniru. Yaaduma kana Hayiluu (2015:52) yoo ibsu,” Uummanni Oromoo erga bulchinsa mootota nafxanyaa jalatti kufee guyyaa tokkoofillee garbummaa fudhatanii yeroon itti taa’an hin jiru. Uummata Oromoo keessaa gootonni dhiirafi shamarraniin garbummaa saba isaanii irraa dhabamsiisuuf falmachaa turan keessaa kanneen akka: Waaqoo Guutuu, Taaddasaa Birruu, Agarii Tulluu, Alamuu Qixxeessaa, Baaroo Tumsaa, Guddinaa Tumsaa, Elemoo Qolxuu, Adam Saaddoo, Hayilamaariyam Gammadaa, Maammoo Mazammir, Abishee Garbaa Onesimoos Nasib, Badhaadha Dalgaasaa, Aster Gannoo, Ayyaluu Ittisaa, Bilillee, Oliiqaa Dingil, Muluu Asanuu, Abbichuu Bayyanaafi kkf kaasuun ni danda’ama’’jedha.

> *Hortee Oromoo keessaa Oromoon Tuulamaa naannoo Oromiyaa keessatti kutaa giddugaleessa naannawa finfinnee qubatee jiraata. Salaale immoo lafa oromoo tuulamaati. Tuulamni ijoollee sadi qaba. Isaanis Daaccii, Bachoofi Jiille Jedhamu. Daacci ilma hangafaa Tuulamaa ta’ee Ijoollee sadi qaba. isaanis: Galaan, Oboofi Sooddo jedhamu. Galaan immoo ilma hangafaa Daaccii ta’ee ijoollee ja’a qaba.*

*isaanis: Jidda, Liiban ,Aabbu, Ada'aa,Warra Jaarsoofi Gaadullaa jedhamu. Jidda ilma hangafaa Galaani. Jidda ijoollee shan qaba. isaanis: Kura, Keekku, Gaaleyyii, Arrabsafi Dooyyo jedhamu. Kura ilma hangafaa Jiddaati. Kura ijoollee lama qaba. isaanis: Alaltuufi Waayyuu jedhamu. Ilmi Waayyuu immoo Aabbudha. Aabbu immoo Igguu Dhalche. Igguun immoo ijoollee sagal qaba. Isaanis: Illaamuu, Dhanqaa, Boonayyaa, Annoo, Saggoo, Raasoo, Iyyataa, Annaafi Dooroo (Xilaahunifi Girmaa 2010:31-33).*

Uummanni Oromoo Salaalee akkuma Oromoota kaanii aadaa, safuu,duudhaa, falaasama mataa ofii kan qabuudha. Akka obbo Habtaamuu Maakoo jedhanitti salaale wantoota hawwata turizimiif oolan kanneen akka: Holqa Sagalee, Dhakaa Dhaabaa, Tulluu Adalgee, Muka Raajii, Bosona Siree Morose,Bosona Ileen, Laga Malkaa Alaltuu, Gadaamii Ittisaa, Riiqicha Poorchugaal, Tulluu Salaalee, Tulluu Alii Dheeraa, Fincaa'aa waayituu, Bosona Qacamaa, Tulluu Muxxee, Holqa Boolee, Holqa Mikaa'eelaa, Riiqicha Laga Abbayyaa, Masqala Iyyaasuu, Tulluu Guddoo, Giraanyi Muqaccaa, Holqa Immun, Bosona Dabra Libaanoos, Xabala Gordomaa, Maariyaamii Kurfaa, Holqa Daabis, Hora Jamaa, Bosona Ixaanaa,Gundoo Masqal, Holqa Taaddasaa Birruu, Holqa Agarii Tulluu, eeruun ni danda'ama. Kana malees, artistoota uummata oromootif gummaachaa guddaa gumaachanis ni qabdi. Fakkeenyaaf kan akka Wasanuu Diidoo, Abbabaa Tasammaa, Naggasaa Abdii kaasuun ni danda'ama. Akkasumas,salaale horsiisa looniifi oomisha aannaniitinis baay'ee beekamtuudha.

Salaale godinaalee 21 'n naannoon Oromiyaa qabdu keessaa tokko ta'e bulchinsa mootummaa naannoo Amaraa waliin karaa kabaaf kaaba bahaatin kan wal daangessuu fi walitti hidhaminsa haala jiruufi jireenyaas kan qabaniidha. Asafaa (2015:64) yoo ibsu "The Salale share borders with the Amhara Region (Orthodox Christian) to the north and northeast with a distinctive blend of cultures". Akka yaada kanaatti salaalee godina bulchinsa mootummaa naannoo oromiyaa ta'ee godina naannoo Amaaraa waliin karaa kaabaa fi kaaba bahaatin walitti hidhaminsa daangaafi aadaa kan qabu akka ta'e addeessa.

Haala moggaasa maqaa Salaalee irratti obbo Habtaamuu Maakoo ogeessi aadaafi turizimii godina shawaa kaabaa akka jedhanitti uummanni oromoo sochii lafa baballifannaa kibbaa gara kaabatti yemmuu taasisaa turan bosona keessa deemu turan, yeroo bosona keessa deeman kana wal arguu waan dadhabaniif Tulluu Salaalee irratti abidda bobeessan, sana booda "silaale"waliin

jedhan kanuma irraa maqaa “salaale” jedhu moggaafame jedhu. Abiddi sun immoo walaabuu dhufe hin dhaamu waggaa waggaadhan tulluu salaalee irratti ‘warra sharrii’ kan jedhamantu ibsa jedhu.

Asafaa (2015:66) yemmuu ibsu, “The tales behind the place names indicate not only ethnic pedigree but also eponymic relations of the past to the present. In some examples,ethnonames coincide with personal names preceded by “warra,”meaning,“family of” (e.g.warra Gurmu, warra Morodaa). Those residing in the highlands are predominantly” jedha. Akka yaada kanaattii maqaan salaale jedhu kan bakka bu’u sanyii namoota achirra turanii qofa osoo hin taane moggaasa maqaa biyyaa ykn lafaa durii hanga ammaatti jiruudha. Maqaan kun maqaa lafaafi maqaa gosa Oromoo laficharra turaniti. Gosni Oromoo laficharra turaniis ‘warra’ akka jedhaman ibsee jira.

> *The place derives its name from Salale Mountain found to the south farther down the Mogor basin but no oral tradition or written accthe people.further back to the medieval period citing sources to report place names such as “Selalo,” “Salala,” and “Silalesh,” all of which are closer to the present term “Salale.” Salale is the “term with which one cannot identify any particular Oromo ount indicate how exactly the name came to be used to name the mountain, the locality* (Asafaa 2015:76*).*

Akka yaada kanaatti maqaan salaalee jedhu kan mogga’e Tulluu guddaa gara kibbatti laga mogoritti gadi aanu akka ta’e ibsa. Bara gidduugaleessaa keessa maqaa selalo, salala,fi silalesh akka waamama turte kaasa. Haata’u malee maqaaleen kunneen maqaa salaalee jedhu waliin baay’ee walfakkaatu. Walumaagalatti moggaasni maqaa salaalee maqaa Tulluu salaalee irraa akka mogga’e hubachiisa.

Uummanni Oromoo Salaalee dhiittaa mirga namoomaa gita bittaa mootota darbaniin irra gahaa turee ofirraa qolachuuf baayyeen isaanii bosonatti galanii ofirraa waraanaa, baayyeen isaanii lafa abbaa isaanii gadhiisaanii gara naannoo birootti godaanaa, isaan kaan immoo mootota abbaa irree gabbaraa jiraachaa turan. Uummanni salaalee gaafa roorron gamteef bifa sirbaan, geerarsaan, daadhannoo quuqqaa garaa isaanii ibsachaa turan, ammas ibsachaa jiru. Gootonni baayeen roorroo isaanifi saba isaanii irra ga’u ittisuuf bosona seenuun diina galaafatanii ofiifis lubbuu dhabaniiru..

Ogeessi Aadaafi Turizimii Aanaa Dagam Aadde  Mabratee Taammana akka jedhanitti, Uummanni Oromoo salaalee xinnaa guddaan, dhiiraa dubartiin, jaarsaaf jaartiin gootota roorroo irraa ittisuuf bosonatti galan kanneen afwalalootti fayyadamuun ni faarsuu, ni geeraruuf ,ni sirbuuf, nidaadhatuuf, ni eebbisu, waaqa ni kadhatuuf roorroo injifatanii mirgaan akka galaniif wanti isaan hin taasifne hin jiru. Kana malees gootummaa Oromoo salaalee sabni Amaaraa akkas jechuun ibsu "fiyal ke qezene, salale ke zefene mamelasha yelawum" jedhu, jechuun ibsu.

Salaalee keessa aadaa sirbootaa adda addaatu jira. Isaanis: sirba gootaa, faaruu amantaa, sirba jaalalaa, sirba wadaajii, faaruu ateetee, sirba gaa'elaa, geerarsa boo'ichaa, sirba quuqqaa, sirba deeggarsaa, sirba arrabsoo,sirba jajuu, sirba shoboxee, sirba dhiichisaa,sirba ayyaanaafi kkf kaasuun ni danda'ama. Shallamaa (2010:27) yoo ibsu,"salaale goota faarsee jabeessuu, raqa arrabsee mataa cabsuu, sirbee sagalee yeedaloofi walaloo bareedaan bara egeree faarsu" Fakkeenyaf: uummanni Oromoo Salaalee Yommuu goota faarsan akkas jechuun sirbuu

*Maalgocha buute yaa Fiqiruu*

*Biyya Badhaadhni jiru*
*Kilaashiin baroonnaan*
*Deebin hin jiruu*

Jechuun uummanni oromoo salaalee gootota sirna garboonfataa fincalaa turan ittiin faarsaa jajjabeessa turan.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoon geggeeffamu kamiyyuu ka'umsa mataa isaatii akka qabu beekamaadha. Addunya (2011:53) akka ibsutti,"ka'umsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti yookin waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffamerratti mul'atu, dhimmichis rakkoo ykn qaawwa jiru tokko duuchuuf ykn yaaxxina tokko haaromsuuf, ibsa bal'aa dhimmichatti kennuuf ta'uu danda'a" jechuun ibsa. Kanuma irraa ka'uun qorannoo kana geggeessuuf wanti na kakaase afwalaloo sirbootatti fayyadamuun Oromoon Salaalee goota isaa Agarii Tulluufi maatii isaaf maal jedhanii akka sirbaa turanifi sirbaa jiran haala qabataman yoo mulatan illee qorannoo gahaan hin jiru. Qorataan kunis sirboota sirbamaa turaniifi sirbamaa jiran funaanuun ibsa itti kennuun dhaloota dhufuuf bifa barreeffamaatti jijjiiree dhaloonni akka irraa baratu gochuun barbaachisaa ta'uu hubateera. Haala kanaan  qorannoon kun gaaffilee armaan gadii kanneen ni deebisa jedhameet abdatama.

1. Uummanni Oromoo Salaale Aanaa Dagama Agariifi maatii isaaf maal jedhanii sirbaa turan?
2. Ergaafi qabiyyee afwalaloo sirboota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbamanii maalfaa'i?

3.Afwalaloon sirboota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman jiruuf jireenya Uummata Oromoo keessatti faayidaa maalii qaba?

4.Afwalaloon sirboota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman yeroo ammaa sadarkaa maalirra jira?

5.Yoomessiifi haalli sirboonni Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman ittiin dhiyaatan kan akkamiti? Akkasumas eenyufaatu sirba?

## 1.3. Kaayyoolee Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Afwalaloowwan sirboota goota Oromoo Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman funaanuudhaan ija ilaalcha Oromootiin qaaccessuudha.

### 1.3.2. Kaayyoolee Gooree

Kaayyoolee gooreen qorannoo kanaa**:**

1.Uummanni Oromoo Salaalee Aanaa Dagam Agariifi maatii isaatif maal jedhanii akka sirban ibsuu,

2.Qabiyyeefi ergaa afwalaloo sirboota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbamani adda baasuu,

3.Afwalaloo sirboota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman bu'aa jiruuf jireenya uummata Oromoo keessatti qaban ibsuu.

4.Afwalaloo sirboota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman yeroo ammaa sadarkaa irra jiran adda baasuu.

5.Yoomessaafi haala sirboonni Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman ittiin dhiyaatan ibsuufi eenyun akka sirbaman adda baasuudha..

## 1.4. Faayidaa Qorannichaa

Baraachisummaan qorannoo tokkoo erga qorannichi gaggeeffamee eenyufaatu itti fayyadama gaaffii jedhu deebisuudha. Yaada kana Addunyaan (2011:55) yoo ibsu, "Baraachisummaan qorannoo tokkoo barbaachisummaa mata duree qorannichi irratti gaggeeffameefi qabatamummaa odeeffannoo bu'uura qorannichaa irratti hundaa'a" jedha. Kanaaf barbaachisummaan qorannoo

kanaa afwalaloo sirboota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman qoratamee, ergaan isaa qaacceffamee yookaan ibsi itti kennamee yoo galma ga'e:

- ✓ Dhaloota fuulduraaf akka kuusaa seenaa tokkootti taa'ee itti fayyadamuun kan danda'amu ta'a.
- ✓ Ogeeyyii kallattii walfakkaatu hojii qorannoo bal'aa geggeessuu barbaadaniifis, akka madda odeeffannootti tajaajilu mala.
- ✓ Argannoon qorannoo kanaan bira gahame bifa barreeffamaan qindeessuun toora interneetii irratti gadi dhiisuun goota kana addunyaatti beeksisuuf ni fayyada.
- ✓ Qabiyyee kitaabilee barnootaa sadarkaa sadarkaan jiranii keessatti waa'ee goota kanaafi maatii isaa haammachisuun dhaloonni haaraan seenaa isaanii akka hubatanii itti fayyadaman taasisuu danda'a.
- ✓ Aadaa gootummaa Oromoo naannichaa dhalootni akka beekuufi leellisuuf ni tajaajila jedhameet abdatama.

## 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo qoratamu yeroodhaan, qabiyyeefi bakkaan daangeffamuu qaba. Kanaaf, qorannoon kunis gama yeroon, bakkaafi qabiyyeetiin daangessuun milkaa'ina qorannichaatiif murteessaa waan ta'eef, anis qorannoo kana yeroo, qabiyyeefi bakkaan daangesseera.Kanaafuu qorannoon kun gama qabiyyeetiin afoola Oromoo keessaa,afwalaloo sirboota goota Oromoo Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman irratti xiyyeeffata. Gama bakkaan immoo naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam jedhamu irratti yommuu ta'u. Gama yeroon bara mootummaan Hayilasillaassee hoggantoota waldaa Maccaafi Tuulamaa mana hidhaa galche yookin bara Agarii Tulluu qabsoo eegale bara 1959 irraa kaasee hanga ammaatti kan sirbaman irratti kan xiyyeeffateedha.

## 1.6. Hanqina qoranniichaa

Yemmuun qorannoo kana gaggeessaa turetti rakkoowwan adda addaa na quunnamanii jiru. Isaanis:

1. Sababa dhukkba koronaatin hawaasa keessa socho'uun dhabamuu.
2. Odeeffannoo kennuuf od-himtoonni fedhii dhabuu.

3. Sababuma dhibee kanaatin labsii koomandi poostii labsameen namni waan walitti hin qabamneef wanti daawwatamu dhabamuu
4. Dhibee koronaa kanarraa kan ka'e namni natti siiqee odeeffannoo naaf kennuuf fedhii dhabuu
5. Hanqina geejibaafi bajataa.
6. Rakkoo koomand poostiidhaan walqabatee naannoo qorannoon kun itti gaggeeffame jirun odeeffannoo akka barbaaddamutti argachuu dhabuu
7. Waajjirri aadaafi turizimii aanaa Dagam waan  mata duree kanaan walqabatu raga gahaa dhabuu.
8. Mata duree kanaan walqabatee ragaan barreeffamaan jiruufi od-himtoonni kennan iddoo tokko tokkotti gargar ta'uu.
9. sababa rakkoo nageenyaa naannoon qorannoon kun itti gaggeeffame rakkoo hamaaf saaxilamee waan jiruuf akka barbaaddameetti iddoodhaa iddootti socho'anii raga quubsaa argachuun ulfaataa ture. Haata'uu malee tooftaa od-himtoota akka isaan wal irraa siiqanii taa'an goochuun, namoota odeeffannoo kennuuf fedhii dhaban immoo maallaqa herreegun, isaan kaan immoo affeeruun, namoota dubbisuu danda'an immoo xalayaa qorannoo akkan gaggeessuuf naaf kenname itti agarsiisuun, iddoo rakkoon nageenyaa jiru immoo guyyaa gabaa namoota gabaa deeman waliin deemuun odeeffannoo funaannadhee qorannoo kana galmaan ga'een jira.

## 1.7. Ibsa Bakka Qorannichaa

Salaale yookin godinni shawaa kaabaa aanota 12 qabdi. Aanota kanneen keessaa Aanaan Dagam ishee tokko. Aannaan dagam oomisha midhaan garbuufi aannaniin beekamti. Akkasumas goota akka Agariifi Hirkoo Tulluu kan mootummaa abbaa irree boqonnaa dhoowwaa turan kan biqilchiteedha. Aanaa Dagam Bahaan Aanaa Giraar Jaarsoo, Dhihaan Aanaa Kuyyuufi Aannaa Hidhabuu Abootee, Kaaban Naannoo Amaaraa, Kibbaan Aanaa Ada'aa Bargaatin daangeffamtee argamti.Aanaan Dagam magaala finfinnee irraa gara kaabatti km 125 magaalaa fiichee irraa immoo km 16 fagaattee daandii finfinnee irraa gara goojjam deemu irrattii argamti. Aanan Dagam gandoota baadiyyaa 18 fi bulchinsa magaalaa 2,walumaagalatti gandoota 20qabdi. Isaanis: Raasoo Meenyaa, Annoo Dagam, Ilaamuu Effarsoo, Annaa Jiruu Gadaamii, Annaa Jiruu Bishaan Diimoo, Annoo Qarree, Bonayyaa Aframii, Xumanoo Abdii, Leemman Qarree Kooraa,

Leemman Caraaqii, Qundee, Yaayyaa Haroo, Alii Dooroo Aabboo, Leellisaa Alii Dooroo, Illamuu Mikaa'eel, Weebaa Gullallee, Dagamiyyee Saalashiifi Kisaanee. Bulchinsi magaalaa immoo: magaalaa Hambisoofi magaalaa Alii Doorooti.




**Suuraa 1. Kaartaa Aanaa Dagam**

Aanaan Dagam iddoo seena qabeessa kan akka bosona illeenii, holqa abbaa dalagoofi tulluu guddoo jedhaman ofkeessa qabdi. Akkasumas Bal'inni lafa ishee heektaara 67,020 dha. Baddaan 30%, badda daree 38%, gammoojjii 32% dha. Kana keessaa 90% lafa qonnaati. Olka'insi lafa aanichaa1500-3541m dha. Haalli rooba aanichaa waggaatti 900-1400mm dha. Ho'inni xiqqaan 15ċ guddaan 22ċ yommuu ta'u, baayyinni uummata aanichaa akka raga istaatiksii biyyoolessaa bara 1999 ibsutti dhir 59224, dhal 58359 ida'ama 117583 dha. Haallii jiruufi jireenya hawaasaa aanaa kanaa baayinaan qonnaan bulaa yoo waggaatti si'a sadi oomishuudhan beekamu. baayinaan garbuufi baaqela oomishuudhan jiraatu.

Haala Moggaasa maqaa aanaa Dagam ilaalchisee akka ragaan aadaafi turizimii aanaa dagamiifi kitaaba amantaa ortodoksii 'seenaa waliinii' jedhu irraa argametti yaadota lamatu jira. Tokko naannoo jaarraa $16^{ffaa}$ keessa 'Nigist' Illeenii kan jedhamtu iddoo amma bosona 'ileen' jedhamee beekamu gaara ileen irratti mana ijaarrattee jiraachaa yeroo turtetti daawitii dagamaa turte jedhama. Yeroo kana oromoonni naannawa kana jiran "nigist illeeniin maal gooti?" jedhanii

walgaafatan yeroo kana “daawwitii dagamti” jedhanii waliif deebisan. Kana irraa ka’uudhan iddoo kana ‘Dagam’ jedhanii waamuu jalqaban jedhama.

Yaadni lammaffaan immoo bara durii sababa lafa baballifaannaatin sabniifi sabni walitti bu’aa turaniiru. Kanuma irraa ka’uun sabni Oromoofi sabni Amaaraa iddoo kanatti waraana walitti banan, kana keessa sabni Amaaraa saba oromoo waraana muka irraa qarameen waraane, inni tokko immoo “digam digam” jedheen, kana booda oromoonni lola sana keessa turan “namichi kun maal jedhe” jedhanii yoo walgaafatan “dagam dagam” jedhe jedhan. Kanuma irraa ka’uun dagam jedhanii waamuu eegalan jedhama.

Magaalli guddoon Aanaa Dagam ‘Hambisoo’ jedhamti. Haala moggaasa maqaa hambisoo irrattis akka raga aadaafi turizimii aanaa Dagamiifi kitaaba amantaa ortodoksii ‘Seenaa Waliinii’ jedhu irraa argametti yaadota lamatu jira. Yaadni jalqabaa bara dur daldaltoonni gara kibba walloo irraa gara kibbaatti daldalaaf meeshaa isaanii gaangeefi harrootatti fe’atanii osoo deemaa jiranii naannoo amma hambisoo jedhamee beekamu kana irratti aduun itti dhiinaan buluuf dirqaman, iddoon kun immoo gaarren baay’ee olka’odhaan marfamee kan argamuufi baddaa ta’uu isaa irraa kan ka’e baay’ee qorra ture. Kanuma irraa ka’uun daldaltoonni kunniin yemmuu as bulan qorri isaanitti qorrinaan kooraafi ulee qabatanii deeman hunda bobeeffatanii erga fixanii booda qorri sun isaan ajjeese. Kana booda oromoonni naannawa kana jiraatan ‘jaratti qorri asitti hambise’ jedhanii haasa’an. Yeroo keessa gara ‘hambisootti’ jijjiirrame(Xilaahunifi Girmaa 2010:34) .

Yaanni inni lammaffaan immoo sababa waraanaatiin maqaan kun akka moggaafametu himama. Naannoo jaarraa 17$^{ffaa}$ olaantummaa wal irratti gonfachuuf gostiifi gosti yeroo wal waraanaa turan gosti tokko sababa adda addaatiin gosa tokko irratti ka’ee wal waraanaa yeroo turaniidha.sababni moggaasa maqaa magaalaa kanaas walitti bu’insa gosa Bachoofi gosa Hoborii gidduutti tureen walqabata. Gosti Bachoo kun yeroo baay’ee gosa Hoborii weeraree rukutaa ture. Gosni Hoborii jedhamu iddoo yeroo har’aa aanaa kuyyuufi aanaa Dagamitti addaan bahaniidha. Walitti bu’insa kana keessatti nammoonni baay’een ajjeefamaniiru. Baay’inaan kan ajjeefame gosa bachooti jedhama. Kana irraa kan ka’e warri mo’atan “jarattii asitti ishee hambisne” jedhanii daadhatan kanumaan ‘Hambiso’ jedhamee waamamuu eegale (Xilahunifi Girmaa 2010:34-35)

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Ogafaan

Ogafaan ibsituu (calaqqisiistuu) akkasumas,daawwitii aadaafi eenyummaa saba tokkooti. Kunis, kan agarsiisu hawaasni ogafaan isaa beekee akka itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa akka jiru agarsiisa. Kana jechuun ammoo Ogafaan beekuun aadaa beekuu akka ta'eefi aadaa beekuun ammoo jiruufi jireenya dhuunfaafi hawaasaa beekuu akka ta'e adda baasee ibsa. Kanaafuu, ogafaan beekkumsaafi amantaa aadaa hawaasichaa jecha afaanitiin kan dabarsu jechuun ni danda'ama.

Fekade (1991.11) yemmuu ibsu,"Ogafaan afaaniin kan darbu ta'ee,wantoota akka Mammaaksaa, Afseenaa, afwalaloo, hiibboo, durdurii fi kkf of keessatti kan hammatudha" jechuun ibseera. Bu'uuruma kanaan ogafaan miidhagina gonfatee jechootaan qindaa'ee afaaniin kan dhiyaatu ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Kun kan agarsiisu maalummaan ogafaan hayyoota adda addaatiin hiika adda addaa akka qabufi hiika dhaabbataa ta'ee akka hin qabne ibsa.

Ogafaan dubbii afaanitiin yeedaloon itti kennamee yookin osoo hin kennamiin kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaa irratti kan xiyyeeffatuudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumaagalattii ogummaafi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabuudha. Ogumni kun hawaasni bara durii kaasee beekumsaafi muuxannoo kuufachaa ture kan of keessatti hammatuudha. Kunis jireenya hawaasaa keessatti sochii godhamuun bu'aa bahii jireenyaa, muudannoowwan gara garaa, rakkoowwan isaan muudatan, bira darbuudhaaf qabsoo godhamuu keessa uumamaa deema (Hiikaafi Alamituu 2010:74).

Ogafaan firiiwwan fookiloorii keessaa isa tokko ta'ee, saba ykn hawaasa tokko keessatti iddoo olaanaa kan qabuudha. Faayidaalee gurguddoon ogafaanii: afaan barsiisuu, ogummaa afaanii argachuu, aadaa hawaasichaa barsiisuu, ittiin gorsuu, barnoota ittiin barsiisuu,ittiin icciti dabarsuuf, ittiin quuqaa ibsachuuf, ittiin dhimma hawaasichaa ibsuufi kkf kaasuun ni danda'ama. Oromoonis muuxannoo yeroo dheeraaf kuusee itti jiraachaa ture dhalootaa dhalootatti afaaniin daddabarsaa dhufe. Kanaafis madda qaroominaa, falaasama, moggaasaafi hiika jireenyaa akkasumas daawwitii jireenyaa kan ta'e ogafaan daandii godhachuuni. Ogafaan bekkumsa waliigalaa qabatee mul'ata malee akka kan nama dhuunfaatti kan ilaalamuu miti. Ogafaan haala

jiruufi jireenyaa hawaasa Oromoo kan ibsu karaalee hedduuni. Isaanis kanneen akka faaruu, geerrarasaa, weedduu, mammaaksota, jechamoota fi kanneen kana fakkaataniidha. Baroota hedduuf ummanni Oromoo aadaa, safuu, duudhaa, seenaa,bu'uura godhachuudhaan ogafaanitti fayyadama tureera. Ogafaan seenaa, hiibboo, faaruuu, geerrarsa weeduu, kanneen kana fakkaatan ibsuun taateewwaniifi ta'iiwwan uummataa calaqqisiisu.

Finnegan (2012.24) yemmuu ibsitu, "Oral literature is by definition dependent on a performer who formulates it in words on a specific occasion. There is no other way in which it can be relised as literary product" jechuun maalummaa ogafaanii ibsiti. yaada kana irraa kan hubannu ogafaan ogummaa afaanii irratti hundaa'un kan raawwatamuufi daddarbuudha. Kana malees miidhaginni ogummaa kanaa kan irratti hundaa'u dandeettii ogummichaa akka dhalootaaf guddatuuf dirqama fudhatamuudha.

Hiikaafi Alamituu (2010:74), yoo ibsan,"Ogafaan gargaarramee hawaasni eenyummaa ofii beeksisa, dhuftee hidda dhaloota isaa seenessa, waa'ee jireenya waliigalaa irratti falaasama qabu ibsata, aadaafi duudhaa ofii ittiin tursiifata, gaddaafi gammachuu, hawwiifi abdii, jibbaafi jaalalaa,injifachuufi injifatamuu, deeggarsaafi mormii ittiin ibsatu. Kanaafuu ogafaan mankuusa jiruufi jireenyaafi beekumsaati jechuun ni danda'ama"

Uummanni Oromoo aadaawwan ittiin buluufi ittiin hamilee walcimsu akkasumas kan gootummaa ittiin mul'isu keessaa geerrarsaa fi sirbi isaan muraasadha. Aadaa saba Oromoo keessatti gootummaan haala yeroo fi bulchiinsa yeroo sanaarratti hundaa'ee rakkoo jalaa bahuuf gootummaan falmatee rakkicha jalaa ofiifis saba ofiis miliqsuudha.

Walumaagalatti Sabni Oromoo haala jiruufi jireenya isaa keessatti wantoota isa qunnaman kanneen akka muffii, quuqaa, dhiibbaa mirgaa, cunqqursaa, sirna gita bittaa garbummaa uummata Oromoofi Oromiyaa irratti dhufu jala bilisoomsuuf karaa sirbaan, geerrarsaa,jechamaan,cigoo, mammaaksaniifi kkf fayyadamuun namoota gootummaa qaban gootummaa isaanii mirkaneessaa turan. Gootonni Oromoo rakkoolee sirna cunqursaa abbaa irree isaniifi saba isaanii irratti yemmuu fe'amu yookin mirgi isaanii yemmuu dhiibamu callisanii hin teenye gootummaa isaanitiin of irraa fincilaa turan.Ogafaan akaakuu adda addaatu jira. Isaanis durdurii, mammaaksa, hiibboo, afwalaloo kanneen akka sirbaa, geerrarsa,cigoo, faaruuwwan adda addaa, uruursa daa'immaniifi kkf kaasuun ni danda'ama.

### 2.1.1. Afwalaloo

Afwalaloon akaakuu ogafaanii ta’ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan lufu yemmuu ta’u, qabeenyummaan isaas kan hawaasati. Kana malees yeroofi iddoodhaan, akkasumas akkuma dandeettii nama dhiyeessu sanaatiin garaagarummaa mul’isuu danda’a. haa ta’uu malee afwalaloon walitti qabamee barreeffamuu danda’a, garuu ammallee hawaasa keessatti afaaniini dhalootaa dhalootatti daddarbaa waan jiruuf afoolummaan isaa ni hafa jechuu miti (Hiikaafi Alamituu 2010:135).

Afwalaloon gosa afoolaa ta’ee waa’ee waan tokkoo bifa yeedalootin kan himamuudha. Okepwho (1992). yemmuu ibsu, “songs and chants” jedhee afwalaloo moggaase jira. Kana jechuun immoo afwalaloon sirbaa fi yeedaloo dha jechuudha. kana malees afwalaloon walaloo hawaasaa ta’ee kan abbummaa dhuunfaa hinqabne afaaniin kan darbuudha.

Fekade (1991: 10) yoo ibsu, “oral poetry is an enjoyable escape from reality, such as injustice, disasters, poverty etc” jedha. Akka yaada kanaatti afwalaloon wanta dhugaa ta’e tokko irraa suuta suutan kan ba’ee mul’atu kanneen akka dhugaan jallachuu, hongee, beelafi kkf bu’uureeffachuun afaaniin kan walaleeffamu ta’uu isaa kaasee jira. Haaluma kanaan maalummaa afwalaloo Fekade (1991: 86) yoo ibsu,“Afwalaloon dalagaan akkasumas haalli dhiyeenya isaa yeroo hedduu afaaniin kan darbu walaloo uummataati” jechuun ibsa.

uummatni yeroo bara durii kaasee waa’ee gootummaas ta’ee bu’aa bahii jireenyaa afwalaloon ibsataa tureera jechuun nidanda’ma. Dhalli namaa adeemsa jiruuf jireenyaa keessa abba ogummaalee hedduu ta’eera. Ogummaan isaa kunis dur yeroo jabana dhagaatii jalqabee haga ammaatti jijjiirama garagaraa kan mul’isaa jiruudha.Yeroo waliin jiraachuu jalqabee kaasee dhalli namaa ergaasa karaalee garagaraa dabarsataa ture, har’as dabarfachaa jira. Karaalee kanneen keessaa tokko afwalaloodhaan yaada ibsachuudha. Umriin afwalaloo tilmaamatti umrii afaanii waliin walqixa ta’a. Duraan osoo qaroominni hin jiraatiin dura wanti hunduu afaaniin raawwatamaa ture. Ogummaa, beekumsaafi falaasamni dhala namaa hunduu dhaloota irraa dhalootatti kan darbaa ture afaaniini jechuudha.

### 2.1.2. Akaakuu afwalaloo oromoo

Qabiyyeefi ergaa isaan dabarsan irratti hundaa'uun haayyonni afwalaloo iddoo adda addaatti qoodu.

#### 2.1.2.1. Afwalaloo Gammachiisaafi Deeggarumsaa (Poetry and Patronage)

Sirbi deeggarsaa uummanni yookin namni dhuunfaan qaama jaalatu tokko jaalachuu isaa bifa sirbaatiin deeggarsa qabuuf karaa ittiin ibsaniif jechuudha. Keesumattuu sirbi deeggarsaa kun yoomessa keessatti sirbamuu qaba. Kana jechuun uummanni yookin namni dhuunfan tokko ifaan ifatti deeggarsa isaa ibsachuuf sodaan siyaasaa, aadaa,safuu,yoo jirate sirbatti fayyadamuun ibsachuu danda'a.

Finnagan (2012:84) yemmuu ibsitu,"Poets were attached to the courts of powerful kings, to the retinues of nobles or lesser chiefs, and to all those who had pretensions to honour and thus to poetic celebration in their society" akka yaada kanaatti sirbi deeggarsaa namoonni aangoo gadi aanaa qaban deeggarsa yookin kabaja mootota aangoo olaanaa qabaniif qaban kan ittiin ibsataniidha. Kana malees walaleessan yemmuu walaleessu kabajamuu mootota aangoo olaanaa qabaniin walqabsiisee akka walaleessu hubanna. Anis yaaduma kana deeggaruudhan afrikaa keessaa weellistoota oromoo baay'ee biratti aangawoota olaanoo faarsuun, deeggaruun, abbootii qabeenyaa jajuunii maallaqa argachuun ni mul'ata

#### 2.1.2.2. Afwalaloo jajumsaa (Panegyric Poetry)

Kunis, afwalaloo waa'e abbootii aangoo leellisuuf kan fayyaduufi Afrikaa keessatti baay'ee beekamaa kan ta'eedha. Akkasumas, afwalaloon kun waa'ee jabina/cimina/ namoota hirmaannaa dirree loolaa keessatti qabanii ykn adamoo (hunting) keessatti gootummaa mul'isan ilaalchisuun kan dhiyaatudha. Kanaaf afwalaloon jajuu kan mootonni yookin namoonni gareedhanis ta'ee, namoonni dhuunfaadhaan waan adda addaa uummataaf hojjetan ittiin dinqisiifatamaniidha. Kana malees namoonni waraanaa deemanii injifatanii galan, akkasumas adamoo deemanii Leenca, Arba, Gafarsa,yeeyyiifi kkf ajjeesanii galanii kan ittiin faarfatan /weeddisaniidha.

Finnagan (2012:112) yemmuu ibsitu,"It is true that praises (including self-praises) also occur among non-centralized peoples, particularly those who lay stress on the significance of personal achievement in war or hunting" Akka yaada kanaatti faaruun jajuu kun ulfina mataa ofis kan ittiin ibsatan ta'ee akkasumas namoota dadhabbii guddaa keessa darbanii waranaa deemanii

injifatanii fi adamoo deemanii ajjeesanii galaniif kan sirbamu, garuu kan uummata hundaaf hin sirbamne ta’uu isaa addeessiti. Afwalaloon jejumsaa/leellisuu/ kun uummata oromoo birattis namoota waan adda addaa hojjetanii beekkamaniif bifa jajuutin dhiyaata.

### 2.1.2.3. Afwalaloo Boo’ichaa /Elegiac Poetry)

Finnagan (2012:146) yoo ibsitu,”The occasions for these laments differ from people to people. Often dirges are sung round the corpse (or round the house in which the corpse lies) while it is being prepared for burial.” Akka yaada kanaatti haalli nama du’eef itti boo’an ummaataa uummatatti adda addaa. Haa ta’uu malee haalli bo’icha sirna awwaalchaa naannoo awwaalatti taasifamu akka jiru ibsiti.

Akka hayyuun kun jettutti, walaloon gaddaa kun Afrikaa keessatti haala walfakkaatuun ibsama. Kunis unki (form) gadda sanaa garaa gara yoo ta’ellee haalli isaan bakka hundatti afwalaloon ibsatan haala walfakkaatuun mul’ata jetti. Walumaagalatti faaruun gaddaa waarra Akan (Akan funeral dirges),qabiyyeefi ergaa isaa (content and themes),caasaa isaa (structure),mala isaa (style),madda isaa (delivery),bakka itti hojiirra oolufi tajaajila boo’ichi akka afoolaatti qabu (occasions and functions of the dirges as alitrature) kanneen jedhanidha.Faaruu boo’ichaa/elegic poetry/ yemmuu namni du’u kan namoonni namni jalaa du’e, hiriyoonni nama du’ee,firoonni fi aantewwan namicha du’e bifa boo’ichaan kan sirbaniidha. Garuu sirbi boo’ichaa kun naannoodhaa naannotti garaagarummaa qabaachuu danda’a. naannoo tokko tokkotti hiriyoonni nama du’ee wal filanii sirbuuf. Naannoo tokko tokkotti immoo harkaan laphee rukutachuun sirbuuf, naannoo biraatti immoo fardaan garmaamaa sirbuuf.

Asafaa (2015:240) yoo ibsu “Death occasions involve various folklore genres and ritual practices; beliefs about death ease relations between the spheres of the living and the dead.” Akka yaada kanaatti yeroo namnii du’u gochawwan aadaa baay’etu raawwatama. Gochi kun immoo kan raawwtamu namni tokko erga du’ee jireenya gaarii waaqa biratti akka argatuu amanuun kan taasifamuu akka ta’e hubachiisa. Afwalaloon boo’ichaa akkuma uummata biyyoota afrikaa garagaraa uummata oromoo birattis yeroo namni du’e firoonni, hiriyoonnifi maatin nama du’e sanaa sagalee mararteetiin yeedaleessaa bifa faaruutiin boo’uuf

### 2.1.2.4. Afwalaloo Amantii (Religious Poetry)

Addunyaa kana irratti amantaawwan adda addaatu jiru, isaan hunduu akkaataa ittiin rabbi kadhataniifi dambii ittiin bulmaataa mataa isaanii qabu. Akkaataa waaqa ittin kadhatan keessaa tokko faaruu isa tokko. Faaruun kun immoo yemmuu faarfatamu rabbiif galata galchuu, rabbiin jajachuu,cubbuu himachuu, waan barbaadan ittiin kadhachuu,gammachuu ofii ittiin ibsachuufi kkf kan faarfatamu.

Finnagan (2012:166) yoo ibsitu,"There are hymns, prayers, praises, possession songs, and oracular poetry, all with their varying conventions, content, and function in different cultures." Akka yaada kanaatti faarfannaa/sirba amantaa adda addaatu jira. Kanneen faaruu hafuuraa,faaruu kadhanna,faaruu galataafi faaruu ilmummafi abbummaa waaqaa agarsiisantu jira. Faaruun kunneen hundinuu qabiyyee adda addaa, fudhatamummaa garagaraafi aadaa garagaraa keessatti akka dhiyaatan ibsiti.

Afwalaloon amantii Afrikaa kesessatti garaagarummaa guddaa qaba jechuun ibsiti, Isaanis: faaruu(hymns), kadhannaa(prayers), galateeffannaa(praises), farfannaa dhuunfaa (possession) fiw.k.f.akka ta'e lafa keessi. afwalaloo amantii ilaalchisuun ulaagaalee ittiin afwalaloo amantii addaan baasnu ibsitee jirti. Isaanis: qabiyyeen afwalalichaa waa'ee dhima amantiifi gocha dhugeeffannaa waaqaa ykn ajaja waa'ee amantii of keessaa qabudha. Akka abbootii amantiitti afwalaloo amantii sammuutti qabachuun kan ibsufi yeroo dhimmi amantii sun raawwatamu kanneen dhimma sana galmaan gahaniidha.

Akka uummata oromootti afwalaloon amantaa gosoota amantaa adda addaa keessatti bifa adda addaatiin dhiyaata. Uummanni oromoo yeroo dhiyoo asitti amantaalee garaagaraa fudhatee jira. Haa ta'uu malee amantaa jalqabaa uummata oromoo kan ta'e gama waaqeffannaatin yemmuu ilaalamu uummanni oromoo akkas jechuun waaqa faarsa:

*Nagumaan oltanii,nagumaan bultanii*
*Oltaniin nicaala bultaniin itti aanaa*
*Yaawaaq situ caala*
*Yaawaaq situ caala Hundumaarra*
*Roobdee biqilchitaa jeejee dhidhimsataa*
*Midhaan magarsitaa, namaa dabarsitaa*
*Tikeen loonii galte mootiin,nagaa bira*
*Abbaa fooniif nabsi keeti nagaa duraa*

*Sin abdadhaa bula*
*Tokkoffaan nagaadhaa, qacceen lagaa tiksaa*
*Tokkoffaan sagadaa, kan keen jalaa baasaa*
*Samiirra teessa amma jettu geessa*
*Afaan saba hundaa walitti dhaggeessaa*
*Nama si gabbaree biddeen afaan keessaa*
*Gangoo gubbaa keessaa*
*Gooftaatu obboleessa*
*Na uumteeta gooftaa hudumaa naf laattaa*
*Akkan kufee hin cabneef dhaabata naaf taataa*
***Maddi: Cora Aadaa 182***

### 2.1.2.5.Afwalaloo adamoo, waraanaafi hojii (Special-Purpose Poetry, Hunting,War& Work)

Afwalaloo tokko tokko Afrikaa keessatti barbaachisummaan isaanii adda bahee ilaalama. Walaloowwan kunis, dhimma irratti dhiyaatan gadi fageenyaan ibsuuf gargaaru. Afwalaloowwan kunis kan tokko isaan taasisu kanneen akka icciitii hawaasaa (with secret societies), walfakkeessuu (associations), kaka'umsaa (initiation), kadhannaa (begging), waanta dhugaa fakkaatu garuu kan dhugaa hin taanee, sirba beekamoo, faaruu looniifi k.k.f. of keessatti hammata. Garuu,dhimmi waraanaafi adamoo gareewwan hawaasa Afrikaa muraasa keessatti iddoo olaanaan kennamaaf jechuun ibsitee jirti. Kanaan walqabsiisuun, hawaasa Oromoo keessatti afwalaloon adamoofi waraanaa beekamaa akka taa'e kaasteetti.

Afwalaloon kun uummata oromoo biratti haala adda addaatiin walaleeffama. isaanis yeroo namoonnii adamoo deemanii ajjeesanii galan, yeroo namoonni waraana deemanii ajjeesanii mo'atanii galan, yeroo hojiidhaaf namoonnni jigii waliif dhufan, akkasumas namoonni onnee guutudhaan akka waraana deeman kakaasuuf kan walaleeffamuudha

### 2.1.2.6. Afwalaloo quuqqaa (Lyric Poetry)

afwalaloon quuqqaa waan namatti dhagahamu yookin waan ifaan ifatti dubbachuun nama sodaachisu karaa ittiin ibsataaniidha. Kana malees karaa ittiin waan namatti dhagahame uummata ofitti himataniidha. Yaduma kana Finnagan (2012) yemmuu ibsitu: yeroo afwalaloon sun itti dhiyaatu (occassoins), dhimmoota afwalaloo sana keessatti dhiyaatan (subject matter), unka afwalaloo sanaa(form)fi waanta afwalaloon sun of keessatti hammatu(compotion)dha.kana malees afwalaloo kun saabsahaaraa Afrikaa keessatti baay'e beekamaadha akka ta'eefi, Kunis, amala muuziqaa kan of kessatti qabatu ta'ee, mararoon akka sirbamu lafa keessi.

Finnagan (2012:236) yemmuu ibsitu,"The lyric songs discussed here are for more informal occasions. Whereas much other poetry depends on a specialist and even esoteric tradition, these involve popular participation." Akka yaada kanaatti sirbi quuqqaa haala ifa hin taaneen yookin haala dhokataa ta'eenkan dhiyaatu ta'ee walaleessaan sirba sanaa haala adda ta'een walaleessuun karaa ittiin uummata kakaasudha jechuun ibsiti. Afwalaloon quuqqaa garaa ofii ittiin ibsatan kun uummanni oromootis haala adda addaatiin dhimma itti bahu. uummanni oromoo salaalee yeroo roorroon sirna garboofataan isaan irra gahe afwalalootti fayyadamuun akkas jechuun quuqqaa garaa isaa ibsachaa ture.

### 2.1.2.7. Sirboota Siyaasaa (Topical & Politcla Songs)

Sirbi siyaasa keessatti ittiin ummata kakaasuf, dhiibbaa mootummaan yookin gareen siyaasa of harkaa qabu uummata irraan ga'u ittiin barsiisuuf ga'ee guddaa taphata. Yaaduma kana Finnagan (2012:266) yoo ibsitu "Songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda, and to reflect and mould public opinion." Jetti. Akka yaada kanaatti sirbi dhiibbaa siyaasaa keessatti ittiin qeequufi ittiin ibsuuf akkasumas odeeffannoo itti dabarsuufi yaada uummataa ittiin ibsuuf ga'ee guddaa akka qabu irraa hubanna. Kana malees yeroo durii qofa osoo hin taane hanga yeroo ammayyaa kanatti sirbatti fayyadamuun siyaasa keessatti bal'inaan mul'ata. Keessumattuu siyaasa paartii sabaan hunda'uu keessatti sirba siyaasatiin ilaalcha uummataa jijjiiruu, miidhaa saba isaanii irra gahaa jiru ittiin yaadachiisuuf akkasumas uummata ittiin kakaasuuf ga'ee guddaa taphata.

Faaruu namoota sadarkaa olaanaarra jiraniif dhiyaatufi hawaasa naannoof dhiyaatu (topical and local poetry)fi faruu gareewwan siyaasaafi sochii isaanii(songs of political parties and movements)dha. Afwalaloon kunis, dhimma yeroo iratti hundaa'uun dhiyaata. Innis, dhiibbaa siyaasaa gochuuf, holola ittiin gageessuufi yaada uummataa kallatti tokkoon bocuuf kan itti gargaaramanii akka ta'e ibsiti.

Finnagan.(2012:266) ,yoo ibsitu "political songs directly associated with modern political parties and national politics did not antedate the founding of such organizations and their relevance in the contemporary political scene."Akka yaada kanaatti sirbi siyaasaa siyaasa ammayyaa keessatti illee akka wanta yaraatti osoo hin taane akka dhaabbataatti akka tajaajilaa jiru ibsiti. Gama uummata oromoonis yemmuu ilaallamu sirbi siyaasaa quuqqaa garaa ofii ittiin ibsachuuf, miidhaa gama siyaasan uummatarra ga'aa jiru ittiin mul'isuuf, uummata miidhamaa jiru ittiin

dammaqsuuf, mirga namootaa sarbamaa jiru ittiin beeksisuufi kkf. Ittiin agarsiisuuf kan sirbamuudha

#### 2.1.2.8. Faaruu Uruursa Daa'immanii (Children Songs And Rhyme)

Afwalaloo kana jalatti immoo dhimoonni ibsaman kanneen akka uruursaafi kunuunsa ijoollee (lullabies and nursery rhymes)fi taphaafi faaruu ijoollee (children's games and verses)dha. Afrikaa keessatti urursi ijoollee hawaasaan qophaa'ee kan jiru yoo ta'ellee ijoolleef kan dhiyaatu karaa warra ga'eessotaa ta'uu isaati. Inni biroon ammoo taphniifi faaruun ijoollee ga'eessotaan erga taphatamee booda ijoolleen dhuunfaa isaaniin shaakaluun akka kan dhuunfaasaanii godhatan taasifamuu isaati. Inni dhumaa ammoo, urursa ijoollee keessatti haala harmooliin osoo itti hin yaadiin hawaasa keessatti miira isaanii daa'imaaf ibsan bu'uureffachuu isaa ibsitee jirti. Afrikaa keessaa immoo akka uummata oromoo salaaleettii faaruun uruursa daa'immanii karaa harmooliifi ijoollee shamarranii umurii giddugaleessaan dhiyaata

Afwalaloo Afrikaa keessaa, haala ittiin dhiyaatu, qabiyyeefi ergaa isaa irratti hundaa'uun akka yaada kiyyaatti afwalaloon uummata oromoo iddoo adda addaatti qoodamuu danda'a. Isaanis: afwalaloo fuudha fi heerumaa, sirba siyaasaa, sirba jaalalaa, faaruu gootaa, faaruu boo'ichaa, faaruu jajuumsa moototaa, geerarsa gootaa, geerarsa ajjeesaa, geerarsa boo'ichaa, geerarsa sodaattuu ittiin qeeqan, sirba asmaarii, sirba shoboxee, sirba dhiichisaa, faaruu amantaa, eebba, dhaadannoo, geelloo, hiiqaskoommee, kumkummee, shaggooyyee,tirriifi kkf ta'uu danda'u. akaakuu afwalaloo ummata oromoo salaalee Asafaa (2015) iddoo garagaraatti qooduun ibsee jira. Isaanis:

> *Faarsa: commemorative songs, political song, Geerarsa: praise or historical song, protest song mainly sung by men. Asmaarii: historical songs (minstrels/bard). Shoboxe/Ragada: Boys and girls line up facing each other and perform, i.e. sing and dance love songs and songs of social critique and resistance. Dhiichisa/Ragada: Men hold sticks and sing songs of various contents and genres and dance in circle. In this genre the contents of the songs include heroic and commemorative, historical, and love songs, which have no exclusive genres and specific context. In any non-religious context, where dhiichisa is (or is not) performed, those songs are sung. Gurroole: wedding songs sung by best-men returning home with the bride and the groom. Shinoote: nuptial song sung only by young women. Sherere: songs sung at night by neighbors gather to hearten someone engaged in a serious family business wedding, building a house, etc (Asafaa 2015:206).*

Akka yaada kanaatti afwalaloowwan qabiyyeefi ergaa isaanii irratti hundaa'uun iddoo adda addaatti qoodamuu. Isaanis:

Faarsaa: faaruu kabajaa yookin ittiin kan jejan, sirba siyaasaa: sirba quuqqaa garaa ofii iittiin ibsatan, geerrarsa: galateeffachuuf yookin seenaa darbe ittiin yaadachiisuuf, sirba diddaa: baayinaan kan dhiironni sirban, sirba asmaarii/afoolee/: sirba seenessoo, sirba shoboxee: sirba dhiironniifi shamarran gamaafi gamana dhaabbachuun fuula fuulan walitti sirbaniidha, sirba dhiichisaa: sirba dhiironni ulee qabatanii geengoo uumanii lafa dhiitaa sirbaniidha, sirba gurroolee: sirba cidhaa kan yeroo misirroon fuudhee galu sirbamuudha, shinootee:sirba cidhaa kan ijoolleen durbaa qofti sirbaniidha, sirba shereree:sirba galgala warrii olla warra cidhaa jajjabeessuuf sirbanidha jechuun ibsa.

> *Foollee: Only young men perform this genre. The content may be heroic and historical songs.Urursa (Ushururu): cradle song or lullaby. Its content can vary from purely praising the child, the mother or siblings or close kin to political, grievance and other topical issues.Jeekkara/Dalaga: religious songs performed only by men and guided by a man, Abbaa Galmaa on Wadaaja or at deity worship shrine. Naanee: pastoral song. Sirba daboo: Work Songs. This genre is broad and gender-based like the gender-based division of labor in the society. Boochisa: funeral song, Weedduu (-jaalalaa): love songs, Danfa: declamatory songs,Sirba adamoo (ajjeessaa): hunting songs, Faaruu Hoodaa: gnostic songs, Faaruu Uumaa: worshiping God (songs of Waaqa, God), ritual songs (on river banks, e.g. Irreecha; hilltops,tree coronations) Faaruu Dachee: worshiping Earth as a green-handed deity(*Asafaa 2015:206*).*

Akka yaada kanaatti sirbi foollee: sirba dargagoonni dhiira ta'an qofti sirbaaniidha, uruursaa: faaruu daa'imman ittiin sossoban yookin sirba guyyaa dhaloota daa'immanii sirbamuudha, jeekkara: faaruu amantaa kan dhiironni qofti faarsan kan abbaa galmaa wadaajatiin hoogganamudha, naanee: sirba tikseen loonii sirbitu, sirba daboo: sirba yeroo jigii sirbamu ta'ee qabiyyee bal'aa kan ofkeessaa qabuudha, boochisaa: faaruu yeroo sirni awwaalchaa raawwatamu sirbamuudha, weedduu jaalalaa: sirba jaalalaati, danfa: jechoota ciccimoo fayyadamuun waljalaa qabuun kan sirbamuudha, sirba adamoo: namoota adamoo deemanii ajjeesanii galaniif kan sirbamuudha, faaruu hoodaa: faaruu lagannaa ibsudha, faaruu uumaa:faaruu galateeffannaa waaqati, faaruu dachee: faaruu dachee ittiin jajan yookin ittiin komatanidha.

Qabiyyee afwalaloorratti hundaauun Fedhasaa (2013:49) bakka torbatti qooda. Isaaniis: "Geerrarsa, Weedduu, sirba, faaruu eebba, gumgummiifi tabaallii" jechuun qooda. Tafariin (2005:182) immoo bakka saddeetitti qooda.Isaaniis,"afwalaloo jaalalaa,afwalaloo geerrarsaa,

afwalaloo hojii, afwalaloo amantaa, afwalaloo jilaa, afwalaloo fottoo, afwalaloo mirrisaafi afwalaloo nama du'eef weeddifaman" jechuun qooda.

#### 2.1.2.9. Dhaadannoo gootummaa

Dhaadannoon bifa hoolololoofi walalootiin kan dhiyaachuu danda'u ta'ee, dhaadannoon gootummaadhaan, onnattummaadhaanfi xiiqiidhaan kan guutameedha. Asafaa 2015:206 yoo ibsu ''*Danfa: declamatory songs''* akka yaada kanaatti danfa yookin dhaadannaan sirba sagalee ciccimoo yookin ergaa gurguddaa dabarsu akka ta'e kaasa. kanaaf namni tokko hawaasa keessatti yookaan ammoo gareen tokko hawaasa keessatti quuqaa qabaachuu ni danda'a. Bakka yookaan wanta barbaade yookaan wanta hawwee dhabe yookaan wanta jibbe tokko ofirraa ittisuuf /of irraa hambisuuf/ yookan ofirraa kaasuuf wanti isa ittise yoo jiraate keessa isaatti itti dhaga'amee, yaadda'ee, gaddee, roorroo dadhabee, hacuccaa baachuu jibbee (dadhabee) miira onnattummaatiin xiiqii keessa galee, haala jiruufi jireenyaa keessatti hadhaa jireenya gadadoofi gadaantummaa, cunqursaa sabaafi dhuunfaa jalaa bahuuf bifa jagnummaafi gootummaan guuttameen kan dhaadatamuudha.

Haala kanaan dhaadannoon adeemsota, haalota, gochoota, ilaalchota fedhii yookaan hawwii, hojii faayidaa hawaasaa tokkoorraa hawaasa biroo wajjiin qabaniifi kkf haala jiruufi jireenyaa keessatti mul'atan walbira qabuun dhiibbaan mirgaafi hacuuccaa yoo raawwate haala raawwii kana irraa ka'uun ofirraa finciluuf murannoofi kutannoon dhadachuun diinarratti bobba'uudhaan gootummaa isaanitiin lolanii injifannoodhaan dhaadatanii galuudhaan ofirraa ittisu.Kana keessatti gareen daadhannoodhaan onnachiisu jiraannaan caalaatti gootummaan olka'anii diinarratti injifannoofi olaantummaa argachaa deemuudhaan biyya isaanii, uummata isaanii, lafa isaanii, duudhaa isaanii, safuu isaanii, seenaa isaanii, aadaa isaanii, jiruufi jireenya isaanii keessatti haara galfannaa, akkasumas misooma isaaniifi walumaagalatti bilisummaa isaanii mirkaneessanii dhaadannoodhaan gara biyyaafi maatii isaanii deebi'u.

#### 2.1.2.10. Geerrarsa

Geerrarsi afwalaloo Oromoo keessaa isa tokko yoo ta'u bakki inni itti geerraramu baayyeedha. Isaanis: lafa daboo, iddoo cidhaa yookiin iddoo waamichatti geerraramuu ni danda'a. Geerrarsi sababa adda addaaf geerraramuu nidanda'a. Dhageettii keessoo isaanii,aartii,gaddaafi gammachuu qaban ittiin baafatu. kana malees, tokko ajjeesee geerrara, kaan ammoo yaalee

waan milkaa’uu dhabeef aariin geerrara. Tokko qabeenyaan yoo geerraru, kaan ammoo dhabee deegarratti geerrara. Kanaafuu,gerrarsi dhimma adda addaaf geerrarama jechuudha.

Addisuu (1994:59) yoo ibsu “The verbal art of Geerarsa is the treasury of the national literature of the Oromo people. A type of folksong,' its name is the noun form derived from the imperative geerar, which means "Sing!" Creating and recreating on the basis of themes, phrases, and stamas available in the Geemrsa”. Akka yaada kanaatti geerrarsi oguma uummata oromoo keessaa tokko ta’ee bifa afwalalootiin kan dhiyaatudha. Jechi geerarsa jedhu jecha geerar jedhu irraa kan dhufe yoo ta’u kana jechuun immoo sirbuu jechuudha.

Addisuu (1994:59) yoo ibsu ”Geerarsa, concentrates on the Oromo struggle for the right to self-determination, including independence from the current occupation of Oromiya, land of the Oromo, by yet another group of Abyssinian Ethiopian” jedha. Akka yaada kanaatti geerrarsi qabsoo uummanni oromoo mormii mootota abisiiniyaa wajjiin dhimma ofiin of bulchuu akkasumas murtee ofii murteeffachuu gochaa ture keessatti baay’inaan akka itti fayyadamaa ture ibsa.

> *Geerarsa is an overarching folksong genre which includes historical songs, praise songs, commemorative/heroic songs, hunting songs, and caravan songs, and songs of quuqqaa, grievance.It is sung as a solo in a high-pitched stylized manner, interspersed with contributions from a group of cheerleaders, supporters who sing a sub-genre called cooka to help the performer to pause and sing once again or to conclude the song with a declamation (*Asafaa 2015:231*)*

Akka yaada kanaatti geerrarsi gosa sirbaa keessaa qabiyyee bal’aa kan qabu, kanneen akka sirba seenaa, sirba galateeffannaa, sirba gootaa,sirba adamoo, sirba deemsafi sirba quuqqaa kan of keessatti qabatuudha. Kana malees geerarsi haalli dhiaannaa isaa nama dhuunfaadhaan kan dhiyaatu ta’ee gartuudhan immoo kan jalaa qabamu yookin bifa danfuutin kan goolabamu ta’uu isaa addeessa.

Misgaanuu (2013:9) yoo ibsu,”Geerarsi afwalaloo hawaasa Oromoo biratti balinaan beekaman keessaa tokko ta’ee, miira uummataa sochoosuuf humna kan qabu, dabalees geerarsi Oromoo bakka garaa garaatti ni geerarama. Lafa jigiitti, iddoo cidhaatti, bakka tikaattifi halkan ittiin waarifachuuf geeraramuu ni danda’a.”jechuun ibsa.

#### 2.1.2.11. Geerarsa Gootummaa

*Geerrarsi afoola keessaa isa tokkoofi goota faarsuuf kan ummanni dhimma itti bahuudha. Kana jechuun oromoon wanti inni geerrasaan hin ibsine hin jiru. Geerrarsi bifa walaloon kan dhiyaatuufi kan qalbii namaa raasu, Kan nama kakaasu, kan waa'ee ajjeechaa hin yaadne illee gara duulaatti kan harkisu yoo ta'u, geerarsawwan hedduun baroota dheeraaf akka barreeffamee dhaloota itti aanuuf hin dabarre dhoorkamuu qofa osoo hin taane waarri amma tokko beekaniiyyuu akka dagataman godhamanii turan (*Misgaanuu2011:73).

Hiikaafi Alamituu (2010:135). yemmuu ibsan afwalaloo keessatti walaloon geerarsaa hawaasa oromoo keessatti baay'ee jaalatamaafi beekamadha. Keessattu duratti abbootiin gootota ittiin kakaasuuf, faarsuuf, cimsuuf, gadhee ittiin qeequuf ,walumaagalatti gootummaa hawaasichaa ittiineeganii tursiisuuf itti fayyadamaa turaniiru.

Cerulli (1922:100) yoo ibsu,"gerarsa is a poetic expression through which Oromo Warriors are celebrated by recalling their ancestors and praising their kin on both their fathers and mothers side,where as farsa is a raising song by individual warrior" Yaadni kun kan ibsu kan hawaasni Oromoo gootota abboota isaanii, firoota isaanii karaa abbaafi kan karaa haadhaa isaanii waraana deemanii waraanaa turan maqaa isaanii olkaasanii waamuudhaan gootummaa isaanii ittiin jajuuf, ittiin faarsuufi ittiin kabajuuf geerrarsi faayidaa akka qabu ibsa.

Geerrarsi dhimmoota akka roorroo, gootummaa, dhaadannoofi kkf ibsachuuf kan hawaasni Oromoo itti fayyadamuudha. Yaada kanaan walqasiisuun Asafaan (2004:84) Cerulli (1922) wabeeffachuun akkana jedha. "Gerarsa as a genre is usually identified as a collective noun encompassing the Oromoo oral poetry of hunting, war and historical and political events". Yaadni walii gala kun kan ibsu geerrarsi maqaa waliinii afwalaloowwan dhimmoota akka adamoo, lolaa, seenaafi siyaasaa keessatti faayidaa guddaa akka qabu ibsa.

Asafaa(2004) yoo ibsu"Geerrarsi meeshaa Oromootni bu'aa bahii jireenyaafi diddaa gabrummaa ibsuuf, akkasumas booree baafachuuf dhimma itti bahamudha" jechuun addeesseera.

#### 2.1.2.12. Sirba

Jechi "sirba" jedhu kun sochii qaamaa akka ta'eetti beekkamuu danda'a. Haa ta'uu malee, sochii qaamaa osoo hintaane walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan dhugoomuudha.

Sochiin qaamaa garuu sirba osoo hin taane maqaa ittiin beekkamu qaba. Innis, hurruubbii jedhama.

Sirbi amala muuziqaa qabaachuun beekama. Dabalees sochii qaamaa dhaggeeffattoonni irratti hirmaataniin tumsama. Kan hunda caalaa adda isa taasisu garuu, sochii qaamaa hirmaattonni mul'isaniifi meeshaalee muuziqaan marfamuu isaati. Ergaaleen sirbaafi jechamootaa hedduudha. Yaada kana Sirbi wantoota lama of keessaa qaba.Isaanis walaloo isa gara gurra namaa dhufuun dhaggeeffatamuufi jechaan darbu; sochii qaamaa walaloo weeddifamu waliin deemudha. Sochiin kunis mormaan, miilaan, karka ykn qaama hundaan ta'uu danda'a. Gabaabumatti sirbi gochaafi jechaan dhalootaaf darba (Fedhasaa 2001:7).

Egaa sirbi walaloo yeedaloon weelliifamu yemmuu ta'u, sochiin qaamaa immoo hurruubbii yeedaloo sanaa wajjiin deemudha. Kanaafuu sirbi hurruubbiin walqabata jechuudha. Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa'uun gosoota adda addaatti qoodama. Gosti kunniinis: Sirba jaalalaa, sirba cidhaa, sirba hojii, sirba gootaa faarsuu, sirba jibba cunqursaa ittiin balaaleffataniifi kkf dha. Qoqqooddiin kunis, waan inni sirbamuuf irratti bu'uuruun raawwatama. Kunis, dhimma jedhamuuf sanaan walqabachuun waltajjii sirbamuun dhugooma. Kana malees, sirbootni kun yoomessa keessatti sirbamanis niqabu jechuudha.

Misgaanuun (2011:70) Encyclopidia Britanica (1993, vol.11) wabeeffachuun yemmuu ibsu "Song can have one of the types of these: Song and folk song" jechuun addeessera. Akka yaada kanatti sirbi iddoo gurguddoo lamatti qoodamuu isaati. Isaanis, sirba aadaafi sirba ammayyaa akka ta'aniidha. Haata'uu malee akka yaada kiyyaatti sirbi aadaa kunis, ergaafi qabiyyee isaarratti hundaa'uun gosa heddutti qoodamuu ni danda'a. Isaanis, sirba dachee, sirba jaalalaa, sirba abbaa, sirba haadhaa, sirba hiriyaa, sirba biyyaa, sirba roorroo, sirba siyaasaa jechuun qoqqooduu ni danda'ama. sirbi kun gareedhaanis ta'ee dhuunfaadhaan ni sirbama.

> *Folksongs are one of the oldest and most prevalent forms of folklore. Many scholars use the term folk music and folksong interchangeably to refer to songs of traditional origin. 'folksongs' and 'folk music', are used to refer to the same thing. The term, "folksong" covers a vast array of musical styles, but is most commonly used to refer to a narrative song that uses traditional melodies to speak on a particular topic. Often, topical folksongs address social and political issues such as work, war, popular opinion such as love and philosophical ideas (*Ahmed 2010:17*)*

Akka yaada kanaatti afwalaloon akaakuwwan fookiloorii keessaa qabiyyee bal'aafi umurii dheeraa kan qabuudha. Haayyonni baayeen sirboota aadaatiin muuziqaa hawaasaa yookin afwalaloo jechuun fayyadamu. Kanaafuu muuziqaan hawaasaa fi afwalaaloon wantoota tokko irratti xiyyeeffatu jechuudha. Akkasumas afwalaloon meshaa bifa muuziqaatiin dhiyaatu, garuu akkuma waliigalaatti kan irratti xiyyeeffatu sirboota seenessoo qabiyyee addaa qaban sagalee uumamaatti fayyadamuun kan sirbamuudha.Yeroo baay'ee qabiyyeen afwalaloon dhimma hawaasummaa fi dhimma siyaasaa kanneen akka hojii, waraana,yaada uummataa, jaalalafi falaasama hawaasaa ibsuu akka ta'e isee jira.

Bohlman (1988:xii) yoo ibsu,"folk music's ability to express the most profound of human values" jedha. Akka yaada Kanaatti immoo muuziqaan hawaasaa dandeettii duudhaa hawaasni tokko qabu gadifageenyaan dandeettii baasee mul'isuu qaba jechuun ibsa.

> *Folk music as the product of a musical tradition that has evolved through the process of oral transmission. The factors that shape the tradition are: (1) continuity which links the present with the past; (2) variation which springs from the creative impulse of the individual or the group; and (3) selection by the community which determines the form or forms in which the music survivesLloyd (1967:15).*

Akka yaada kanaatti afwalaloon sirba durii ta'ee afaaniin kan daddarbuudha. Ibsituun isaas tokkoffaan wantoota dur irraa jalqabee hanga ammaatti jiru walitti hidhuu isaati. Lammaffaan baayinaan dandeetti kalaqa nama dhuunfaa yookin gareetin ba'ee mul'ata. Sadaffaan immoo tajaajilli sirbaa uummataan filamee uummataan murtaa'uu isaati. jechuun hubachiisa.

Lawless (1960:4) yoo ibsu, "folk music or folksong as all inclusive, covering many varieties of music of the common people". Akka yaada kanaatti immoo sirbi aadaa yookin muuziqaan aadaa wanta adda addaa kan uummanni waliin qabu hunda kan ofkeessatti hammatu ta'uu isaa ibsa.

Rhodes (1966:18) yoo ibsu, "Folk music could be defined by its sociological function because it is a kind of social behavior. it can reveal a great deal regarding the interests, thinking and feeling of the people" yaada kana irraa immoo wanti hubatamu sirbi hojii hawaasummaa keessatti qabuun ibsama. sababani isaas amala hawaasummaa waan qabuuf, akkasumas fedhii, yaadafi miira uummataa irratti waan xiyyeeffatuufi.

> *Folksong is a body of poetry and music which has come into existence without the influence of conscious art, as a spontaneous utterance, filled with characteristic expressions reflecting the feelings of a people. Such songs are marked by certain peculiarities of rhythm, form and melody which are traceable, more or less clearly, to racial (or national) temperament, modes of life, climatic and political conditions, geographical, environment and language (Krehbiel, 2010:2).*

Akka yaada kanaatti sirbi bifa walaloofi muuziqaatiin kan dhiyaatu ta’ee, dhiibbaa aartii malee dubbii akka tasaa dubbatamuun kan umaamefi kan uummanni fedhii isaa ittiin guuttatuufi miira isatti dhaga’ame ittiin ibsatuudha. sirboonni baay’een wal unatinsa sagalee addaa qabu, isaan kaan immoo sagalee isaanii bareedaan wal qabatanii deemu yookin sirboota qajeelodha, sirboonni biro immoo baay’es dhokatoo miti baay’es fuullee miti, isaan kaan immoo amala hawaasni sun uumaman qabu ibsu, kaan immoo mala jireenyaa agarsiisu, isaan biro immoo haalafi siyaasa irratti hundaa’u, isaan kaan immoo haala teesuma lafaa irratti hundaa’un sirbamu,warri biroo immoo naannoo fi afaan irratti hundaa’u akka sirbaman ibsa.

Krehbiel (2010:3),yoo ibsu,“Folksongs are echoes of the heart-beats of the vast folk, and in them are preserved feelings, beliefs and habits of vast antiquity. Not only in the words, which have almost monopolized folksong study thus far, but also in music, and perhaps more truthfully in the music than in the words”. Akka yaada kanaatti sirbii dhahannaa onnee uummata hundaati. Akkasumas miira, amantifi muuxannoo bal’aa uummanni jalqaba irraa kaasee qabu isaan keessatti eega. Kunis jecha keessatti qofaan osoo hin taane walumaagalatti qo’annoo afwalaaloo keessatti, muuziqaa keessattifi irra caalaa garuu jecharra dhugummaan isaa muuziqaa keessatti mulachuu danda’a.

> *Folksong is referred to as a song that is sung by the common people of a region or culture reflecting people’s attitudes and life. Such songs were typically performed during work and social activities. Originally, folk songs were spread only by oral tradition without any fixed symbolic notation. Therefore, in the process of oral transmission, folksongs have been reshaped in many different ways by their performers (*Finnegan1976:248)

Akka yaada kanaatti afwalaloon sirbaa jiruuf jireenya uummataa, ilaalchafi aadaa uummata naannoo tokkoo ibsuu irratti kan xiyyeeffatuu ta’ee, sirboonnii baay’een kan sirbaman yeroo hojiifi taatewwan hawaasummaa keessatti. Jalqabuma irraa kaasee sirbi mallattoo dhaabbataa tokko malee bartee afaaniin daddarbaa tureedha. Kanaafuu afwalaloon adeemsa afaaniin daddarbuu kana keessatti karaalee adda addaa fooyya’aa akka dhufe ibsitee jirti.

### 2.1.2.13. Faayidaa Weedduu Aadaa/ Functions of folksongs /

Sirbi akaakuu afwalaloo keessaa tokko ta'ee, eenyummaa, aadaa, seenaa, duudhaa, haala jiruufi jireenya saba tokkoo ibsuuf faayyidaa ammana hin jedhamne qaba.yaaduma kan Mills (1974) yemmuu ibsu "songs and singing have been very important in the life style of early cultures. Primitive societies existing today allow researchers to view the importance of music in the rituals, religious ceremonies, and recreation of these cultures". Akka yaada kanaati aadaa jiruufi jireenya keessatti sirbi baay'ee barbaachisaadha. Kana malees sirbi jalqabuma irraa jalqabee uummata keessa akka turefi dhimmoota hawaasaan walqabatan kanneen akka kabaja ayyaana , adda addaa keessatti, kabaja amantii keessatti, bashannana keessatti sirbi baay'ee barbaachisaa akka ta'e ibsa.

Finnegan (2012:270) yoo ibsitu "songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda, and to reflect and mould public opinion" jetti. Yaadni kunis sirbi haala yeroo irratti yaada kennuuf, dhiibbaa siyaasaaf, hawaasa dadamqsuuf kan gargaaru ta'uu isaa addeessiti. Anis yaaduma kana deeggaruun gosawwan sirba aadaa keessaa kan uummatni Oromoo gootummaa gootota isaa kan ittiin ibsatu sirba gootatiini. Kunis kan hawaasa kessatti namoota adda durummaan hojii gaarii hojjetanii uummata isaanii irraa diina faccisaa turan ittiin jajuuf akkasumas ammoo warreen faallaa isaan kanaa dalagan ammoo ittiin qeequuf kan gargaaruudha.

Truzzi (1969:38) "folksongs, like the people they represent, have very diverse social values" Akka yaada kanaatti immoo sirbi uummata, uummata bakka bu'a, duudhaa hawaasaa adda addaa baay'ee ofkeessaa qaba jedha. kanaaf barbaachisummaan sirbaa barbaachisummaa ummata tokkootin walqabata jechuudh.

Pedersen,(1997:181).Yemmuu ibsu,"Folksongs are important sources of oral traditions in part because their language is encoded through repetition and the rhythmic structures of songs"yaada kana irraa kan hubannu sirbi akka madda barsiifata hawaasaa afaaniin daddarbu tokkootti tajaajila. Sababni isaas afaan saba tokkoo caasaa sirbaa keessatti irra deddeebiin waan sirbamuufi jechuun barbaachisummaa sirbaa ibsa.

Finnegan (1976:82) yoo ibsitu, "African traditional songs serve a number of functions. The most specialized genres of poetry occur in association with royal courts to help in decision making;

they help on religious occasions; function in the preservation of the historical record and of genealogies”. Akka yaada kanaatti sirbi aadaa uummata Afrikaa keessatti hojiilee adda addaatif tajaajila. Isaanis: barbaachisummaan walaloo yookin sirba tokkoo inni guddaan moototaa angoo olaanaa qaban murtoo akka isaan fudhataniif ni gargaara, haala ayyaneffannaa amantaatif ni fayyada, hambalee seenaafi hidda dhala namaa waraabuuf/record/ gochuuf tajaajila.jechuun faayidaa sirbaa ibsiti

### 2.1.2.14. Akaakuu Weedduu Aadaa/classification of folksong/

Qabiyyee isaanii irratti hundaa’uun sirboonni iddoo adda addaatti qoodamuu danda’u. haaluma kana irrattii hundaa’uun haayyonnii adda addaa sirboota iddoo garagaraatti qoodu. Keller (1984:),yoo ibsu, “folksong classification has been extensively dealt with in the ethno musicological literature since the beginnings of the discipline in the late nineteenth century” Akka yaada kanaatti sirbi jalqaba jaarraa 19ffaa bifa seera qabeessa ta’een akka oguma muuziqaa hawaasa naannoo tokkootti qoqqoodamuu akka jalqaame ibsa.

Abrams and Foss (1968), yoo ibsan,”folksongs may be classified under several headings but three specific ones are most commonly found: the ballad, lyric, and dialogue songs”. Akka yaada kanaatti immoo sirbi gareewwan adda addaa jalatti qoodamuu danda’u, garuu akkaataa walfakkaataniin gareewwan sadi jalatti qoodamu. Isaanis : sirba jajuu/ ballad /, sirba quuqqaa keessoo ofii ittiin ibsatan/lyric/ fi sirba gammachuu/dialogue song/ jechuun qoodanii jiru.

Abrams (1999:100),yoo ibsu “folksongs based on their theme into love songs, Christmas carols,work songs, sea chanties, religious songs, drinking songs, children's game songs, and many other types of lyric, as well as the narrative song, or traditional ballad”. Akka yaada kanaatti immoo ergaa isaan dabarsan irratti hundaa’uun sirbi iddoo adda addaatti qoodama. Isaanis: sirba jaalalaa, faaruu dhaloota, sirba yeroo hojii, faaruu amantaa, sirba yeroo dhugaatii, faruu daa’imman ittiin taphsiisaniifi sirboota quuqqaa garaa ofii ittiin ibsatan akkasumas sirboonni seenaa hedduun akka jiran ibsa.

> *The abundance of song types in Africa by stating that there are songs for every topic that can be imagined. There are songs about wives, husbands, marriage, animals, chiefs, this year’s tax, the latest football match, a recent intrigue, the plight of a cripple dependent on his family, an amusing incident, a friends treachery, or an*

*enemy's vices, the relationship between variety in the human and the natural world and so on (*Finnegan 1976:247*).*

Akka yaada kanaattii afrikaa keessaatti mata duree isaan ittiin dhiyaatan irratti hundaa'uun sirboonni akaakuu adda addaatti qoodamu. Isaanis: sirba haadha manaaf sirbamu, sirba abbaa manaaf sirbamu, sirba fuudhaa fi heerumaa, sirba moototaaf sirbamu, sirba gibira, sirba kubbaa miilaaf sirbamu, sirba jal'inaa, sirba yeroo miidhaan maatii ofii irra ga'u sirbamu, sirba yeroo balaa gaddisiisaan qaqqabe sirbamu, sirba yeroo hiriyaan nama gane sirbamu, sirba yeroo diinni wanta hamaa nama irratti raawwate sirbamu, sirba walitti dhufeenya namaafi uumama gidduu jiruuf sirbamuufi kkf akka ta'e ibsitee jirti.

Finnegan (1976:79), yoo ibsitu, "Most songs under lyric poetry, that includes songs about insult, heroic songs, sung interludes in stories, maiden songs, love songs, songs of prayer, exhilaration and excitement, cradle songs, warrior songs, work songs, children's verse, lullabies, and chorus parts of antiphonal songs". Akka yaada kanaatti sirboonni quuqqaa kan isaan ofkeessatti hammatan sirba arrabsoo, sirba jajjabinaa, sirba bilisummaa seenaa keessatti tureef sirbamu, sirba gadaantummaa, sirba jaalalaa, sirba kadhannaa, sirba shororkeesummaa, sirba yeroo kabaja dhalootaa sirbamu, sirba yeroo waraanaa sirbamu, sirba yeroo hojii sirbamu, sirba daa'immanii, faaruu uruursa daa'immaniifi sirba gareen sirbamu akka ta'e ibsiti.

#### 2.1.2.14.1. Sirba gootummaa/heroic songs/

Sirbi gootaa bifa garagaraan ni ibsama. raawwiiwwan seenaa ta'iiwwan yookaan gochaalee hawaasa tokko keessatti raawwatamaa turan bifa walalootiin kan ibsamaa turan kan bakka bu'u agarsiisa.Isaan kunneenis bifa sirbaa,geerrarsaafi kkf weedduuwwan raawwiiwwan seenaa ibsu gaafa jennu aadaa, afaan amantii dinagdee, siyaasafi kkf hawaasni tokko akkamitti gaggeeffamaa akka ture barsiisuu, madda asii dhufee saba tokkoo maal akka fakkaata ture ibsuuf gootummaa hawaasni karaalee waraana, sabboonummaafi kkf maal keessa akka ture dhaloota itti aanutti dabarsuuf jiru ibsachaa fayyadamuun waan garaa isaa keessa jiru ibsachuun fayyadama. (Misgaanuun 2011:71)

Sirbi gootaa kaayyoo sirbamuufis ni qaba. Kunis, humnaan hawaasa sochoosuufi dadammaqsu waan qabuufi. Innis, kanneen yeroo darbe keessatti gootummaan bu'aa gaarii hawaasa isaatiif buusan faajjii isaanii olkaasuufi kanneen amma keessa jiran ammoo miira yookiin onnee isaanii dadammaqsuuf, hoo'isuuf, banbansuuf, akkasumas gara fuula duraattis akka isaan cimanii galma isaanii gahan mul'ata gootummaafi dhoksaa gootummaa ifatti mul'isuudha. Kana malees

kenneen hawaasa keessatti lugna ta'anillee akka isaan jagnooman faajjii warra goototaa kaasnee ittiin onnachiisuudha.

Misgaanuun, (2011:11) yeroo ibsu, "War songs are songs that are composed and practical to initiate the warriors to control the enemies. These songs can pairs warriors who have already passed away" jedha. Akka yaada kanaatti sirbi gootaa sirboota kanneen keessaa tokko ta'ee akka diinni to'annaa gootaa (waraanaa) harka galuuf qabatamaan goototа warren darban kanneen fakkeenyummaa qaban waliin walbira qabuun kakaasuufi onnachiisuudha

Misganuu (2011:86) yoo ibsu "Before the war an encouragement to the leader or to the warrior to go and fight on encouragement which isintensified on the battle field,after the war praise for the victionous leader or warrior" jedha. Akka yaada kanaatti sirbi gootaa kunis yoomessa keessatti sirbamu qaba. Kunis sirba lola dura sirbamu gootonni cimanii akka lolaniifi jajjabeessuuf gargaara. Waraana booda ammoo hoogganaa waraanaa yookaan loltuu diina isaa moo'e faarsuuf gargaara kana malees uummatni Oromoo faaruu kanaan goototа dirree qabsoorratti wareegaman kan hawaasa jidduutti hojii gaarii hojjechuun iddoo guddaa qaban maqaa isaanii olkaasuun akka faarsan ibsee jira.

#### 2.1.2.14.2. Sirba Dhiichisaan Goota Faarsuu

Sirbi dhiichisaa baayyinaan kan beekamu uummata Oromoo Tuulamaa keessaa naannoo salaaleetti yemmuu ta'u, innis kan sirbamu dargaggoonni gareen walgurmeessuun shimala qabatanii inni tokko sirba baasuun warri kaan immoo jalaa qabuun kan sirbamuudha. Kana malees dhiirrifi shamarran geengoo uumanii morma walii qabachuun dhaabbatanii kan sirbamuudha

Asafaa (2015:206) yoo ibsu, "*Dhiichisa/Ragada*: Men hold sticks and sing songs of various contents and genres and dance in circle. In this genre the contents of the songs include heroic and commemorative, historical, and love songs, which have no exclusive genres and specific context. In any non-religious context, where *dhiichisa* is (or is not) performed, those songs are sung". Akka yaada kanaatti dhiichisni dhiironni ulee qabatanii geengoo uumanii sirba qabiyyee adda addaa ofkeessaa qabu kan sirbaniidha. Sirbi dhiichisaa kun goota faarsuu, faaruu kabajaa, sirba seenaa, sirba jaalalaa ta'uu danda'a, garuu faaruu amantaa akka of keessatti hin hammanne irraa hubachuu ni danda'ama

#### 2.1.2.14.3. Sirba Shoboxee

Sirbi shoboxee uummata oromoo salaalee biratti baayyee beekkamaadha. Innis kan sirbamu jaalala ittiin ibsachuuf, goota faarsuuf, jibba ittiin ibsuuf, quuqqaa garaa ofii ittiin ibsachuufi kkf. sirbi shoboxee ijoolleedhaanis ta'ee namoota guguddaan, akkasumas dargaggootanis ta'ee shamarraniin akka nama dhuunfatti yookin gareedhaan kan sirbamuudha.

Asafaa (2015:206) yoo ibsu, " *Shoboxe/Ragada*: Boys and girls line up facing each other and perform, i.e. sing and dance love songs and songs of social critique and resistance" jechuun ibsa. akka yaada kanaatti sirbi shoboxee kan sirbsmu dhiirri fi shamarran gamaafii gamana dhabbachun sarara uumanii fuula keessa wal ilaaluun sochii qaamatiin dabaalamee kan sirbamuudha. Kan sirbamus sirba jaalalaa, qeeqa hawaasaafi sirba diddaa garbummaa ta'uu akka danda'u ibsa

## 2.2. Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu yaaxxinoota adda addaa bu'uureeffachuun adeemsifama. Kanuma irraa ka'uun qorannoon kunis yaaxxina ilaalchaa /ideological theory/ jedhamu bu'uureeffachuu kan gaggeeffameedha. yaaxxina yaadaa kana immoo haala lamaan bu'uureeffata. TokkoffaaYaaxxina yaadaa akka addunyaatti:

Hiikaafi Alamituu (2010:89) yoo obsan, "yaaxxinni yaadaa afoola dhimma gootota dhugaa jaarraa 20ffaa ittiin faarsuuf, Jajjabeessuuf, dinqisiifachuuf oolan irratti kan xiyyeeffatu yoo ta`u, tajaajila Kanaaf akka ooluuf jechas roomaantik naashinaalizimii jaarraa 19ffaa irraa Madde.Yaaxxinni kun afoola kallattii siyaasaatiin ilaalanii itti dhimma bahuu ilaallata.yaaxxina kana irratti hundaa'ee kan gargaarame Jarmaniifi Sooviyeet Raashiyaa yommuu ta`an, hunda dursee afoola kallattii siyaasaan kan gargaarame biyya Jarmani." .

Hiikaafi Alamituu (2010:89), Dorson (1972) wabeeffachuun yoo ibsan, "*Nazi- a member of the national sociality (workers`) party, led by Adolf Hitler which controlled Jerman from 1933 to1945"* hawaasni aadaafi duudhaatiin kan walitti hidhame, Addunyaa kanarraa kan Addunyaa bulchuu qabu sanyii 'filatamaa' akka ta`uu qabu adeemsa kanaan hawaasa isaanii hubachiisan.

Akka yaaxxina ilaalchaa lammaffaatti immoo ilaalcha sirna fiwudaalizimiiti. Kitaabni seenaa /history/ kutaa 11ffaa fuula 61 irraatti jedhutti " feudalism describes relation of peasants dominated by lords. This condition developed over along period of time and began even in the

last period if the Roman Empire.'' Kana jechuun fiwudaalizimiin qonnaan bultoota mootidhaan hogganuudha. Haalli kun guddachuudhan hanga dhuma Impaayera Roomaatti itti fufe akka ture hubanna.

Yeshiwaas Izkezaw .( 2015:14-15) yoo ibsu ''shewa was economically depend on agriculture, pre industrial production and trade. Among these economic systems agriculture was the dominant one. In medival Ethiopia the kings and peasants were brought together by a system of institution called gult for land use''. Akka yaada kanaatti dinagdeen naannoo shawaa industiriifi daldala irraatti osoo hin taane qonna irratti hundaa'a. bara giddugaleessaa keessa mootii fi qonnaan bultoonni biyya itiyoophiyaa dhaabbata itti fayyadama lafaa mijeessu gulti jedhamu akka hundessan hubanna.

Yeshiwaas Izkezaw.(2015:27) yoo ibsu, 'in Christian kingdom of Ethiopia tax and tributes were collected mainly in kind: butter, honey, cattle, cloth, mule, gold, and labor dues had paid as tribute. So, artisans and merchants paid their tributes in their own house made products and amole respectively.'' akka yaada kanaatti akka sirna fiwudalizimii itiyoophiyaatti galiin gibiraa mootidhaaf ittiin funaannamu wantoota adda addati. Isaanis: dhadhaa, damma, jabbilee, uffata, warqii, humna namaa ta'uu danda'a. akkasumas, daldaltoonni fi artistoonni immoo wantoota hojjetanii mana isaanitii qaban akka kanfalan hubanna.

Akka lubni dabaleefi Xibabuu Tolaa jedhanitti gootonni Oromoo baay'een sirna kana falmachaa akka turan himu. Kanuma irraa ka'uun uummanni oromoo salaalee aanaa dagam abbootii lafaa kanneen akka barambaraas Nugusuu Asaamminoo, Nugusee Boggaalaafi Dabtaraa Sarxee falmaa turan. Akka maanguddoonni jedhanitti uummanni oromoo salaalee Aanaa Dagam yemmuu roorroo abbooti lafaa dadhabani qe'ee isaanii gadhiisani gara iddoo biraatti socho'uuf murteeffatan afwalalootti fayyadamanii bifa sirbaatin quuqqaafi gadda garaadha qaban akkas jechuun ibsachaa turan:

*Sii ka'e kinoo sii ka'ee*
*Yaa abbaa lafaa sii ka'e*
*Yoo hantuunni olla sii ta'ee*
*Yoo quraan daboo sii ba'ee*
*Sii ka'e kinoo sii ka'e*

Jechuun jibba sirna abbaa lafaa nama kaan garba lafa hin qabne taasisee nama kaan immoo nama waaqa irraa dhufe sanyii waaqati jedhee waamu, nama kaan gooftaa taasisee nama kaan 'ashkara' gaangee harkistu, faltii loonii mooraa keessaa hartu godhe kana ballaeffachuun abbooti

lafaatif dhaamsa dhaamu. Nuyi lafa siif dhiisnee deemne kophaatti hafte. Hantuunni olla siif hin ta'u ,quraanis daboo siif hin dhufu. Namni olla siif ta'u hin jiru, namni daboo siif dhufu hin jiru jechuudhan qe'ee isaanii gadhiisanii deemu.

## 2.3. Qorannoo Walfakkii

Tasfaayee Dubaroo (2008) mata duree "*Xiinxala Afwalaloo Gooticha Oromoo Jeneral Huseen Bunee Dararaa Godina Baalee*" jedhu irratti qorannoo gaggeessee ture. kaayyoo qorannoo isaa keessatti seenaa gooticha Huseen Bunee, afwalaloowwaan isaaf sirbaman akkasumas faayidaa afwalaloowwan kun uummataaf qaban qaaccesse. Ani immoo mata duree 'Agarii Tulluu: sirba salaalee keessatti godiina shawaa kaabaa' jedhu irratti qorannoo gaggeessen jira. Kaayyoon qorannoo kanaa sirboota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman funaanuun ija ilaalcha ummata oromootin qabiyyeefi ergaa isaan qaban qaaccessuu, faayidaa fi sadarkaa isaan yeroo ammaa irra jaran adda baasuufi yoomessaafi eenyuun akka sirbaman adda baasuun ibsuudha. Akkasumas madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaa fayyadamuun odeeffannoo funaannatee jira. Kana malees meeshaalee funaansa ragalee qoranichaaf barbaachisan fayyadamee jira. Anis fayyadameen jira Kun immoo qorannoo kanaan wal isaan fakkeessa.

Haa ta'uu malee Kaayyoo gooroon isaa ergaa afwalaloowwan gooticha Oromoo Jeneral Huseen Bunee Dararaatif walaleeffaman qofa irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef qabiyyee afwalalichaa, yoomifi eessatti akka sirbamu, eenyu akka sirbu, sirbichi yeroo ammaa kana sadarkaa maalirra akka jiru hin hin xiinxalle. Kana malees mala ittiin ragaaleen qaacceffaman hin ibsine. Argannoo isaa keessatti Huseen Bunee ummaata oromoo naannichaa akka roorroo jalaa bilisa baasetti kaa'ee jira. Argannoon qorannoo kanaa garuu Agarii Tulluu ummata oromoo naannichaa bilisa baasuuf jedhee qabsaa'a osoo jiru akka lubbuun isaa darbe qorannoo kanaan bira ga'ame. Kun immoo garaagarummaa qorannoowwan kanneen gidduutti mul'atanidha.

# BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

Mataduree kana jalatti malleen qorannoon kun ittiin geggeeffama jedhamee yaadametu ilaallama. Malleen kunis kanneen akka adeemsa qorannoo, madda odeeffannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, malleen odeeffannoowwan ittiin funaannaman, malleen odeeffannoon ittiin qaacceffamu of keessatti hammata. Wantoonni armaan olitti tuqaman kunis bal'inaan armaan gaditti ibsamaniiru.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo waliigala qorannicha kan too'atu ta'ee, qorannichi maal akka fakkaatufi maal irratti akka bu'ureeffate agarsiisa. Yaaduma kanaa Addunyaan (2011: ) (Cohen, Manionfi Morison, 2005:73), wabeeffachuun akka ibsetti, "Research design is governed by the notion of fitness for purpose; the purpose of the research determine the methodology and design of the research" jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti saxaxnii qorannoo kaayyoo qorannichaa murteessa, kaayyoon qorannichaa immoo malleen qorannichaa murteessa jedha. Kanaaf qorannoon kun gosa qorannoo ibsaati. Qorannoon ibsaa immoo mala xiinxala ragaalee akkamtaatin waan xiinxalamuuf qorannoo kana keessatti odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaalee afgaaffii, marii gareefi sakattaa'a barruutin funaannaman mala xiinxala ragaalee mala akkamtaatin xiinxalamanii jiru. Sababni malli kun filatameef immoo ragaaleen mata duree kanaaf funaannaman jechootan waan qaacceeffamaniifi.

## 3.2. Madda Odeeffannoo Qorannichaa

Odeeffannoon kamiyyuu madda mataasaa danda'e qaba. Odeeffannoon kan argamu karaalee gurguddaa lamaani. Isaanis madda ragaa tokkoffaafi madda raga lammaffaati.

> *While deciding about the method of data collection to be used for the study, the researcher should keep in mind two types of data. Primary and secondary. The primary data are those which are collected afresh and for the first time, and thus happen to be original in character. The secondary data, on the other hand, are those which have already been collected by someone else and which have already been passed through the statistical process.The methods of collecting primary and secondary data differ since primary data are to be originally collected, while in case*

*of secondary data the nature of data collection work is merely that of compilation (*kotheri 2004:95*)*.jechuun ibsa.

Akka yaada kanaatti qorataan tokko yemmuu qorannoo gaggeessu maddi raga irraa argatu akaakuun lama akka jiru beekuu qaba. Isaanis madda raga tokkoffaafi lammaffaadha. Maddi raga tokkoffaan odeeffannoo haarawa yeroo jalqabaatif funaannamu yeroo ta'u, maddi odeeffannoo lammaffaan immoo odeeffannoo yeroo darbe keessa qaama tokkoon funannamee lafa jiru jechuudha jedha. Kanaaf qorataan qorannoo kanaas madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaatti dhimma bahuun odeeffannoo qorannichaaf barbaachisan funaannatee jira.

### 3.2.1. Madda ragaa tokkoffaa

Maddi odeeffannoo tokkoffaan qaaman namoota waan sana beekaan qunnamuun odeeffannoo argamudha.Mahesh fi Sara (2011:42) yoo ibsan,"The primary data are those which are collected afresh and for the first time, and thus happen to be original in character or information collected or generated by the researcher for the purpose of the project immediately at hand". Akka yaada kanaatti madda odeeffannoo tokkoffaa jechuun odeeffannoo jalqabaa yeroo jalqabaatif qorataan od himtoota biratti qaaman argamuu ragaa funaannatee of harka qabu jechuudha.

Kotheri (2004:95). ''We collect primary data during the course of doing experiments in an experimental research but in case we do research of the descriptive type and perform surveys, whether sample surveys or census surveys, then we can obtain primary data either through observation or through direct communication with respondents in one form or another or through personal interviews'' Akka yaada kanaatti odeeffannoo jalqabaa kan barbaachisu yeroo yaaliiwwan adda addaa gaggeessinu akkasumas qorannoo ibsaafi qorannoo lakkoofsa uummataa irratti barbaachisaadha. Madda raga tokkoffaa kana immoo kan argannu bifa daawwannaatiin, bifa afgaaffiitiinfi bifa odhimtoota mariisisuutin ta'uu danda'a. Kanaaf qorataan qorannoo kanaas madda ragaa kanatti dhimma bahuun namoota sirboota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbanii beekan yookin sirbuu danda'an bira deemuun odeeffannoo sirrii ta'an funaannatee jira.

### 3.2.2. Madda ragaa lammaffaa

Maddi ragaa lammaaffaan qorannoo kanaa ammoo barreeffamoota mataduree qorannoo kanaa wajjiin hidhata qabanii sakatta'uudha.

Kotheri (2004:111) yoo ibsu,"Secondary data means data that are already available i.e. they refer to the data which have already been collected and analysed by someone else". Akka yaada kanarraa hubatamutti madda odeeffannoo lammaffaa jechuun raga duraan funaannamee jiru jechudha. Kana jechuun raga duraan qaama tokkoon walitti qabamee jiru tokko irraa deebi'anii sakatta'uun raga argamu jechuudha.

Mahesh and Sara (2011:43) yoo ibsan,"The secondary data are those which have already been collected by someone else and which have already been passed through the statistical process. Secondary data refer to the information that have been collected by someone other than researcher for purposes other than those involved in the research project at hand. Books, journals, manuscripts, diaries, letters, etc" Akka yaada kanaatti madda odeeffannoo lammaffaa jechuun odeeffannoo duraan qaama ta'e tokkoon funaannamee kaawwamamee jiru tokko jechuudha.

Maddi odeeffannoo lammaffaan kunis kan irraa argamu ragalee duraan funaannamanii jiran kanneen akka: kitaabilee, barruulee, barreeffamoota hin maxxanfamiin, yaadannoo adda addaa, xalayaaleefi kkf akka ta'an ibsanii jiru. Kanaaf qorataan qorannoo kanaas madda odeeffannoo lammaffaa kanattis gargaaramuun barreeffamoota sirboota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman akkasumas seenaa isaa barreeffamee jiru sakatta'uun odeeffannoo funaannatee jira.

## 3.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorataan odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuun qaba. Iddattoon bakka qorataan odeeffannoo irraa walitti qabatuudha. Dastaan (2013:132) Trochim (2006) wabeeffachuun yoo ibsu "Sampling is the process of selecting units (e.g people, organization) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our result back to the population from which they were choose." Akka yaada kanaatti iddattoo filachuun adeemsa hawaasa tokko keessaa namoota ragaa irraa argachuun danda'amu fudhatanii itti fayyadamaniidha.

Iddattoo filachuun kan barbaachiseef, yeroo, maallaqafi humna namaa qusachuuf yaadameeti. Haaluma kanaan namni qorannoo gaggeessu tokko tooftaalee adda addaatti gargaaramuu odeeffannoo funaannachuu danda'a. Tooftaalee kunniinis akkaataa qorannicha waliin deemuu

danda'anitti ilaallamanii kan qoratichaan filatamaniidha. Maloota kana keessatti iddattoo hedduu fayyadamuurra iddattoo dhimma qorannoon irratti gaggeeffamu waliin walitti dhufeenya cimaa qaban muraasarraa odeeffannoo gahaa ta'e funaanuu irratti xiyyeeffata. Qorataan qorannoo kanas mala iddatteessuu darbaa dabarsaa/snowball sampling/fi mala iddattoo kaayyeffataa/purposive sampling/tti dhimma bahuun odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u hawaasa godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagam gandoota akka leemman caraaqiifi leemman qarree kooraafi bulchinsa magaalaa dagam keessa jiraatan keessaa dhiira 13fi dubartii 3 walumaagalatti namoota 16 akka iddattootti filachuun isaan irraa odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u walitti qabadheera.

### 3.3.1. Mala kaayyeffataa /purposive sampling/

Malli iddatteessuu kun akaakuu iddatteessuu mit carraa ta'ee qorataan tokko namoota dhimma qaratu sana irratti odeeffannoo gahaa naaf kennu jedhee murteessuun deemee namoota namoota irraa odeeffannoo funaannatuudha. Addunyaa (2011:67) Berg (2001:32) wabeeffachuun yoo ibsu" when developing a purposive sample researchers use their special knowledge of expertise about some group to select subjects who represent this population" jedha. Akka yaada kanaatti qorataan tokko kaayyeffatee namoota keessa namoota beekkumsa mata duree sana irratti qaban gaafachuuti. Kanaaf qorataan qorannoo kanaas uummata hundarraa odeeffannoo yookaan ragaa funaanuun waan hindanda'amneef, mala iddatteessuu akkayyoo fayyadamuun akka Aanichaatti namoota odeeffannoo quubsaa afwalaloo sirboota goota Agarii Tulluufi maatii isaaf sirbaman beekaniifi umurii dheeraa lakkoofsisaniifi dargaggoota yeroo ammaa kana waa'ee gooticha kanaa sirbaa jiran gandoota adda addaa keessaa mala kanaan filachuun odeeffannoo funaannateera.

### 3.3.2. Mala iddatteessuu darbaa dabarsaa

Qorataan tokko odeeffannoo fudhatama qabuufi qabatamaa ta'e funaannachuuf iddattoowwan of eeggannoon filachuun barbaachisaadha. Mala iddatteessuu kana Addunyaa (2011:67-68) Denscombe (2007) wabeeffachuun yoo ibsu, "With snowballing, the sample emerges through a process of reference from one person to the next," jedha. Kana jechuun, malli darbaa dabarsaa kun adeemsa namni tokko odeeffannoo kennee sana booda namoota biroo kanneen dhimma sana sirriitti beekaan eeruu kennuuti.

Addunyaan (2011:68) Berg (2001) wabeeffachuun yoo ibsu, "Snowball is sometimes the best way to locate subjects with certain attributes or characteristics necessary in a study. Snowball samples are particularly popular among researchers interested in studying various classes of deviance sensitive topics, or difficult to reach population." Akka yaada kanaatti, namoota qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu kennan iyyaafachuun, itti guuta odeeffannoo argameetif namichi kenne sun kan biraas akka eeru taasisuudha. Darbaa dabarsaa kan jedhameefis odeeffannoo dabalataaf deebistoota kanneen biroo eeruun waan gaggeeffamuufi.

Haaluma kanaan qorataan qorannoo kanaas mala kana kan filateef namoota sirba Agarii Tulluu fi maatii isaatif sirbaman kanneen beekan gaafachuun odeeffannoo funaannachuun, namoota isaan irra hubannoo qaban eeruu akka kennaniif gaafachuun namoota eeraman bira deemuun irra caalaa odeeffannoo sirrii argachuuf mala kanatti fayyadamee jira.

## 3.4. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Odeeffannoo funaanuuf meeshaan itti gargaaramnu baay'etu jira. Addunyaa (2011:16) yoo ibsu,"meeshaan odeeffannoon ittiin guuramu keessaa af-gaaffii, daawwannaa,marii garee xiyyeeffatamaafi sakatta'a dookumantii" jedha. Meeshaan funaansa ragaalee jiran kanneen keessaa qorataan qorannoo kan fayyadamee odeeffannoo funaannate meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka afgaaffii, marii gareefi sakatta'a barruuti.

### 3.4.1. Af-gaaffii

Meeshaa kanaan gaaffilee qorannichaaf ni barbaachisu jedhamanii yaadaman iddattoowwan afaaniin gaafachuun deebii isaan kennan fudhachuun qaaccessuudha. Af-gaaffiin meeshaalee odeeffannoo qorannoo kanaaf ta'u ittiin funaannaman keessaa isa tokkoodha. Afgaaffiin odeeffannoo daawwannaafi bargaffiin argachuu hin dandeenyeefi tooftaa odeeffannoo bal'aa itti barbaadaniif sirriitti qulqulleeffachuuf kan fayyaduudha.

Kotheri (2004:97) yoo ibsu,"The interview method of collecting data involves presentation of oral-verbal stimuli and reply in terms of oral-verbal responses. This method can be used through personal interviews and, if possible, through telephone interviews". Akka yaada kanaatti afgaaffin mala odeeffannoo afaaniin gaaffii dhiyeessanii odkennitootarraa deebii argataniidha. Malli kunis kan adeemsifamu kallattiidhan namaan wal quunnamuun yookin gaaffii bilbilaan dhiyaatu ta'uu danda'a. Kanuma irraa ka'uudhan qorataan qorannoo kanaas namoota sirboota

Agarii Tulluufi maatii isaaf sirban fulaa fuulatti walquunnamuudhaan gaaffilee qopheeffate afaaniin gaafateefi isaanis afaaniin deebisaniifii jiru.

### 3.4.2. Marii garee

Meeshaan kun kan dhimma itti bahamu, yeroo gaaffiin afaaniin dhiyaatudha. Mahesh fi Sara (2011:25) yoo ibsan, "A focus group is a form of qualitative research in which a group of people are asked about their perceptions, opinions, beliefs, and attitudes towards a product, service, concept,advertisement, idea, or packaging. Questions are asked in an interactive group setting where participants are free to talk with other group members" Yaada kanarra kan hubatamu mariin garee qorannoo akkamtaa keessatti mala ittiin uummata dandeetti waa hubachuu isaanii, yaada isaanii, amantaa isaanii, ilaalcha isaanii, tajaajila isaanii, mata duricha irratti qabiyyee isaan qaban, dandeettii waa ibsuu isaan qaban, yaada waliiglaa isaan qaban kan ittiin gaafataniidha.

Sababni meeshaa kanatti gargaaramuun barbaachiseef, iddattoowwan gidduutti yaadni wal falmisiisaan yoo jiraate iddattoowwan kanneen iddoo tokkotti waamuun akka waliin mari'atanii yaada sirrii ta'e irratti waliigalan gochuun odeeffannoo sirrii ta'e argachuuf waan gargaaruufi. Kanaaf qorataan qorannoo kanaas odkennitoota gidduutti yaadni walmorman waan argamaniif mala kanatti fayyadamuun odeeffannoo sirrii argateera.

## 3.5. Mala xiinxala Ragaalee

Qorataan tokko qorannoo yemmuu gaggeessu odeeffannoo funaannata, odeeffannoo funaanname sana immoo mala qaaccessa ragaalee adda addaatti fayyadamuun qaaccesssa. Dastaa (2011:68) yommuu ibsu," Akkuma akaakuu qorannoofi malleen funaansaa, odeeffannoon funaannamanis akaakuu adda addaa ta'uu danda'u. Akaakuun odeeffannoo kanaa akkamtaa, ammamtaa fi makaa ta'uu malu" jedha. Kanaaf qorataan qorannoo kanaas ragaalee barbaachisan iddattoowwan garaa garaarraa kan funaannate mala akkamtaatti fayyadamuun xiinxaleera. sababni isaa odeeffannoon mata duree qorannoo kanaaf ta'u  bifa yaadatin kan kennaman waan ta'eefidha.

### 3.5.1. Mala akkamtaa

Malli akkamtaa jechaan odeeffannoo meeshaalee afgaaffiin, daawwannaa, marii gareen, xinxala dookimantiin funaannaman mala ittiin xiinxalluudha. Qaaccessa  odeeffannoo mala akkamta keessatti odeeffannicha qopheeffachuun irra deddeebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu,  ibsuufi hiikuudha. Dastaa (2011:71) Denscobe (2007) wabeeffachuun yoo ibsu" *To arrive at generalized conclusions whatever form they take the researcher needs to interpret the data and make significant decisions: this key decisions are prioritizing certain parts of the data, reducing the number of codes, categories and themes, developing a hierarchy of codes moving towards key concepts comparing the new generalized conclusions with alternative theories or explanations"*.jedha. Akka yaada kanaatti adeemsa odeeffannoo qaaccessuu akkamtaa keessatti murteewwan fudhatamaan qorataan tokko odeeffannoo qopheeffate irra deddeebiin dubbisuun ibsuufi hiikuu irratti xiyyeeffachuu akka qabu hubachiisa.  Kanaaf qorataan qorannoo kanaas mala akkamtaa kanatti fayyadamuun raga bifa adda addaan funaannate qaaccesseera.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAALEE

Boqonnaa kana keessatti ragaawwan meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka afgaaffiifi marii gareetin argamantu xiinxalame. Ragaawwan kunneenis gaaffilee bu’uuraafi kaayyoo qorannichaa bu’uura godhachuun kan dhiyaatedha. Ragaaleen funaannamani mala qaacceessa ragaalee keessaa mala akkamtaan/qualitative/ qaacceffamee jira.

## 4.1. Seenaa Agarii Tulluu

Agarii Tuluu giddugaleessa oromiyaa godina salaalee aanaa Dagam ganda Leemman Sillaasee keessatti iddoo mogorii kattaa jimaa rabbi jedhamutti abbaa isaa obbo Tulluu Igguufi haadha isaa Aaddee Dassuu Gabrewaldi Goobanaa irraa bara 1934 ALI tti dhalate. Maqaan Agarii kan yeroo ijoollummaa yookin kan maatiin isaa ittiin waamu ‘suyyumee’ jedhama. Garuu guyyaa keessa gara Agariitti akka jijjiirame himama Gandi Leemmansillaasee kan moggaafame maqaa laga leemmaniifi maqaa mana amantaa ortodoksii sillaasee jedhurraati. Agarii Tulluu nama magaala gabaabaa yeroo baayyee fuulli isaa gammachuun kan irraa dubbifamu garuu onneen isaa dhiibbaa nafxanyootaan kan madoofte turejedhu maanguddoonni Maammiree Dabaleefi Xibabuu Tolaa



**Suura 2. Suuraa Agarii Tulluu Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Dagamii Argame**

Akkasumas nama baayyee gaarumma qabu kan hiyyeessotaf falmu akka ture himama. Kana malees yeroo ijoollummaa isaa baayyee bishaan daakuu akka jaalatuufi baayyee abshaala akka ture seenaan isaa ni hima. Shallamaa (2010:22-23) yoo ibsu,”Agarii Tulluu obbolawwan lama qaba. Isaanis: Jimaa Tulluufi Hirkoo Tulluu jedhamu. Jimaan angafa Hirkoon itti aana Agariin immoo quxisuudha. Hirkoon nama xiiqiin guuttame qeerramsa guyyaa nama ciniinu. Agariin kan hirkoo caalu malaafi gamnummaa malee xiiqinii miti. Jimaan garuu nama nagaa itti dubbatanis

nama garagaree hin ilaallee kan obsa qabu ture". Haadhi manaan Jimaa Tulluu Aadde Abbabuu Hirphaafi Xibabuu Tolaa akka jedhanitti Agarii Tulluu obboloota haadhafi abbaadhan tokkoo dhiira lamaafi dubartoota lama qaba. Isaanis Jimaa, Hirkoo,Didheefi Raggee Tulluu jedhamu. Kan haadhan tokkoo immoo dhiira tokkoofi dubartii tokko qaba. Isaanis: Tolasaa Badhaaneefi Dirribee Badhaanee jedhamu. Kan abbaadhan tokkoo immoo dhiira tokko qaba. Innis Simee Tulluu jedhama.

Agarii Tulluu umurii ijoollummaa isaatin bara 1950 tti leenjii loltummaa fudhachuun waraanaa yeroo sanaa 'kubur zabanyaa' jedhamu kan mana mootummaa eegu keessatti qaxaramuun magaalaa finfinnee gale. Wayita loltuu kubur zabanyaa ta'ee hojjechaa jiruu kanattii loogiin sanyii biyyaa kana keessatti dagaagee jiruufi cunqursaa Uummata Oromoo irra gaha ture sana arguudhaan garaan isaa murtii qabsoo hidhannoo gochuuf murteesse. Kana malees salaalee lafa dhaloota isaatti dhiibbaa ilmaan nafxanyaatin ilmaan Oromoo irraan gahaa ture sun ijoollummaa isaati jalqabee sammuu isaa keessa jirti. Hayiluu (2015:157) yommuu ibsu, "wayita loltuu kubur zabanyaa ta'uun finfinneetti tajaajilaa ture sana miseensa waldaa Maccaafi Tulamaa ta'uudhaan sochii sabboonumma Oromoo keessatti qooda fudhachaa ture" jedha.

Bara 1959 tti yeroo hoggantoonni waldaa Maccaafi Tuulamaa mootummaa Hayilasillaasetiin yakkamanii mana hidhaa galan, Agarii Tulluu immoo hojii isaa dhiisee meeshaa hidhatee jiru qabatee gara bosona salaaleetti qajeele. Erga qabsoo hidhannoo irratti bobba'ee booda soda tokko malee uummanni Oromoo salaalee fincila diddaa garbummaa akka taasisan barsiisaa, kakaasaa ture. Kana malees uummanni abbaa lafaatif irboo akka hin kanfalle gorsaa, abbootii lafaa uummata irraa irboo fudhatan akeekkachiisaa tarkaanfii irratti fudhaachaa akka ture seenaan isaa ni hima.

Obbo Buzunaa Taadhasaa ogeessa aadaafi turizimiifi obbo Mul'ataa Tasfaayee hojjetaa bulchinsaafi nageenya Aanaa Dagam akka jedhanitti Agarii Tulluu abbaa lafaatin loluuf dirqama leenjii loltummaa fudhachuu waan qabuuf ijoollummaa isaatin gara leenjii 'xoor sarawit' seene. Sana booda erga achii ba'ee '*kubur zabenya'* eegduu mana mootii Hayileesillaasee ta'ee hojjechuu eegale. Achitti loogiin sanyummaadhan nama irratti raawwatamu baay'ee waan isa gaddisiiseef sirna abbaa lafaa kana jijjiiruuf bosona seenuun qaba jedhee meeshaa waraanaa ittiin mana mootii eegaa ture emi'oonii/m-one/ kan jedhamu fudhatee gara Tulluu Leencaa fi holqa

Agariitti qajeele. Sana booda Dagam, Kuyyuu, Giraar Jaarsoofi Yaayyaa Gullallee keessa naanna'uudhaan abbootii lafaa naasisuu jalqabe jedhu.

Akka lubni Dabalee jedhanitti Agarii Tulluu bosona keessa dhokatee kan ta'u osoo hin taane baayyee abshaala waan tureef tooftaa adda addaatti kanneen akka: kadhattuu fakkaatee uffata ciccitaa uffaachuu, daldaltuu kallee fakkaachuun kallee re'eefi hoolaa baatee socho'uun, qoraanifi cilee/kasala/ baatee nama qoraanifi cilee/kasala/ gurguru fakkaatee magaalaa keessa deemuun, qoobii/gonfoo/ saleenii/baala meexxii/ irraa hojjetame mataatti kaawwachuun daldaltuu qullubbii fakkaatee gabayaa keessa ta'uun waan namoonni waa'ee isaa jedhan erga funaannatee booda namoota waa'ee isaa waan yaraa dubbatanitti "waan isin naan jettan dhaga'eera nan dhufaa na eeggadhaa" jedhee nama itti erga. Kana booda namoonni hunduu " Agariin hafuura yookin seexana bakka taa'ee nama dhaga'u hin beekkamu waa'ee isaa hin dubbatinaa" waliin jedhu. Kanuma irraa ka'uudhan namni yeroo rafu, yeroo hirribaa ka'u "yaa waaqa Agarii nagaan na oolchitee nagaan na bulchi, nagaan na bulchitee nagaan na oolchi" jedhee waaqa Agarii kadhachaa akka ture dubbatu.

Hayiluu (2015:158) yoo ibsu, bara qabsoo isaa keessatti guyyaa tokko ergamtoonni mootummaa abbaa irree biraa dhufan kan dhalootan Oromoo ta'an Agarii qabanii kennuuf akka dhufan duursee waan dhaga'eef galgala bakkuma isaan jiranitti tasa irra gahe. Sana booda jarri nu ajjeesa jedhanii baayyee nahan, akka isaan ajjeesuuf hin dhufne itti himee akkas jedheen "Akkasumaan dhamaatan malee ana rasaasni na hin rukutu" jedheenii isaanuma fulduratti rasaasa taphaa/game bullet/ jedhamtu ofitti dhukaase. Rasaasichaan rukutamee du'uu didnaan jarri baayyee nahanii fajajan,.itti aansuun rasaasicha qawwee isaatti naqee fuldura isaanii dhaabbate "dabaree dabareedhaan natti dhukaasaa" jedheen. Itti dhukaasan inni rukutamuu dide. Sana booda lafa hundatti "Agarii rasaasni hin dhahu" jechuun ballinaan odeeffamuu jalqabe. Kun immoo nafxanyootatti bowwoo mataa itti ta'ee, Agariif immoo kabaja guddaa akka argatu godhe. Namni yoo wal lole illee "Adaraa Waaqa Agarii na hin tuqiinaa" yoo jedhe nammni akkas jedhe sun tasuma hin tuqamu jedhama.

Agarii Tulluu hordoffiin mootummaa abbaa irree waan itti baayyateef yeroo hunda mala jijjiirratee qabsaa'aa ture.yeroo tokko qeesi yoo fakkaate, yeroo biroo immoo kadhattuu fakkaatee deema, yeroo tokko immoo daldaltuu kal'ee yoo fakkatee, yeroo biroo immoo uffata dubartii uffachuun dubartii fakkachuun nafxanyoota akka rakkisaa turetu himama. Hayilu

(2015:162) yoo ibsu, Uummanni oromoo salaalee akka Agariin harka mootummaa abbaa irreetti hin kufneef bifa sirbaatin akkas jechuun waaqa kadhataniif:

*Kuyyuu hin roobiin yaa cabbii*
*Hurufa kuyyuu hin robin yaa cabbii*
*Nafseetti faradanii*
*Agarii Tulluu baasi yaa Rabbii*

Akka itti gaafatamaan bulchinsaafi nageenyaa aanaa dagam obbo Shifarraa Taakkalaa jedhanitti Sochii Agariin jalqabe kun kan hirriba isa dhoowwe mootummaan Hayilasillaasee loltoota ‘biherawi polis serawit fi siginal polis’ kan jedhaman baay’inaan gara salaalee naannoo Agariin itti qabsoo hidhannoo gaggeessaa jiru sanatti bobbaasee uummata naannichaa dhiphisaa ture. Bakki Agariin qabsoo itti gochaa tures Salaale keessaa Aanaa jaha keessatti yemmuu ta’u isaanis:Aanaa Dagam, Kuyyuu,Warra Jaarsoo, Hidhabuu Abootee, Giraar Jaarsoofi Yaayyaa Gullallee yoo ta’u, yeroo tokko tokko immoo gara shawaa lixaattis deemuun Aanaa Meettaa keessas akka socho’aa ture dubbatu..

Dhumarratti qabsoo isaa kana kutaa Oromiyaa biraatti babalisuuf yaadee gara dhiya oromiyaa Wallaggatti bobba’e. Gaafa gara Wallaggaatti deemu finfinnee naannoo Qacanee madaniyalemii iddoo duraan boqotutti goruudhan jaallewwan qabsoo isaatif gara magaalaa Naqamteetti deemuu isaafi isaanis akka gara sana deeman, hoteela kam akka qubatu hunda xalayaa barreessee haadha manichaatti kennee deeme. Shallamaa (2010:45) yoo ibsu, Agariin salaalee gadhiisaa wallaga deemuu isaa gaafa dhaga’an uummanni salaalee akkas jechuun sirbaniif:

*Agarii yaa Agarii (2)*
*Dheeffi nama hin baasuu garagarii*.

Jechuun akka salaaleetti deebi’ee galuuf itti dhaaman.

Sana booda loltoonni mootummaa abbaa irree isa hordofaa turan mana dubartiin xalayaan itti kennamee deemuun dirqisisanii xalayicha irraa fudhachuun isa hordofanii Naqamte deeman. Agariin immoo naqamtetti mana jaalallee isaa kan maqaan ishee **Siddisuu** jedhamtuutti boqotee ture. Akka maanguddoon kun jedhanitti akka isheen mootummaa yeroo sanaa wajjiin waliigaltee Agarii dabarsitee kenniteetti dubbatu. Kana booda gurraandhala 8/1962 tti iddoo sanaa qabanii gara Salaalee Fiichetti fidanii akka hidhan himu.

Hayiluu (2015:167) yoo ibsu, Sana booda uummanni qabamuu Agarii erga dhagahanii jaalala Agariif qaban akkas jechuun sirbaan dhaammatan:

*Yaa hoolota oborii*
*Hoolota Hamdee gugurraa sanii*
*Shiboo irra maranii*
*Harka Agarii ibiddoo sanii*

Obbo Mul'ataa Tasfaayee akka jedhanitti Agariin erga hidhamee turtii ji'a tokkoo keessatti duuti itti murteeffamee caamsaa 24/1962 guyyaa jimaataa magalaa Ambisootti obboloota isaa Jimaa Tuluu fi Hirkoo Tulluu wajjiin bakka tokkotti fannisan. Hirkoon wadaroo ittiin fannifame kutee lafatti bu'e, akka seera yeroo sanaattii immoo namni fannifamee yoo wadaroon ittiin cite namni sun nama yakka hin qabne jedhamee waan amanamuuf deebifamee hin fannifamu ture. Garuu guyyaa sana Seera kana cabsanii Hirkoo itti deebisanii fannisanii ajjeesan. Kana booda gosni isaanii reenfa isaanii fudhatanii ganda dhaloota isaanii Leemmansillaasetti iddoo tokkotti akka awwaalan dubbatu.

Sana booda uummanni Oromoo salaalee afwalalootti fayyadamuun bifa sirbaan geerarsaa, faaruun, dhaadannoon, gaddaan quuqqaa garaa isaa ibsachaa tureera, ammas ibsachaa jira. Anis kanuma bu'uura godhachuun qorannoo kana kanan gaggeesse uummanni Oromoo godinaa Shawaa Kaabaa/Salaalee Aanaa Dagam Ogafaan keessaa afwalalootti fayyadamuun gooticha Oromoo Agarii Tulluufi maatii isaaf maal jedhanii akka sirbaaniif xiinxaluun qaaccssera.

### 4.2. Xiinxala Ragaalee Afgaaffiidhaan Funaannamanii

Qorannoo tokko keessatti ragaan bifa afgaaffitiin funaannamu dhugummaa raga sanaatif baay'ee barbaachisaadha. Kanaaf anis qorannoo kana yommuun gaggeessu namoota waa'ee mata duree qorannoo kana irraatti hubannoo qaban biratti qaaman argamuun gaaffilee afgaaffiidhaaf qopheeffadhe gaafadhee deebii isaanii haala armaan gadiitin xiinxaleen jira.

#### 4.2.1. Sirba Shoboxee Yeroo Agariin Qabsoo Jalqabu sirbaman

Hojjetaan waajjira koominikeeshinii Aanaa Dagam Obbo Sisaay Dirribaa akka jedhanitti yemmuu Agariin iddoo kubur zabanya ta'ee hojjetu sana roorroo/tuffii uummata oromoo irra ga'u erga hubatee booda qawwee isaa kan ittiin mana mootummaa eegu emi'oonii isaa fudhatee gara bosonatti qajeele.Sana booda uummanni salaalee sirbatti fayyadamuun akka hojiin

mootummaa yeroo sanaa isa aarsee lubbuu isaa uummata kanaaf kennee sirnicha jijjiiruuf kutannaan manaa ba’e akkas jechuun ibsaan

*Agarii Tulluu malee*
*Kan qawweetti fooxaa maruu hin jiruu*
*Garaa kutate malee*
*Kan du’aaf ajjeechaa malu hin jiru*

Sirba kanarraa kan hubatamu sirni yeroo sanaa namoota walcaalchisaa ture sun namoota baayee rakkisee akka bosona seenaanii lubbuu isaanii du’aaf kennanii nama biraas akka ajjeesan gochaa turuu isaa agarsiisa. kana malees Agariin abshaala waan ta’eef akka hin qabamne qawwee isaa uffata fooxaa jedhamu kan namni yeroo qorraa uffatu itti maree akka deemaa ture ittiin ibsu. Kana malees namni yoo kutate kaayyoo isaa galmaan ga’uuf hanga lubbuu isaa dabarsee kennutti deemuu akka danda’u ibsu. Kanaaf namni yoo aariin garaa gube malee akka murtoo du’aafi ajjeechaaf hin qophoofne sirbaan ibsaa turan Oromoonni salaalee.

Akka dhalataan ganda leemmansillaasee maammiree Dabaleen jedhanitti yeroo Agariin kubur zabanyaa ta’ee hojjechaa turetti Taaddasaa Birruu immoo hogganaa waraana mootummaa Hayilasillaasee ture. Agariin duursee daba mootummaan abbaa irree uummata irraan ga’aa jiru waan hubateef meeshaa isaa qabatee qabsoodhaf bosona seene. Taaddasaan garuu mootummicha biratti amanamummaadhaan hojjechaa ture. Haata’u malee inni  iccitii isaanii hin beeku ture.

Guyyaa tokko mootummaan hayilasillasee icciti mootumma isaa aanga’oota isaa sabaan Amaaraa ta’an waltajjii waame. Yemmuu kana jeneraal Taaddasaa Birruu hogganaa waraanaa waan ta’eef waltajjicha irratti hirmaachuuf deemee. Kana booda namoonni galma waltajjichaa seensisaa turan namoota ol galchuu jalqaban. Dabareen jeneraal Taaddasaa Birruu yeroo ga’u “ simh manew” jedhaniin inni immoo deebisee “Taadesee” jedheen, ammas deebisanii“Taddesee man” jedhan,“Tadesee Birru” jedheen. maqaa isaa ilaalanii Amaara itti fakkaatee,“giba”jedhaniin. Erga waltajjii seenanii waltajjii sana irraatti aanga’oonni mootummichaa tooftaa ittiin saba oromoo garbummaa jala tursiisan mari’achaa turan. Yeroo sanaa kaasee jeneraal Taaddasaa Birruu mootummicha irraa abdii kutachuun Agarii hordofee qabsoo eegale. Yeroo kana uummanni oromoo salaalee sirbatti fayyadamuun akkas jedhanii sirban.:

*Agariin gabaabadhaa*
*Taaddasaa birruu sani dheeranii*
*Gad taa'i ni haasofna*
*Nu lachuu garaat hafe seenanii*

Sirba armaan olii kana irraa wanti hubatamu namoota qabsoo bilisummaa jalqaban keessaa Agariin dhaabbanni isaa gabaabaa ta'uufi Taaddasaa Birruu immoo nama dhaabbata dheeratu ta'uu isaanii erga ibsanii booda garbummaa sirni nafxaanyaa irraan ga'aa jiru kana jalaa bahuuf uummanni warra qabsoo jalqaban Agariifi Taaddasaa Birruu wajjiin mari'achuun akka irra jiru ibsuuf "gad taa'i ni haasofnaa, nu lachuu garaat hafe seenaani" jechuun akka sirni nafxanyaa sun aadaa, seenaa, afaan, lafa abbootii isaaniitti akka hin fayyadamne dhorkuu isaa argina. Gama biraatiin ilaalchi sirna fewudaalaa /fewudal ideology/ dhiibbaa inni fidaa jiru kun kan marii barbaachisu ta'uu isaa namatti agarsiisa. Mallattummaa 'gabaabaafi dheeraa' jedhu immoo garaagarummaa aangoo jara lamaanillee ni agarsiisa. Garuu amma sirna hamaa kana ofirraa fonqolchuuf yeroon itti mari'atamuu qabufi hojimanee itti aanuu hojjetamu akeekuuf seenaa darbe waliif qoodanii ga'ee qooddachuu akka qabanis ni agarsiisa.

### 4.2.2. Sirba Shoboxee Yeroo Agariin Tarkaanfii Fudhatu Sirbame

Akka ilmi ilma Agarii barataa Taaddasaa Salamoon Agarii jedhetti yemmuu waraanni mootummaa abbaa irree isa qabuuf barbaadan inni immoo holqafi laga mogor keessa naanna'e qawwee isaa emi'ooniidhaan isaan waraanee yommuu of irraa deebisu uummanni bifa sirbaan akkana jechuun isa jajjabeessu turan

*Mogee keessa naanna'ii*
*Koottu Agarii koottu Agarii*
*Silaas of harkaa qabdaa*
*emi'ooniidhaan itti waqarii*

Uummanni oromoo salaalee sirba kanaan Agariin waraana isaan lolaa jiru kana akka hin sodaanne jabaatee akka of irraa deebisu ittiin jajjabeessuuf "silaas of harkaa qabdaa emi'ooniidhaan itti waqari" jechaanii akka turaniifi jaalala isaaf qaban ibsuuf "laga mogor keessa naanna'ii koottu Agarii" jedhanii akka itti dhaammachaa turan argina.



***Suuraa 3. Afgaaffii gaafa guyyaa 30/8/2012 ilma ilma Agarii barataa Taaddasaa Salamoon wajiin taasifame***

Akka obbo Xibabuu Tolaafi Maammiree Dabalee jedhanitti Muluu Asanuu bulchaa 'awraajjaa' kuyyuu yommuu turetti Agarii qabee dabarsee mootummaa Hayilasillaasetti kennuudhaaf dhaadachaa ture. Akkas jedha "Agarii tiksee re'ee gufuu tana, kan nama hunda sodaachiftu tana amman qabee ishee hidha,qabaa kiyya jalaa hin baatu" jedhee dhaadatee 'ashkaroota' balaay fi Burruusee qabatee Aanaa Kuyyuutii ka'ee gara Aanaa Dagam bosona Ganda Leemmansillaasetti qajeele. Achitti Agariidhan dhukaasa walitti banan. Erga walwaraanaa turanii Agariin emi'ooniidhaan ashkaroota Muluu keessaa Balaay rukutee. Sana booda Muluufi warri kaan baqatan. Yeroo kana uummanni salaalee akkas jechuun gootummaa Agarii faarsan:

*Baga si baase yaa burruusee*
*Agariin Balaay udduurra buusee*

Sirba kanarra kan hubatamu goota akka Agarii tooftaa lolaa beeku qabuuf yaaluun, tuffachuun, akkasumas gootummaan onneedha malee dhaabbata gabaabbachuufi dheerachuun kan hin murteeffamne ta'uu ibsuuf " baga si baase yaa Burruusee Agariin Balaay hudduurra buusee" jedhanii gootummaa Agarii ajaa'ibsiifachuu isaanii hubanna.

### 4.2.3. Sirba Shoboxee Yeroo Agariin Qabsoo Keessa Jiru Sirbamee

Akka ogeessi qindeessa daddabarsa ragaalee bu'uura hawaasaa obbo Mangistuu Nagaash jedhanitti Agariin yeroo qabsoo keessa jiru loltuu cimaa waraana mootummaa yeroo sana siginaal polis jedhamu waraanee kaan ajjeesee kaan immoo madeessee of irraa deebise. Yemmuu kana uummanni salaalee akkana jechuun gootummaa isaa ibsan.

*Agarii yaa Agarii*
*Tokkicha qixxee nama sagalii*

Dhaamsi sirba kanaa gootummaafi ciminni Agarii hangam guddaa akka ta’e ibsuuf jecha “Agarii yaa Agarii tokkicha qixxee nama sagalii” jedhanii nama tokko nama sagaliin wal bira qabani ittiin ibsan. Kana malees goonni tokko kophaa isaa namoota baay’ee akka inni caaluu danda’u ibsanif.

Haadhi manaa Jimaa Tulluu aadde Abbabuu Hirphaa akka jedhanitti waraanni mootummaa naannoo ganda leemmansillaasee sana akka hin seenne dhorkee, abbootin lafaa ganda kana keessa jiran immoo hiyyeessa irraa akka qabeenya hin fudhanne gochaa waan tureef uummanni guddummaa Agarii akkas jechuun ibsan.

*Suyyumee/Agarii yaa kutattuu*
*Suyyee Tulluu yaa kutattuu*
*Baalabbaata leeemmani durattuu*

Afwalaloo kanatti fayyadamuun gara jabeenyafi gootummaa isaa ibsuun, ganda Leemman Sillasee mootummaa Hayilasillaasee osoo hin taane Agariin akka bulchaa jiru ergaa dabarfachuuf “Agarii yaa kutattuu baalabbata leemmani durattuu” jedhanii sirban. Baalabbaanni akka yeroo sanaatti moggaasa abbootii lafaatif yookin warra sanyii mootii ta’aniif kan kennamu waan tureef isaanitti fakkeessanii Agariidhan abbaan biyyaa suma jabaadhu ni injifattaa jechuun ibsan.



***Suuraa5.Afgaaffii gaafa guyyaa 29/8/2012 haadha manaa Jimaa Tulluu Aadde Abbabuu Hirphaa waliin taasifame***

Kana malees akka maanguddoon kun jedhanitti Agarii namoonni baayyeen bifafi uffata isaa waan hin beeknef nama akkamii akka ta’e sirban namatti himaa turan. Akkasumas Agariin

tooftaa adda addaatti fayyadame waraana mootummaa abbaa irree fi abbooti lafaa kanneen dafqa hiyyeessaa nyaatan boqonnaa isaan dhoowwaa yemmuu ture, uummanni salaalee aanaa Dagam sanyiin isaa sanyii/zarii/ warra gootaa akka ta'e akkas jechuun sirbaan ibsaafi turan:

*Harka kootidha*
*Agarii tulluu harki kootidhaa*
*Yaa zarii mootidhaa*
*Suyyee Tulluu baandiraa shallamanii*

Ergaan sirba kanaa sanyiin gootaa yookin sanyiin mootii garbummaa baachuu hin danda'u lolee fincilee roorroo of irraa kaasee, saba isaa bilisoomsee alaabaa mataa isaa dhaabbata jechuuf" Agarii harki kootidhaa yaa zarii/ sanyii mootidhaa, Agarii baandiraa shallaman/ badhaasan jedhan. Kana malees goonni waan irratti bobba'ee ciminaan hojjetee kaayyoo isaa galmaan ga'ate akka badhaafamuu danda'us of keessaa qaba.

Akka Luba Dabaleen jedhanitti yemmuu Agariin bosona jiru, waraanni mootummaa Hayilesillaasee isa qabuuf dhaqan inni immoo gaara jirmee irra taa'eet qawwee isaa emi'ooniidhan dhukaasa itti bane of irraa deebisaa ture. Uummanni immoo gootummaa isaatti gammaduun yeroo mara gootummaa Agarii Tulluu sirbaan akkas jechuun ibsatu:

*Qawwee Agarii Tulluu*
*Laali emi'ooniin ni shuwwisaa*
*Ergan kana dhaga'ee*
*Akka seexanaa na dudubbisaa*

Sirba armaan olii kana irraa kan hubatamu Agariin goota dhukaasa danda'u ta'uu isaa ibsuuf uummaanni "Qawwee Agarii Tulluu laali emi'oonin ni shiwwisaa"akka jedhaniifi Agariititti bosona seenuudhaan abbaa lafaa dafqa isaanii nyaachaa jirun loluuf osoo hin beekkamiin dhoksaatti mari'achaa akka jiran ibsuuf immoo "ergan kana dhaga'ee akka seexanaa na dudubbisaa" jedhanii seexanatti of fakkeessuun waliif dhaamuu isaanii agina.

### 4.4.4. Sirba Shoboxee Yeroo Agariin Salaale Gadhiisee Deeme Sirbame

Akka haadhi manaa Jimaa Tulluu Aadde Abbabuu Hirphaa jedhanitti Agarii Tulluu barbaachifi adamsuun karaa waraana mootummaa abbaa irree hayilasillaaseetin itti hammaannan salaale gadhiisee gara oromiyaa lixaa wallaggatti baqate. Yeroo kana uummanni oromoo salaalee Agariin salaale gadhiisuu isaa akkan jechuun himan:

*Tushaa foo’i walalgaa (2)*
*Namseen nama hin teessistuu*
*Agarii Tulluu bu’e wallaggaa*

Sirbi kun ergaan inni qabu, namni tokko saba isaa bilisa baasuuf yemmuu qabsaa’u hawaasa keessa dhokatu ykn isa dhoksu qabaachuu qaba. Akkasumas namoota isa cina dhaabbatu kan wajjiin qabsaa’u qabaachuu qaba. Namni yoo walcina dhaabbate waljabeessa jechuuf” tushaa foo’i walalgaa” jedhan. Sababni isaa tushaa walalgeeffamee ykn tushaa dachaan foo’amee ni jabaata waan ta’eef. akkasumas namni nama dhoksu yoo hin jiraanne qabsoon ni fashalaa’a, namni qabsoo keessa jirus abdii kutatee qabsoo dhiisee deemu danda’a jechuuf immo”namseen nama hin teessistuu Agarii Tulluu bu’e wallaggaa” jedhuu isaanii ni hubatama.

Dabalataanis akka maanguddoon kun jedhanitti yemmuu Agariin salaalee gadhiisee wallagga bu’e, akka inni salaaletti deebi’ee qabsoo isaa itti fufuf uummanni salaalee sirbaan itti dhaaman.

*Agarii yaa Agarii*
*Dheeffi nama hin baasuu garagarii*

Ergaan sirba kanaa roorroon yoo hammaattes ajjeesanii biyya ofii irratti du’uu wayya, namni qabsoo jalqabee lubbuu isaatif sodaachuu hin qabu ,baqachuus hin qabu jechuuf “Agarii dheeffi nama hin baasuu garagari” jedhanii akka inni salaaletti deebi’u dhaammachuu isaanii argina. Gama biraatin haala amma jiruun gara biraatti baqachuurra gosa ofii keessa taa’anii falmachuun filatamaa ta’uu isaa agarsiisa.

### 4.2.5. Sirba Shoboxee Erga Agariin Qabamee Sirbame

Akka itti gaafatamaan bulchinsaaf nageenyaa aanaa dagam obboo Shifarraa Taakkalaa jedhanitti Agariin salaaletti lolli itti hammaannan salaale gadhiisee gara wallaaggatti baqate. Turtii muraasa booda wallaggatti dubartii Siddisuu jedhamtutti galee jaalallee ishee godhate. Isheen seenaa isaa hunda erga bartee booda waraana mootummaa hayilasillaaseetin waliigaltee dabarsitee isa kennite. Kana booda Agariin ni qabame. Erga qabamee akkas jedhee sirbaan tooftaa akkamiitin akka isa qabsiiste uummatatti hime.

*Siddisuun cooma naaf qalteeti malee*
*Siddisuun itillee hafteeti malee*
*Siddisuu kan addaatu maali jennaan*
*Galabaa garbuuti jettee*
*Siddisuu kan didichu maali jennaan*
*Jabbiloota kooti jettee*

*Siddisuu kan ususu maali jennaan*
*Ashkaroota kooti jettee*
*Siddisuu as fidi muzgeerii jennaan*
*Oggoraa karraati jette*
*Siddisuu osoo alamiin na galchee*
*Osoo addunyaan na galchee*
*Siifan baasa gaafan galee*

Jedhee gocha isheen isa irratti raawwatte sirbaan dhaammate. Sirbi kun ergaan inni qabu, namni gantuun garaa isheef malee lammii isheef hin yaadne hawaasa keessa akka jiru, tooftaa akkamitti fayyadamtee namni akka nama miidhuu dandeessu, namni amanan akkamiin akka dabarsee nama kennu irraa hubatama.

Haadhi manaan Jimaa Tuluu Akka jedhanitti bara mootummaa Hayilasillaasee sana hoolota eegee hin qabne kan naannoo qorraatti horuu dandeessu naannoo walloo iddoo manzee jedhamuu fuudhanii gaara dagamiitti asii ol bobbaasu turan. Warri abbaa lafaatis yeroo sana baay'inaan kan dhufan naannoo wallootirraa waan ta'eef hoolota achii fuudhanii asitti horsiisu turan. Kanaaf yeroo Agariin qabamu isaaniin walqabsiisanii akkamitti akka hidhan sirbaan dhaaman

*Salaaletti ol oofanii*
*Hoolota manzee gugurraa sanii*
*Shiboo irra maranii*
*Harka Agarii mushurraa sanii*

sirba kanaa irraa gama siyaasaan kan hubatamu namoonni oromoo hin taane oromiyaa keessatti abbaa lafaa ta'anii akka barbaadan jiraachaa jirachuu isaanii ibsuuf " salaaletti ol oofanii hoolota manzee gugurraa sanii"akka jedhaniifi Oromoonni oromiyaa keessatti dhalatanii guddatan garuu roorrifaamaa, ajjeefamaa, hidhamaa, ergamtuu namaa ta'aa. Bakka diddaa agarsiisanitti immoo akka harka duubatti hidhamanii ajjeefaman ibsuuf immoo" shiboo irra maranii harka Agarii mushurraa sanii" jedhanii roorroo jiru ibsachuu isaanii argina.gama hawaasummaan immoo sanyii hoolota manzee kan abbootin lafaa manzee irraa dhufan horsiisan salaale keessatti baay'achuufi harki Agarii baay'ee kan bareedu ta'uu isaa sirba kanaa ibsuu isaanii agarra.

Dabalataanis maanguddoon kun akka jedhanitti yeroo Agariin qabamee mana hidhaa galchan uummanni Salaalee akka mootummaan abbaa irree murtii du'aa itti murteessee ati immoo yaa rabbi Agariin akka fannifamee hin dune murtoo isaani kan fashaleessi jedhanii bifa sirbaatiin akkas jechuun waaqa kadhatanif:

*Kuyyuu hin roobin yaa cabbii*
*Hurufa kuyyuu hin roobin cabbii*
*Namseetti faradanii*
*Agarii Tulluu baasi yaa Rabbi*

Ergaan sirba kanaa akka aadaa oromootti oromoon waaqa kadhatee balaa hamaa itti dhufu jalaa oola. Kanuma irraa ka'uudhan oromoonni naannoo salaaletis balaa hamaa nurraa qabi jechuuf" hurufa kuyyuu hin robin yaa cabbii" akka jedhaniifi yemmuu Agariin qabame murtiin du'aa itti murteeffame sana namni firdii jal'isee murtii du'aa namatti murteessuu danda'a, rabbi garuu murtoo sana garagalchuu akka danda'u amananii "namseetti faradanii Agarii Tulluu baasi yaa rabbi" jedhanii uummanni Agariidhaf waaqa kadhachaa akka turan argina.

Akka hiriyaan ijoollummaa Agarii Tulluu luba Dabalee jedhanitti  karaa waraana mootummaa abbaa irreetiin adamsamuun itti hammaannan holqa isaafi laga mogor gadhiisee gara wallaggaatti qajeele. Wallaggatti dubartii tokkotti galee osoo achi jiraachaa jiruu, dubartittiin isa qabsiiste. Yommuu kana uummanni aanaa Dagam leemmansillaasee akkas jechuun qabamuu isaa sirban:

*Agariin hin qabamuu*
*Wallagga bu'eet qabame malee*
*Jireenyan wal hin dhabnuu*
*Yoon du'ee tiyyayyuu dhabe malee*

Qabiyyeefi ergaan sirba kanaa goonni uummata isaa garbummaa jalaa baasuuf qabsoo keessa jiru uummata keessaa dhalate keessaa yoo ba'e, bosona beeku, lafa beeku, holqa beeku gadhiisee iddoo hin beeknetti yoo socho'e balaadhaf saaxilamuu akka danda'u ibsuuf"Agariin hin qabamuu wallagga bu'eet qabame malee" jedhan. Kana malees akka seera uumamaatti namni yoo jiraate wal arga, kan du'e garuu akka wal hin argine ibsuuf "Jireenyan wal hin dhabnuu ,Yoon du'ee tiyyayyuu dhabe malee" jedhanii Agarii akka lubbuun turu hawwii qaban ibsachuu isaanii hubanna.


### 4.2.6. Sirba Shoboxee Yeroo Agariin Fannifame Sirbame

Akka ogeessi waajjira kominikeeshinii Aanaa Dagam Obbo Sisaay Dirribaa jedhanitti Agariin qabsoon isaa abbootii lafaa wajjiin wan tureef, abbootin lafaa immoo ofii isaanitii lolanii waan dadhabaniif waraana mootummaa Hayilasillaasee wajjiin waliigaluun Agarii ajjeechisuuf adamsiisaa turan. Abbootii lafaa sana keessaa yeroo baay'ee kan inni tarkaanfii irratti fudhachaa ture Zawudee Boggaalaa jedhama. Kanuma irraa ka'uudhan ilmi Zawudee Boggaalaa Sifarraa

Zawudee kan jedhamu waraana mootummaa yeroo sanaa wajjiin deemuun iddoo Agariin jiru eeruu kennaa ture. Dhumarrattis  eeruu kennee kan qabsiise isa jedhu. dhimma kana uummanni waan beekuuf yemmuu Agariin fannifamu akkas jechuun sirban:

*Onkoolaa qoraafadhuu*
*Onkoolaa bishaanii qoraafadhuu*
*Agarii fannisanii*
*Zawudee Boggaalaa obbaafadhuu*

Sirbi kun qabiyyee siyaasaafi hawaasummaa ofkeessaa qaba. Ergaan gama siyaasaan qabu wanta of harka qabdu qabadhuu ka'i qabsoo eegaali goonni qabsoorra ture wareegameera amma dabareen kan keeti yaada jedhutu hubatama. Gama hawaasumman immoo toorri jalqaba onkoolaa/ waraabduu bishaanii kee foolin isaa namatti hin toluu muka ijersaatin uli akka urgaa'u yaada jedhu qaba. Toorri dhumaa immoo goota keenya nu jalaa galaafattanii obbaafadhaa yaada jedhu dabarsa.




***Suura 6. Suuraa barruu aadaafi turizimii gaafa guyyaa 4/5/2012 kaafame***

Akka ragaan barruun maxxansa 1ffaa  fulbaana 2008 aadaafi turizimiin aanaa dagam maxxansiise irraa argadhetti obbolaa isaa jimaa tulluu ganda leemman caarrakiiti, Hirkoo Tulluu immoo Arsii xichoo fidanii erga hidhanii booda magaalaa finfinnee yuunivarsiitii finfinnee keessatti holqa keessa tursiisuun iddoo dhaabbanni mootummoota Afrikaa itti hundeeffame bakka alambaqqanyi jedhamutti erga hidhamaa turanii booda abbootin lafaa naannoo Salaalee murtiin akka itti kennamu wan gaafataniif mana murtiittii akka dhiyaatu ta'e. Murtiin kunis Agarii qofatti akka kennamu ta'e. murtii kana booda caamsaa 24/1962 Aanaa Dagam Magaalaa Hamsoo keessatti akka fannifaman godhan. Gocha mootummaa hayisillaasee kana uummanni salaalee walalootti fayyadamuun akkas jechuun sirban:

*Onkoolaa barreessanii*
*Onkoolaa bishaanii barreessanii*
*Ijoollee Tulluu Igguu*
*Dagamitti awwaaraan balleessanii*

Jedhanii gadda qabaniifi fannifamuu ilmaan Oromoo akkasumas sanyi balleessuu mootummaan hayilasillaassee uummata oromoo irraan ga'e ibsatan. Ergaan isaa mootummaan abbaa irree aangoo isaatif malee ilma maatirraa dhimma akka hin qabne, aangof jedhee gocha duguuggaa sanyii akka raawwachuu danda'u agarsiisa.



***Suuraa 7. iddoo Agarii, Hirkoofi Jimaa Tulluu itti fannifaman, gaafa guyyaa 1/9/12 kaafame***

Ogeettin aadaafi turizimii Aadde Mabraatee Taammanaa akka jedhanitti iddoon Agarii,Hirkoofi Jimaan itti fannifaman gabayaa keessa. Agariin karaa warri biyya isaa gandi leemmansillaasee ittin gabaa seenan irratti fannifame. Kunis sababni isaa uummanni ganda sanaa isa ilaalanii akka jillee abbootii lafaa irratti hin qabsoofnef ture. Itti aansee gabaa walakkaatti immoo Hirkoo fannisan.qarqara gabaa gara magaalaa fiicheetin immoo Jimaa Tulluu fannisan yeroo ammaa kana garuu wanti iddoo fannoo isaanii agarsiisu mallattoon tokkoyuu hin jiru jedhan.

Akka hiriyaan ijoollummaa Agarii luba Dabalee jedhanitti yemmuu Agariin, Hirkoo fi Jimaa Tulluu si'a tokko obbolaawwan sadeen iddoo tokkotti fannifaman uummanni oromoo Salaalee Aanaa Dagam gadda isaaniifi marartee isaanif qaban sirbatti fayyadamuun balleessaa sanyii mootummaan hayilasillaasee raawwate akkana jechuun ibsatan.

*Osoo aannan raasani*
*Aannan raasanii damma baasanii*
*Ijoollee Tulluu Igguu*
*Akka biqilaa san rarraasanii*

Ergaan sirba kanaa quuqqaa uummanni garaa keessatti gadi aadu agarsiisa. Osoo aannaan raasanii damma baasani, jechuun aannan damma ba'uu hin danda'u garuu jaalala Agariifaadhaf qaban ibsuuf osoo qabsaa'uudhaa baattani erga takkaa akka biqila farsoodhaa qophaa'ee fannifamtanii hin dhumtaniyyu, jechuudhaan gaabbi qaban ibsatan.

### 4.2.7. Sirboota erga Agariin du'ee sirbaman



***Suuraa 8. Afgaaffii gaafa guyyaa 12/9/2012 obbo Sisaay Dirribaa wajjiin taasifame***

Hojjetaa waajjira kominikeeshinii Aanaa Dagam Obbo Sisaay Dirribaa akkaa jedhanitti erga Agariin du'ee nama qofa osoo hin taane allaattin lagni mogoriyyuu jaalala Agariif qabu irraa kan ka'e ni iyye. Akkasumas miidhagina isaa ibsuuf, gootummaa isaa ibsuuf, jaalala isaaf qaban ibsuuf bifa sirbaatin akkas jechuun biyyee komatan:

*Gogorrii ni kaakkisaa*
*Allaattiin mogee maalumaaf iyyee*
*Agariin bareedumaa*
*Maaluma jetteet nyaatte yaa biyyee*

Sirba kanarraa yaadni hubatamu qabsaa'aan ummata isaa bilisa baasuuf qabsaa'u tokko bosona seenee qabasoo yemmuu taasisu, uummanni qabsaa'uf sun abdii bilisummaa horachaa jiraata. Jaalala isaaf karaa adda adda ibsuuf. Haa ta'u maalee gaafa qabsaa'an bilisumma saba tokkoo yeroo wareegamu abdii kutannaafi gadda guddaan saba sanatti dhufa. Kana irraa kan ka'e gaafa Agariin qabamu kan gaddaan muudate Saba Oromoo qofa osoo hin taane allaattifi gogorriin bosona laga mogor iyyuu akka gaddan sirbicha irraa agarra.

Akka Luba Dabaleen jedhanitti yommuu Agariin lubbuudhan jiru abbooti lafaa kanneen dafqa hiyyeessaa nyaatan mormuun uummata isaa bilisoomsuuf haalkaniifi guyyaa, aduufi rooba keessa, bonaaf ganna, baddaaf gammoojjiin osoo isa hin hafiin qabsoo taasisaa ture. Kanarraa kan ka'e uummanni Oromoo Salaalee aanaa Dagam baay'ee waan isa jaalataniif aannan, daadhii,

sangaa kennuuf turan. Haa ta'uu malee yeroo muraasa booda Agariin harka mootummaa abbaa irreetin qabamee ajjeefame. Sana booda uummanni sirbatti fayyadamuudhaan hangam akka isa jaalatan akkasiin ibsatan

*Agarii Tulluu durii*
*Harkarratti daadhii obaasanii*
*Osoo akka jabbilee*
*walitti hidhanii nu bobbaasanii*

sirbi armaan olii kun ergaan inni qabu gootonni yemmuu qabsaa'an jaalalaafi iddoo guddaa onnee uummataa keessaa qabaachuu isaanii, akkasumas uummannis gootota bilisummaaf qabsaa'aniif akkamiin akka kunuunsaa gochaafi turan argina.

Kana malees akka manguddoon kun jedhanitti erga Agariin du'ee uummanni Oromoo salaalee gootota lubbuun darban kanneen biqiltuu baay'inaan naannoo salaaletti margu wajjiin wal bira qabuun erga ibsanii booda, afwalalootti fayyadamuun biyyee gootota mootummaa abbaa irree boqonnaa dhoowwaa turan kanneen nyaatte kana akkas jechuun komatan:

*Barzaafii salaal jalaa*
*Yaa tarree tarree (2)*
*Mudhii Agarii Tulluu*
*Nyaatte yaa biyyee situ hin affarree*

Ergaan sirba kanaa yeroo hunda mudhiin gootaa meeshaa waraanaa ittiin diina isaa waraanu waan baatuuf jabaataa akka ta'efi jabaan kammiyyuu dhumni isaa biyyeen akka nyaatamu yookin qabsaa'an hanga danda'u qabsaa'ee dhuma irratti wareegamuu akka danda'u hubanna.

Haadhi manaa Jimaa Tulluu Aadde Abbabuu Hirphaa akka jedhanitti erga Agariifi obboloonni isaa fannifamanii du'anii haati Agarii kophaatti hafte. Haati goototaa guyyaan itti dukkanaa'e, jiruun itti hammaatte kophaa ishee teessee boossi. Yemmuu kana namoonni boo'icha ishee kana argan Agariin hafuura, waan namni dhoksaatti dubbate dhaga'aa ture waan ta'eef tarii ammas dhaga'uu danda'a jedhani sirbaan akkana jechuun itti dhaaman:

*Yaa simbirroo gammoojjii* (2)
*Koo gali yaa Agarii*
*Gali Dassuun ni boochi*
*Haati Agarii waan fuutu moojii*
*Taabota laalteet boochii*

Sirba kanarraa kan hubatamu Agariin qabsoo gaggeessuuf gammoojjii yookin bosona keessa jiraachaa waan tureef ummanni Agarii jedhanii waamuuf sirna yeroo sanaa waan sodaataniif

‘*Yaa simbirroo gammoojjii, Yaa simbirroo gammoojjii’* jedhanii Agarii waamaa akka turanifi haadhi Agarii erga Agariin du’ee baay’ee gadditee yeroo hunda ijji ishee iddoo awwalcha Agarii akka ilaaluufi immimmaan akka irraa akka irraa hin qoorre ibsuuf ‘ haati Agarii waan fuutu mooji, taabota laalteet boochii’ jedhani sirbaa turuu isaanii agarra.

Kana malees maanguddoon kun akka jedhanitti Agariin yeroo qabsoo keessa ture naannoo laga mogor keessa socho’aa waan tureef erga inni wareegamee immoo iddoon inni keessa socho’aa ture ni one yookin qabsaa’an achi keessa socho’u ni dhabame. Bosonni naannoo laga mogor duwwaa ta’e. kanarraa ka’uudhan uummanni oromoo salaalee aanaa Dagam afwalalootti fayyadamuun akkana jechuun gadda qaban ibsatan:

*Maal magarsa maal magarsa*
*Migirri qarre gohaa*
*Koo gali yaa Agarii*
*Gali mogeen ni boo’aa*

Dhaamsi sirbi kun qabu goonni yemmuu wareegamu kan gaddu nama qofa osoo hin taane bosonnifi holqi inni keessa socho’aa tures akka gaddan afwalaloo kanarraa hubachuun ni danda’ama.

### 4.2.8. Geerrarsa Erga Agariin Du’ee Geerrarame

Akka luba Dabaleefi Xibabuu Tolaa jedhanitti erga Agariin qabamee mana hidhaa galee mootummaan Hayilasillasee wabii /waasii/ waamee akka gadhiifamu jedhee ture. Haata’uu malee Agariin immoo wabii hin waamu jedhee dide. Kana booda murtoon du’aa itti murteeffame jedhu. Kanarraa kan ka’e uummanni Oromoo Salaalee akka Agariin wabii waamuu dide erga dhaga’anii akkana jechuun bifa geerrarsaatin gaabbii qaban ibsatan

*Waas jennaan dide goonnii*
*Waas jennaan dide goonni*
*Goonni waasii hin waamuu*
*Ni waamsisa malee*
*Muka mooyyee muruu*
*Osoo waasii waamee*
*Agarii ilmi Tulluu*
*Silaa fooyyee hin buluu*

Jedhanii akka Agariin wabii waammachuu didee duuti itti murtaa’e erga ibsanii booda garuu osoo wabii waamera ta’ee mana hidhaatii ba’ee umurii dheeraa akka jiraachuu danda’u geerrarsa kanaan dhaaman. Ergaan geerrarsa kanaa goonni du’a sodaatee nama hin gabbarru, ni

gabbarsiisa malee jechuuf ”goonni waasii hin waamu ni waamsisa malee” jedhan. garuu yoo nama gabbare umurii dheerachuu akka danda’u “ osoo waasii waamee Agarii ilmi Tulluu silaa fooyyee hin bulu” akka jedhan agarra.



***Suuraa 4.Afgaaffii gaafa guyyaa 30/8/2012 ObboXibabuu Tolaafi luba Dabalee waliin taasifame***

Dhalataan ganda Leemmansillaasee obbo Xibabuu Tolaa akka jedhanitti Agariin erga du’e Oromoo Salaalee aanaa Dagam jaalala Agariif qaban miira abdii kutannaatin afwalalootti fayyadamuun akkas jechuun ibsachaa turan:

*Osoo gaangonni dhaltee*
*Gaangota zinaarii santu dhalaa*
*Osoo kan du’e galee*
*Agarii Tulluutu dura gala*

Ergaan sirba kanaa seeraa uumamaa keessatti wanti darbe tokko gara fulduraatti deebi’ee dhufuu akka hin dandeenye, akkasumas uumama keessatti gaangeen dhaluu akka hin dandeenyefi namni du’es deebi’ee galuu akka hin dandeenye irraa hubanna. Kana malees akka nama sana adda dureedhaan jaalatan ibsuuf immoo osoo namni du’e galee akka inni kaayyoofi mul’ata sanaf duursee galu agarsiisa.

### 4.2.9. Dhaadannoo Agariin Dhaadachaa ture

Akka haadhi manaa Jimaa Tulluu aadde Abbabuu Hirphaa jedhanitti Agariin waraana mootummaa Hayilasillaasee abbootii lafaa dafqa qonnaan bulaa nyaachaa jiran waliin qabsoo taasisaa yemmuu turetti tarkaanfiwwaan ajjeechaa, qabeenya saamuu, gabbarsiisuu fudhachaa tureera. Yommuu waraana mootummaa wajjiin wal lolee kaan ajjeesee kaan immoo madeessee of irraa deebise akkasiin dhaadatee gootummaa isaa ibsachaa ture:

*Agarii yaa girgitteessaa*
*Yaa bittinneessaa warra Tulluu*

Dhaadannoon kun kan ibsu Agariin goota cimaa kan waraanni hin dandeenye dadhabsiisaa ta'uu isaa 'yaa girgitteessaa' jedhee of ibsa, ' bittineessaa' yemmuu jedhu immoo kan diina isaa kan ajjeesee kaan madeessee biyyaa baasu/gargar bittineessuu/ ta'uu isaa ibsa.

Akkasumas akka maanguddoon kun jedhanitti Agariin baay'ee gabaabaa waan ta'eef abbootin lafaa baay'een "namittii gufuu tana" jedhuun. Tokko tokko immoo"tiksee re'ee tana nu rakkistee bar" jedhuun. Inni immoo wanta abbootin lafaa kunneen jedhaniin kana dhaga'e tarkaanfii irratti fudhata. Sana booda gootummaan onneedha malee dhaabbata dheerachuufi gabaabbachuu akka hin taane dhadannoodhaan akkas jedhee ibsaachaa ture:

*Agarii kan hanga nuusaa*
*Yaa huurrii buusaa warra Tulluu*

Akka dhaadannoo kanaatti Agariin gabaabaa yookin xiqqaa ta'uu isaa 'kan hanga nuusaa' jedhee of ibsee. Dhaabbanni isaa gabaabaa ta'uyyuu diina isaatin yeroo wal waraanu qawwee isaa dhukaasee akka lafa hin buusne ibsachuuf jecha 'yaa huurri buusaa' jedhee gootummaafi cimina isaa ibsate.

Dabalataanis akka Aadde Abbabuu Hirphaa jedhanitti guyyaa Agarii, Hirkoofi Jimaa Tulluu aanaa dagam magaalaa Hambisoo lafa gabaa keessatti fannisuuf fidan sana namoonni aangoo qabaniifi abbootin lafaa achitti argaman Agariidhan "dhaadadhu mee" jedhaniin. Innis akkas jedhe

*Kanan godhes beeka*
*Kanan godheefis beeka*
*Wadarootti hin dhaadatani*
*Isin dhaadadha amma yeroon keessanii*

Jedhee waan uummataaf hojjeteefi dararaa abbootii lafaa irraan ga'aa ture itti hime.

### 4.2.10.Boo'icha Yeroo Agariinfaan Awwaalaman boo'ame

Akka haadhi manaan Jimaa Tulluu Aadde Abbabuu Hirphaa jedhanitti ijoollen Tulluu Igguu erga fannifamanii du'anii booda uummaanni akka jiilu aanga'oonni mootummaan hayilasillaasee karaa irratti awwaaluuf jennaan namoonni gosa Agariifaa ta'an didanii reenfa isaan sadeenituu fudhatanii gara ganda leemmansillaasetti galan. Sana booda gaafa awwaala isaanii hiriyoonni isaanii akkas jechuun boo'aniif

*Yaa Agarii yaa Agarii*
*Kaan jalaa duute*
*Kaanif ni duute*
*Yaa jaamboo ilma Tulluudhaa*

Jedhanii namoonni baay'een du'a Agariitiif gadda isaanitti dhaga'me ibsuuf 'kaan jalaa duutee' jedhan, namoonni abbootii lafaa ta'an kan Agariin hirriba isaan dhoowwaa ture immoo akka gammadan ibsuuf 'kaanif ni duute' jedhan. Akka yaada yaaxxina ilaalchatti namoonni ilaalcha garagaraa akka qaban warra isa deeggaru akka marare warra ilaalcha farrummaa isaafi saba isaaf qaban immoo akka gammachiisu agarsiisa. Gootummaafi jabina akkasumas guddummaa inni abbootii lafaa irratti qabu ibsuuf immoo 'yaa jaamboo' jedhanii boo'anii boochisanii obboloota sadanuu mana amantaa ortodoksii sillaasee jedhamutti boolla tokkotti awwalan jedhu. Kana maleesa akka maanguddoon kun jedhanitti gaafa awwaalcha isaanii uummaanni gocha suukaneessaa gara jabinaan guuttamee ijoollee abbaa tokkoo obboloota sadan guyyaa tokkotti galaafate kana gadda isaanitti dhaga'ama akkas jechuun bifa boo'ichaan ibsachaa turan :

*Intalatoo yaa Tarrafuu*
*Tokko du'eet lamat hafuu*
*Lama du'eet tokkot hafu*
*Sadi du'ee maalit hafu*

Jedhanii boo'anii ijoollee Tulluu Igguu sadeen bakka tokkotti awwaalan. Ergaan afwalaloo kanaa sirni nafxanyaa duguuggaa sanyii uummata oromoo irraan ga'aa turuu isaa fi haadhi isaan deesse gargaarsa dhabdee kophaatti hafuu ishee bifa boo'ichaa kanaan dhaamuufi isaanii hubanna.

### 4.2.11. Sirba Shoboxee Yeroo Hirkoon Qabsoorra Jiru Sirbame

Ilmi ilma Agarii Tulluu baratаa Taaddasaa Salamoo Agarii akka jedhetti Hirkoo Tulluu Agarii wajjiin sirna nafxanyaa namoota kaan abbaa lafaa taasisee, namoota kaan immoo garba ykn hojjetaa abbootii lafaa taasise sanauummata oromoo irraa kaasuf jecha qabsoo eegale. Haata'uu malee uumaa rabbi ta'ee dhala godhachuu hin danda'u yookin maseena ture. Agariin garuu haadha manaas yoo fuudhuu dhaa baate iyyuu diidatti jaalallee isaa irraa ijoollee qaba ture. Kanarraa ka'uudhan uummanni oromoo salaalee aanaa dagam Agariin illee qabsoo kana keessatti yoo du'es dhala qaba. Hirkoon garuu yoo du'e sanyiin isaa baduu isaati jechuuf sirbaan akkana jechuun marartee Hirkoof qaban ibsatan

*Bishaan hallayyaa jalaa*
*Yaa areera too yaa areera too*
*Agariin ilma qabaa*

*Hirkoo Tulluu yaa maseena too*

Jechuudhaan maseenummaa isaa bifa marartee qabuun ibsachaa turan. Ergaan isaa akka aadaa oromootti namni dhala hin godhannee ykn maseena ta'e yoo du'e akka isa dhaalufi maqaa isaa waamsisu nama ijoollee baay'ee qabu irraa guddifata. Kanaaf akka bartee hawaasatti namni dhala qabu maqaan isaa hin badu. Namni dhala hin qabni immoo yoo du'e maqaatu bada.Haata'u malee goonni immoo jiruun isaa qabsoofi bosona keessa waan ta'eef daa'ima namaa guddifachuu hin danda'u. kanaaf uummanni goota dhala hin qabne mararsiifata jechuudha.

### 4.2.12. Dhaadannaa Hirkoo Yeroo Fannifamu Dhaadate

Haadhi manaa Jimaa Tulluu Aadde Abbabuu Hirphaa akka jedhanitti Agarii, Hirkoofi Jimaa erga fannifamanii booda Hirkoon qaaman furdaa waan tureef wadaroon inni ittiin fannifame cittee lafatti gadi bu'e. sana booda erga lafatti kufee achi ciisee akkasiin dhaadate:

*" Har'as ni diddaa didduu Tulluudhaa"*

Jedhe. Akka seera yeroo sanaatti namni wadaroon ittiin cite deebi'ee hin fannifamu ture. Garuu gaafa sana abbootin lafaa "nutti hin dhiisinaa deebisaa fannisaa" jedhanii abbootii aangoo yeroo sanaatitti iyyan, garuu barambaras Gaddafaa namni jedhamu "deebitanii hin fannisinaa" jedhe. Haata'u malee didanii deebisanii fannisan.

### 4.2.13. Sirba Shoboxee Erga Hirkoon Du'ee Sirbame

Akka ogeessi qindeessaa daddabarsa raga bu'uura hawaasaa aanaa dagam obboo Mangistuu Nagaash jedhanitti Agarii,Hirkoofi Jimaa Tulluu yeroo fannifaman wadaroon Hirkoo Tulluu ittiin fannifame ni citte. Akka seera yeroo sanaatitti immoo namni murtoon du'aa itti murteeffamee fannifamee yoo wadaroon ittiin fannifame sun citte akka waan namni sun yakka hin hojjenneetti waan amanamuuf deebifamee hin fannifamu ture. Haa ta'uu malee guyyaa sana seerri kun hojiirra hin oolle Hirkoo Tulluu deebisanii fannisanii ajjeesan. Akka seerri kun cabee deebi'ee fannifamu kan godhe immoo Muluu Asanuu ture. Gocha gara jabinaa Kana booda uummanni salaalee akkana jechuudhaan gadda isaanitti dhaga'ame sirban:

*Siree jalli toogoodhaa*
*Katamaa siree jalli toogoodha*
*Agariin gobeet du'ee*
*Kan Hirkoo Tulluu kuni roorrodhaa*

Jechuudhan akka hirkoo irratti seerri cabee dabni irraatti hojjetame ibsatan ergaan isaa gaafa rakkoo firatu alagaa namatti ta'a jechuuf 'siree jalli toogoodhaa' jedhan, yemmuu namni nama

miidhuu barbaadu seera jal’isee nama miidha jechuuf  immoo ‘kan Hirkoo Tulluu kuni roorrodhaa’ jedhanii ibsan

Akka maammiree Dabaleen jedhanitti Hirkoo Tulluu akkuma obboleessa isaa sirna abbaa irree uummata oromoo garbummaa jalatti kuffisee qabeenya saamsise sanaan mormuuf bosona seene. Gammoojjii mogor keessa naanna’ee qabsoo yemmuu gochaa turetti hawaasni gammoojjii sana keessa jiraatu Hirkoo Tulluutif da’oo ta’ani nyaachisaa, obaasaa turan. Yeroo waraanni mootummaa isaan gaafatan immoo abshaalummaa isaanitti fayyadamuun nama Hirkoo jedhamu akka arganii hin beekne itti himu turan.

Kunis badii osoo hin ta’iin dhiibbaafi ilaalcha siyaasaa gita bittaatin akka namni qulqulluun du’aa tureefi uummanni immoo komee isaa dhiyeessaa ture agarsiisa. Kana malees Hirkoon dhala godhachuu waan hin dandeenyeef goonni kun dhala malee hafuu isaa akkasiin sirbaan mararsiifachaa turan.

*Gammoojjin tuni gamnaa*
*Muka mukarraa guurti barbaree*
*Ormillee ilmoo qabaa*
*Yaa Hirkoo Tulluu sit mararee*

Jechuudhan hawaasni gammoojjii laga mogor keessa jiratan abshaallummaa isaanitiin Hirkoo miliqsaa akka turaniifi Hirkoon osoo dhala hin godhatiin du’uu isaa ibsatan. Ergaan isaa abshaalummaan akka nama jiraachisufi hawaasa keessatti namni dhala qabu yoo du’es baay’ee akka nama hin gaddisiisne garuu namni dhala hin qabne yoo du’e baay’ee akka nama gaddisiisu sirba kanarraa hubanna.

### 4.2.14. Sirba Shoboxee Yeroo Jiman Qabsoo Keessa Jiru Sirbame

Akka hiriyaan ijoollummaa Jimaa Tulluu maammiree Dabalee jedhanitti  Jimaa Tullu magaala bareeda mataan isaa luuccaa nama baay’ee sirba jaalatu ture. Yeroo cidhaa, yeroo ayyaana waggaa namni isa duursee sirba baasu hin jiru ture. Kanuma irraa ka’uun hawaasa keessatti baay’ee jaalatama. Yeroo cidhaas ta’ee yeroo ayyaana Jimaa waammachuun isa wajjiin dhiichisu turan. Gootummas yoo ta’e shimala isaa akka meeshaa waranaatti itti fayyadamuun ittiin reeba ittiin of irraa qolata. Namni ulee isarra buusu hin jiru ture jedhu. Osoo kanaan jiruu roorroon gama abbootii lafaan jiru hammaachaa dhuftee obbolaan isaa Agariifi Hirkoon roorroo kana saba isaanii irraa kaasuuf qabsoo eegalan. Inni garuu hangafa waan tureef maatii isaa dhiisee deemuun itti ulfaatee qe’eetti hafe.

Akka haadhi manaa Jimaa Aadde Abbabuu Hirphaa jedhanitti immoo erga obboloonni Jimaa bosona seenani immoo kophaatti roorroon akka reebichaa,saamicha qabeenyaa; arrabsoo adda addaa gama waraana mootummaafi abbootii lafaatin nurra ga’u akka malee hammachaa waan dhufeef dhuma irratti mana abbaa isaani mana Tulluu Igguu abiddaan guban. Kanarraa kan ka’e Jimaan qe’ee gadhiisee gara naannoo birootti baqachuuf osoo deemuu karaatti Agariidhaan walitti dhufe. Sana booda Agariin “eessa deemta?” jedheen. Jimaanis aaree “isiniifu eessanan mana koo ta’aa?” Jedheen. Agariinis deebisee “Amma manni kees gubate, manni abbaa keenyaas gubate, kallachiifi caaccuun warra keenyaas gubate, kana booda garaa Dassuutitti hin deebitu koottu nu wajjiin qabsaa’i hanga rabbi si jiraachise jiraadhu” jedheen. Kana booda Jimaan isaan waliin qabsoo eegale. Yemmuu kana uummanni akka inni qabsoo seenee hin duuneef jaalala isaaf qaban ibsuuf sirbaan dhaammatan

*Roophilaan tokko dhufee*
*Akkuma dhufeen lafa laaletii*
*Ati yaa Jimaa Tulluu*
*Gaaddisa ijoollee salaaleetii*

Ergaan sirba kanaa goonni yoo jiraate gaaddisa saba isaa akka ta’e, yoo du’e immoo saba sanatti abbaan barbaade roorrisuu akka danda’u argina. Kanaaf “sabni goota hin qabne seenaa hin qabu” akkuma jedhamu sabni tokko birmadummaan jiraachuuf goota qabaachuu akka qabu hubanna.

## 4.2.15. Sirba Shoboxee Yeroo Jimaan Qabamu Sirbame



***Suuraa 9. Afgaaffii gaafa guyyaa 2/9/2012 barsiisaa Baqqalaa Gabbisaa wajjiin taasifame***

Barsiisaa Baqqalaa Gabbisaa dhalataa ganda leemman kooraa kan ta’e akka jedhanitti Agarii Hirkoofi Jimaa Tulluutti gama waraana mootummaa abbaa irreetin adamsamuun itti hammaannan Agariin wallaggatti bade, Hirkoon immoo Arsiitti bade. Jimaan immoo bosona

laga mogor gadhiisee gara gaara Osolee jedhamutti socho'ee achitti holqa keessa dhokate. Sana booda tikseen loon tiksitu achitti isa argitee waraana mootummaa Hayilasillaaseetif eeruu kennitee qabsiiste. Kana yemmuu dhaga'an uummanni oromoo salaalee aanaa dagam mogor gadhiistee gaara Osolee waan deemtef qabamte jechuuf akkasin sirban

*Kaloo dheedde yaa Simaa*
*Hoolonni kaloo dheedde yaa Simaa*
*Shiftaan mogoroo bu'ee*
*Maaliif Osolee baate yaa Jimaa*

Jechuudhan qabamuu Jimaatif gadda qaban ibsatan. Ergaan sirba kana gama hawaasummaatin qabu, akka aadaa hawaasattii kaloo yookin marga wal jalaa hin nyaachisan. Kanaaf yemmuu loonis ta'ee, hoolan marga namaa dheedde itti walwaamu kanuma irraa ka'uudhan nama maqaan simaa jedhamu hoolonni marga kee nyaatte jedhanii itti dhaamu agarsiisa. Kana malees akka naannoo sanaatti namni qabsoo gaggeessu laga mogor keessa jiraata. Kanaaf osoo mogor keessaa ba'uu baatee hin qabamu yaada jedhu qaba. Gama siyaasan immoo yeroo ijoollen Tulluu Igguu hundinuu qabaman yaa uummata oromoo ijoolleen kee si jalatti nyaatamtee dhumte maalif callista jedhanii qabsootti walwaamuu uummata Salaalee mul'isa.

### 4.2.16. Sirba Dhiichisa Yeroo Jimaan Qabsoorra Jiru Sirbame

Akka haadhi manaa Jimaa Tulluu Aadde Abbabuu Hirphaa jedhanitti Jimaan baay'ee sirba dhiichisaa waan jaalatuuf namni isa fuldura ba'ee sirba baasu hin jiru ture. Kanuma irraa ka'uun erga inni qabsoof bosona seenee dargaggoonni yeroo cidhaas ta'ee, yeroo ayyaanaa walitti qabamuun akka inni goota ta'eefi dhiichisa jaalatu bifa dhiichisaatin akkas jechuun sirbu tura.

*Jimaa Tulluu beektaa*
*Zoor jedhi karaa keessaa*

Jechuun dargaggoonni akka Jimaa sanatti dhiichisuuf "Jimaa Tulluu beektaa zoor jedhi karaa keessa" waliin jedhanii dhiichisaa turan. Ergaan sirba kana goonni wanta hunda irratti bakka hundatti beekamaa ta'uu isaafi iddoo goonni jirutti namni biroo akka dhimma hin baasne irraa hubanna.

Dabalataanis akka aadde Abbabuu Hirphaa jedhanitti Jimaan yeroo dhiichisu dargaggoota fuldura ba'ee shimala isaa mirmirsaa dhiichisaa ture. Kana booda roorroon abbootii lafaa qonnaan bultootarra ga'u boqonnaa isa dhoowwee gara qabsoottii seene. Kanuma irraa

ka’uudhan dargaggoonni Jimaa Tulluu roorroo abbooti lafaafi dhiibbaa sirni nafxanyaa uummatarraan ga’aa jiru balaaleffatee bosona seenuu isaa akkasiin sirbaan dhiichisan.

*Biilaa garbuu*
*Jimaa Tulluu roorro hin sarmuu*
*Ni roorrisa malee*

Jedhanii Jimaan roorroo abbootiin lafaa uummatarraan ga’aa jiran irraa qolachuudhaf qabsoo eegaluu isaa ibsan. Ergaan isaa mootummaan abbaa irree kun yeroo gabaabaa keessatti uummata kanarraa ni ka’a jechuuf ” yaa agadaa boqoolloo garbuu” jedhan. agadaan boqqoolloo umurii hin qabu waan ta’eef isatti fakkeesanii sirban. Goonni immoo roorroo uummata isaa irra ga’u callisee laaluu hin danda’u jechuuf “Jimaan roorroo hin sarmu ni roorrisa maalee” jedhanii sirbaan dhaamuu isaanii argina.

### 4.2.17. Sirba Shoboxee Erga Agariinfaan Du’anii Haadha Isaanitiif Sirbame

Akka ilmi ilma Agarii Tulluu barataa Taaddasaa Salamoon Agarii jedhetti Dassuun erga ijoollee ishee fannisanii jalaa fixanii booda kophaatti hafte. Ijoolleen durbaa isheen qabdus iddoo garagaraatti heerumanii waan jiraniif namni ishee gargaaru tokko illee hin qabdu. Yeroo hunda ni gadditi. Duras waraana mootummaa abbaa irreetiin reebichi, hidhaan, dararaan adda addaa irra ga’aa waan tureef garmalee miidhamtee jirti. Kana irraa kan ka’e uummanni salaalee aanaa dagam du’aaf jireenya ishee sirbatti fayyadamuu akkasiin walgaachaa tura.

*Mogee keessattan argee*
*Baala koshommii baala koshommii*
*Duute moo jirtii*
*Haadhi Agarii haati korommii*

Jechuun iyyaafachaa turan. Ergaan sirbi kun gama hawaasummaan qabu, akka aadaa uummata oromootti hawaasni nagaa walgaafata, wal iyyaafata waan ta’eef haadha Agarii akka jirtuufi akka duute walgaafatu. Akkasumas mukti koshommii laga mogor keessatti akka biqilu sirbaan dhaaman. Ergaan gama siyaasan qabu immoo gootonnii akka koshommiitti nama waraanan Agariinfaan laga mogor keessa akka jirachaa turan himuuf “mogee keessattan argee baala koshommii” jedhan. kana malees haadhi gootaa kophaa waan jiraattuf du’uuf jireenya ishee namni beeku hin jiru jechuuf “duute moo jirti haati Agarii haati korommii” jedhanii sirban.

Haati manaa Jimaa Aadde Abbabuu Hirphaa akka jedhanitti Agariin leenjii loltummaa erga fudhateen booda galma mootii hayilasillaasse akka eeguuf ‘kubur zabanya’ ta’ee filatame. Iddoo sana taa’ee gocha hammeenyaa uummata iraatti raawwatamu ilaalaa waan tureef qawwee achitti

ittiin eegaa ture fudhatee bade. Sana booda qawwichaan qabsoo eegale. Qawween inni mana mootitii fudhatee bade sun qawwee namoonni biroo qabataniin adda. Yemmuu inni baatee deemu ni calaqqisa ture. Kana malees duuba qawwichaatti immoo fooxaa maree waan deemuuf namoonni kana argan sirbaan qawween isaa maal akka faakkaatu ibsan. Itti aansuun immoo haadha goota kanaa baay'ee kabajaa fi jaalala isheedhaf qaban ibsuuf akkas jechuun sirbanif:

*Qawwee Agarii Tulluu*
*Fuldurri warqii duubni guduruu*
*Yaa haadha Agarii dhaltee*
*Dugdattan si baadha ushururuu*

Ergaan sirba kana gama hawaasummaatin qabu qawween goonni qabatu kan namoonni kaan qabataniin gargar ta'uu isaafi uummanni salaalee haadha gootaa hangam akka jaalataniifi kabajan yookin haati goototaa uummata salaalee biratti iddoo guddaa qabaachuu ishee ni hubatama. Ergaan gama siyaasaan qabu immoo qobsoon Agariin adeemsisaa jiru kun jalqabni isaa xiqqoo yoo fakkaate iyyuu fuldurri isaa ifa yookin bilisummaa akka ta'efi qabsoo kana duuba dhaloonni haarawni akka jiru ibsuuf "qawween Agarii fuldurri warqii duubni guduruu" jedhan. Kana malees gootota akkanaa kanneen dachee oomishte oromiyaa ni kunuunfanna jedhani haadha Agariifi dachee oromiyaa walbira qabanii jajan

Akka maammiree Dabalee jadhanitti haati Agariifaa erga ijoollee ishee sadanuu fannisanii jalaa ajjeesani kophaatti haftee namni ishee gargaarus ta'ee ishee gaafatu dhabdee guyyaan itti dukkanaa'ee gara iddoo biraatti baduu yaaddee yeroo hunda teessee boochi. Nammonni kana argan akka isheen hin bannef bifa sirbaatin akkas jechuun ishee jajjabeessaa tura.

*Zangiin nan caba jettii*
*Zangii qallayyoon nan caba jettii*
*Eegan jara koo dhabee*
*Haati Agarii nan bada jettii*
*Hin badiin yaa haadha too*
*Weeffanni hin dhaluu*
*Kan du'e hin galuu*

Dhaamsi sirba kana gama hawaasummaan yemmuu ilaallamu akka bartee hawaasatti goonni akka namoota kaanii garbummaa baatee mana taa'ee jiruu isaa hin gaggeeffatu. Hanga bilisummaan argamutti bosona taa'ee qabsoo gaggeessa. Osoo qabsoo keessa jiruu wareegamuu danda'a. Kanaaf Agariinfaan qabsoo gochaa turanii waan wareegamaniif haati Agariifa hawaasa keessa kophaa jiraatti. Ijoollee ishee dhabdee jiraachuun waan itti ulfaate "nan bada' jetti.

Uummanni immoo akka isheen hin banneef namni du'e deebi'ee hin galu obsi si wajjiin jirra jedhanii "hin boo'iin yaa haadhatoo weenfanni hin dhalu kan du'e hin galu" jedhanii ishee jajjabeessaa turuu isaanii argina. Gama siyaasan immoo qabsoon bilisummaa Agariinfaan taasisaa turan erga isaan qabamanii du'anii karaatti hafuu isaati. Oromiyaanis garbummaa jalatti kuftee baduu isheeti jechuuf "zangiin nan caba jetti, zangii qallayyoon nan caba jetti" jedhani sirban. Haata'uu malee qabsoon bilisummaa isaan jalqabanii irratti wareegaman kun karaatti hin hafu, oromiyaa harmeenis hin baddu jechuuf immoo "weenfanni hin dhaluu kan du'e hin galu" jedhanii akka qabsoon bilisummaa jalqabame itti fufu waliif dhaamuu isaanii argina.

### 4.2.18. Sirba Shoboxee Erga Agariin Du'ee Haadha Manaa Isaatif Sirbame

Maammiree Dabaleen akka jedhanitti bara mootummaa hayilassillaasee sana abbootin lafaa hoolota duba hin qabne hoolota faranjii naannoo Amaaraa biyya manzee jedhamuu fuudhanii naannoo qorraattii horti jedhanii Dagamitti horsiisu turan. Sana booda naannoon dagam kun baayyee itti tolee hoolonni sun baay'ee horte. Qonnaan bulaan lafa loon isaa itti tikfatu dhabee rakkate. Kanuma irraa ka'uudhan kallattiidhan himachuun waan hin danda'amneef komii qaban sirbaan dhaammatan.

*Yaa hoolota faranjii*
*Shan dhali jennaan shantama dhaltee*
*Niitiin Agarii Tulluu*
*Heerumi jennaan garadii galtee*

sirba kana irraa kan hubatamu gama hawaasummaatin qabu hoolonni faranjii yoo iddoon itti tole baay'ee horuu dandeessi. Kanaaf uummanni hoolota faranjii akka horsiiuu qabu waliif dhaamuu isanii hubanna. Kanaan wal qabsiisuun hadhi manaan Agarii erga inni du'ee dhiira biraatti hin heerumu jettee hojjettuu manaa taatee mana namaatti qacaramuu filachuu ishee sirba kanaan dhaaman. gama siyaasaan immoo abbootin lafaa naannoo dagam jiran namoota naannoo amaaraa iddoo manzee jedhamurraa dhufan waan ta'aniif osoo uummanni nurraa deemu jedhanii osoo eeganuu isaan immoo baay'acha dhufan, baayyina isaanii kana mormuuf jedhanii "yaa hoolota faranjii shan dhali jennaan shantama dhaltee' jechuun ibsuu isaanii argina. Kana malees goonni garbummaa jibbee qabsoo bilisummaa gaggeessaa ture yoo du'e haadhi manaa gootaa sanas mootummaa garboonfataa sanaaf hin hojjedhu jettee diduu ishee" niitiin Agarii Tulluu heerumi jennaan garadii galte" jedhanii ibsan.

Ogeessi aadaafi turizimii aanaa dagam obbo Buzunaa Taaddasaa akka jedhanitti Agarii Tulluu akka seera aadaa oromootti haadha manaa fuudhe hin qabu. Garuu sababa qabsootin iddoo adda addaatti waan socho'aa tureef jaalallee bira turu qaba ture. Akka haadhi manaa Jimaa Aadde Abbabuu Hirphaa jedhanitti immoo obboleettii isaa Aanaa Giraar Jaarsotti heerumte tokko bira deemee achitti shamarran maqaan ishee Hubattee jedhamtu fuudhee akka ture kaasun garuu haadha manaa wajjiin mana dhaabbate akka hin qabne himanii ganda leemmansillaasee keessaatti haadha salamoon Agarii wajjiin ture jedhu. Kanuma irraa ka'uun erga Agariin du'ee qawwee gootaa ishee biratti hafe hin gurguru jettee diduu ishee uummanni sirbaan ibsan

*Hurufa kuyyuu hin margu liitinii*
*Qawwee Agarii Tulluu*
*Ani hin gurguruu*
*Jette niitinii*

Ergaan sirba kun gama hawaasummaatin qabu akka seera uumammatti muknis ta'ee margi lafa irratti biqilu qaba. Kanumaan walqabsiisuun margi liitii jedhamu kan biqiluu danda'u dagamitti malee hurufa kuyyuutti hin biqilu. Kanaaf qawwee goonni qabatus namni biraa qabachuu akka hin dandeenye argina. Gama siyaasan immoo salaalee keessaa baayinaan gootota kan oomishtu aanaa dagami malee aanaa kuyyuuti miti jechuuf " hurufa kuyyuu hin margu liitinii".jedhan qawwee goonni baatu nama biraatti dabarfamuu hin qabu jechuuf immoo" qawwee Agarii ani hin gurguruu jette niitinii" jedhan.

## 4.3. Xiinxala Ragaalee Marii Gareetin Funaannaman

Qorannoo kana keessatti odeeffannoowwan namoonni adda addaa kennan iddoo tokko tokkotti yaadni isaanii walsimuu waan dideef namoota kanniin iddoo tokkotti walitti qabuun gaaffileen marii gareetif qopheeffadhe gaafachuun deebiin isaanii haala armaan gadii kanaan xiinxalamee jira

### 4.3.1. Faayidaa Sirboonni Agariifi Maatii Isaaf Sirbaman Uummataaf Qaban.

Akka ogeessi qindeessaa daddabarsa raga bu'uura hawaasaa aanaa dagam obbo Mangistuu Nagaash jedhanitti sirboonni Agariifi maatii isaatif sirbaman kunniin uummataaf faayidaa baay'ee qaba. Fakkeenyaf dhaloonni akka of baru ni taasisa, dhaloonni gootummaa akka gonfatan ni godha, uummanni fincila diddaa garbummaa akka gaggeessu taasisa, hawaasni quuqqaa garaa isaa ittiin ibsata, dhaloonni roorroo akka hin baanne ni godha.jedha.

Ilmi ilma Agarii barataa Taadasaa Salamoon Agarii akka jedhuttii immoo sirboonni kunneen fayidaan isaanii gootummaa uummata oromoo ittiin ibsuu, jaalala goonni uummata isaaf qabu hanga wareegama lubbuutitti ta'uu isaa ittiin ibsuuf, xiiqii walitti horuuf, ittiin wal kakasanii onnee walitti horuuf,ittiin walgargaaruuf tajaajila. Jedha.Barsiisaa Baqqalaa Gabiisaa akka jedhanitti immoo faayidaa sirbooni Agariifi maatii isaatif sirbaman qaban gootummaa hawaasichaa ittiin ibsuuf, akka uummanni mootummaa abbaa irree irratti kaka'uu ni taasisa, uummanni diddaa akka baru godha,

Akka maammiree Dabaleen jedhanitti immoo sirboonni kunneen faayidaan uummataaf qaban: goota ittiin faarsanii goota biro horachuuf ni gargaara, dhaloota dhufuuf ergaa ittiin dabarsuuf, miidhaa mootummaan abbaa irree uummatarran ga'u ittiin barsiisuuf, jaalala gootaf qaban ittii ibsachuuf gargaara.



***Suuraa 10. Marii Garee gaafa guyyaa 3/8/2012 Obbo Mangistuu Nagaash, luba Dabaleefi Obbo Xibabuu Tolaa wajjiin taasifame***

### 4.3.2. Sirboonni Agariifi Maatii Isaaf Sirbaman Yeroo Ammaa Sadarkaa Isaan Irra Jiran.

Obbo mangistuu nagaash akka jedhetti sirboonni Agariifi maatii isaatif sirbaman kunneen akka ilaalcha yeroo mootummaa hayilasillaasee sanaatti Agariin qabsaa'aa bilisummaa uummataa osoo hin taane, akka hattuu fi saamtuu qabeenya uummataatti ilaalanii ajjeesuf barbaadaa turan waan ta'eef namoonni garuu Agariin hattuufi saamtuu osoo hin taane qabsaa'aa mirga dhala

namaa akka ta’e dhokatanii sirbu malee fuulletti maqaa Agarii waamee namni sirbe ni hidhama kaan immoo ni ajjeefama.Kanaaf yeroo sanarra yeroo ammaa kana baay’inaan sirbama.

Akka barsiisaa Baqqalaa Gabbisaa jedhuttis sirboonni kunneen yeroo sanarra yeroo ammaa kana baay’inaan sirbama. Sababni isaatis yeroo sana namoonni baay’een aadaa ofii fi eenyummaa ofii sirriitti waan hin beekneef abbootii lafaa akka waaqatti ilaalaa turan. ofii isaanii immoo akka waan gatii hin qabneetti jiraachaa turan. Dhaloonni ammaa kun garuu sabboonummaa waan qabanif gootummaa Agarii sirbaan baay’ee leellisu.

Akkasumas akka obbo Xibabuu Tolaa jedhanitti sirboota Agariifi maatii isaaf sirbaman yeroo durattii sana namoonni baay’een waraana mootummaa hayilasillaasee waan sodaataniif maqaa Agarii waamanii baayinaan hin sirban turan. Dhaloonni ammaa kun garuu eenyummaa ofii waan beekuf gootota duraan qabsoo uummataa gaggeessaa turan sirritti faarsu.

### 4.3.3. Yoomessa Sirboota Agariifi Maatii Isaaf Sirbamanii

Akka ilmi ilma Agarii Tulluu barataa Taaddasaa Salamoon jedhetti sirboonni Agariifi maatii isaatif sirbaman kunneen iddoo hundumattifi yeroo hundumaa sirbama. Fakkeenyaf; bifa shoboxeetin, bifa dhiichisaatin, bifa geerrarsaatin, iddoo cidhaatti, yeroo ayyaana waggaa, bosona keessatti, iddoo loon tiksanitti maanguddoota isa beekanii, dargaggootan, dubartootan, ijoolleen loon tiksituun ni sirbama.

Akka barsiisaa Baqqalaa gabbisaa jedhutti immoo sirboonni Agariifi maatii isaatif sirbaman kunneen baayinaan kan sirbaman iddoo jigiitti, iddoo cidhaattifi imala karaa irraatti abbooti lafaatin alatti namoota hundumaadhaan akka sirbaman kaasu.

Obbo Mangistuu Nagaash akka jedhanitti sirboonni Agariifi maatii isaatif sirbaman kun bakka hundaafi yeroo mara sirbama. Fakkeenyaf. Yeroo garaan nama hammaate, yeroo tarkaanfii fudhachuuf murteeffatan, yeroo ayyaana waggaa, yeroo cidhaa, yeroo namni namatti roorrise sirbama. Kan sirbu immoo namoota gurguddoo, dargaggoota, shamarran, ijoollee loon tiksitudha

# BOQONNAA SHAN: XUMURA, ARGANNOO FI YABOO

## 5.1. Xumura (Conclusion)

Hawaasni kamiyyuu jireenya addunyaa keessatti aadaa, seenaa, duudhaa, falaasamafi qaroomina kan ittiin buluu fi dhimma itti bahu qaba.

Uummanni Oromoo akkuma uummata addunyaa biro afoola isaatti fayyadamee kabajus, tuffachuus, abaarus, eebbisuus, jajuus, xiqqeessus, mormuus, boochisuus ni danda'a. kana keessaatti baay'inaan afwalalootti fayyadama. fakkeenyaf kanneen akka geerrarsa gootummaa, sirboota adda addaafi dhaadannoowwan gootumma kan yeroo gootni ajjeesee galee biyya keessatti fudhatamaafi ulfina argatee anumma (eenyummaa) isaa olkaasee kan ittiin dhaadatuu, olaantummaa waliif kennee walittii abdatee jiruufi jireenya isaa geggeeffatee wal amanee walwaammata.

Afwalaloon gootummaa kan walaleeffamu adeemsi siyaasaa biyya tokkoo jiruuf jireenya ummataa irratti dhiibbaa yoo geessisefi mootummaan hacuuccaa uumuun, ummata rakkasee waanjoo garbummaa jalaatti akka kufan yemmuu taasise. gootonni immoo uummata irraa waanjoo garbummaa sana kaasuuf qabsoo gaggeessu. Kanaaf gootummaan karaa ittiin mirga ofii kabachisani bilisummaa gonfataniidha. Keessattuu gootummaan uummata Oromoo naannoo salaalee biratti baay'ee beekkamaadha. Salalee keessaa aanaan Dagam immoo goota akka Agarii, Hirkoofi Jimaa Tulluu kan oomishteedha.

Uummanni Aanaan Dagam waggaa dheeeraaf mirga abbaa biyyummaa dhabee miidhamaa, mirga aangoo walqixxummaa dhabaa, abbootii lafaatin qabeenya saamamaa tureera. Isa kana furuudhaf gootonni akka Agariifi Hirkoo Tulluu qabsoo gochaa turanis yeroo sanaaf hin milkoofne. Haata'uu malee Uummanni Salaalee qabsoo isaanii kana afwalalootti fayyadamuun jajjabeessa turanii jiru.

Qorannoon kunis kan gaggeeffame kanuma bu'uura godhachuudhan yemmuu ta'u, innis Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dagamitti afwalaloowwan gooticha oromoo Agarii Tulluufi maatii isaatif sirbaman funaanuun xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Mata duree kana irratti qorannoo adeemsiisuuf kan na kakaase immoo sirboonni kun funaannamanii erga xiinxalamanii yookin ibsi bal'aan itti kennamee booda bifa barreefamaatin kaa'uun dhaloota dhufuuf dabarsuun barbaachisaa ta'uu isaati. Gaaffileen ka'umsaa qorannoo kanaas Ergaafi qabiyee sirboota

Agariifi maatii isaaf sirbanii maali?,sirboonni kun yeroo ammaa sadarkaa maalirra jiru?, faayidaan sirboonni kunneen ummataaf qaban maali?, yoomiifi eessatti sirbamu , eenyufaatu sirba?  kan jedhuudha

Kaayyoon qorannoo kanaa immoo gaaffilee ka'umsaa kanneen kan deebisuudha. Jalqabatti afwalaloowwan funnaannamanii jiru. Erga funaannamanii immoo kaayyolee gooreetiin qoqqoodamanii jiru. Sirboonni funaannaman qabiyyee siyaasaafi hawaasummaatti adda baafamanii ergaan isaanii xiinxalamanii jiru. Sirboonni Agariifii maatii isaatif sirbaman kunneen yeroo duraanii irra yeroo ammaa kana baay'inaan sirbama akka jiran. Faayidaan sirboonni kunneen uummata oromootif qabus nammoota adda addaa irraa adda baasuun danda'ameera.

Qorannoon kun qorannoo ibsaati. Odeeffannoon as keessatti funaannames mala qulqulleeffata/ akkamtaan/tin xiinxalamee jira. Tooftaa iddatteessuu miticarraa ta'ee mala akkayyoofi iyyaafannoo/darbaa dabarsaa/tin iddattoon fudhatameera. Malli qaccessa ragalee immoo mala ibsaa  yoo ta'u innis ija yaaxxina ilaalchaa hawaasawaa/ideological theory/ tin qaacceffameera. Akkasumas qorannoo kanaan argannoowwan adda addaa argamanii jiru.

## 5.2. Argannoo

Qorannoon tokko erga gaggeeffamee booda argannoo argatu qaba. Haaluma kanaan argannoon qorannoo kanaan argamanis kan armaan gadiiti:

1. Uummanni oromoo salaalee sirboota Agariifi maatii isaatiif sirbaman kanneenitti fayyadamanii roorroo isaan irra ga'aa jiru ibsachaa akka turaniifi Agarii akka jajjabeessaa turan qorannoo kanaan bira ga'ameera.
2. Sirboota Agariifi maatii isaatif sirbaman kannee fayyadamuun uummanni mootummaa abbaa irree sana akka of irraa kaasuuf waljaajjabeessaa, gootummaa walitti horaa akka turan bira ga'amee jira.
3. Uummanni oromoo salaalee sirboota Agariifi maatii isaatif sirbaman kanneen iddoo hundatti sirbaatii akka turaniifi ammas sirbaa akka jiran qorannoo kana irraa hubachuun ni danda'ama.
4. Agarii Tulluu gootummaafi abshaalummaa isaatti fayyadamuun, sirna nafxanyaa uummata oromoo irratti fe'amee ture afaan qawweetin uummata oromoo irraa kaasuuf goota qabsaawaa ture akka ta'e afwalaloo kana keessatti mul'ateera.

5. Sirboonni Agariifi maatii isaatiif sirbaman kunneen sirna darberra ammaa kana baay’inaan akka sirbamaa jiran hubatameera.

6. afwalaloowwan Agariifi maatii isaatif sirbaman ergaafi qabiyyee hawaasummaafi siyaasaa akka of keessaa qaban qorannoo kanaan bira ga’ameera.

8. Goonni kun tooftaa adda addatti fayyadamuudhan loltoota mootummaa Hayilasillaaseefi abbootii lafaa akka isaan dafqa hiyyeessaa hin nyaannee waraanaa turuu isaa qorannoo kanaan mirkanaa’ee jira.

9. Obbolootaa isaa lamaan wajjiin guyyaa tokko fannifamanii, guyyaa tokko boolla tokkotti akka awwallaman qorannoo kanaan adda bahee jira

10. uummata salaalee /oromoo/ biratti goonni aantummaa saba isaaf qabsaa’ee wareegame akka kabajamu afeewwan walaloo/poetics text/ kanneen irraa hubachuun danda’ameera.

### 5.3. Yaboo

Afwalaloon aadaa, duudhaa, dalagaa, ogummaafi beekumsa akkasumas, falaasama hawaasaa kan ittiin ibsinuudha. Afwalaloon bartee hawaasa tokkoo keessatti beekamee hawaaasichaaf jabina ta’e kan leellifamuudha. Kana ammoo hawaasicha biratti fudhatamaafi beekamtii argatee gama nama barateen qoratamee dhalootaaf barreeffamaan taa’uu qaba. Sababoota adda addaa irraa kan ka’e yeroo ammaa kana sirboonni gootummaan kun ni sirbama malee hawaasa barates ta’e dhaloota labata biratti barreeffamatti jijjiiramee akka kaa’amu xiyyeeffannaan godhamaa jiru hin mul’atu. Kun ammoo faayidaa afwalaloon hawaasaaf qabu irratti dhiibbaa qaba. Kanaaf, kan jiru akka hin dagatamne karaa barbaachisaa ta’een furmaata barbaachisaa ta’e barbaaduun gaarii ta’a.

anis kanaaf furmaata ta’a jedhee kanan yaade akka armaan gadii kanatti lafa kaa’en jira:

- Biiroon Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Dagam dhimma afwalaloo goototaatiin walqabsiisee qorannoo geggeessudhaan qindeessee akka ragaa tokkootti qabatee osoo kaa’ee.
- Barsiistonni Oromoo Yuuniivarsiitiifi koolleejjii garaagaraa keessa jiran dhimma xiinxala afwalaloowwan goototaa irratti qorannoo dalaganii osoo akka ragaatti kaa’anii.
- Barreessitootni Oromoo sirboota gootummaa ibsan barreeffama isaanii keessatti galchanii osoo barreessanii
- seenaafi sirboonni goototaaf sirbaman gaazexaafi barruulee garaagaraa irratti maxxanfamanii osoo bahanii

- Biiroon barnoota oromiyaa kitaabilee barnootaa yeroo maxxansu sirboota gootummaa kanneen itti make osoo maxxansiisee gaaridha.
- Osoo akka oromiyaatti dhaabbanni waa’ee goototaafi sirboota uummaani isaanif sirbu qoratu dhaabbatee, seenaa goototaafi sirboota isaanif sirbaman qoratee kaa’ee.
- Dhaabbanni qorannoo afaan, aadaafi aartii oromoo Afwaloowwan goototaaf sirbaman kanneen walitti qabee barreefamatti jijjiiree osoo dhalootaaf kaa’ee.

## Wabiilee


Abrahams, R. and Foss, G. (1968). *Anglo-American Folk Song Style*. Englewood Cliffs, N.J. Prentice-Hall.

Abrams, M.H. (1999). *Glossary of Literary Terms*.7th Ed. Boston: Earl McPeek.

Addisuu Tolasaa. (1990). *The historical Transformation of folklore Genres*. The Gerarsa as national literature of the Oromo: Bloomington.

Addisuu Tolasaa. (waxabajjii 1994). "The Journals of Oromo studies".Oromo literature,geerarsa and libration struggle, 59-64

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Akkamtaa*. QorannooHujoo.Finfinnee: Oromiyaa. Alamaayyoo

____________________(2014). *Semmoo*. Oromiyaa: Finfinnee

Ahmed Bedo. (2010). *Image of women in selected Oromo folktales, folksongs and proverbs with particular reference to east Arsi zone*. Addis Abeba University: kan hin maxxanfamne

Alamaayyoo Hayilee. (2007). Gadaa. Siyaasa Oromoo Tuulamaa. Finfinnee

Asafaa Tafarraa. (2004). *Theorizing the present Towards a sociology of Oromo literature Jaarsoo Waaqoo poetry*. Finfinnee: Branna printing Enterprise.

______ (waxabajjii 2015). "Ethnography of resistance poetics". Indiana university.

Baqqalaa Lammaa. (2011). *Seenaa Qabsaa'ota Oromoofi Wareegama*. Oromiyaa: Finfinnee

Bohlman,P.V.(1988). *The study of folk music in the modern world*. Bloomington,Indiana University Press.

Cerulli Enrico. (1922). *The folk literature of the[Oromo] of southern Abyssinia*

Kotheri.C.R. (2004).*Research methodology*. Method and techniques: new age international.ltd

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Boolee.

Dorson,Richard. (1972). *Folklore and folklife*. An introduction.Chicago and London: The university of Chicago press.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii*. Bu'uura Hogbarruu Oromoo. Finfinnee:Mana maxxansaa subii.

Fekede Azeze. (1991). *Introduction to Oral Literature*. Addis Ababa: Artistic PrintingEnterprise:

Finnegan R. (1976). *Oral literature in Africa*. Oxford: Oxford University Press.

_________ .2012. *Oral Literature in Africa*.United kingdom: Open Book publishers.

Hayiluu Bantii (1997). *Cora Aadaa*. Jimmaa: Oromiyaa

Hayiluu Giraany. (2015). *Seenaa Gootota Oromoo*. Finfinnee: oromiyaa

Hiikaa Faqqadaafi Alamituu Olii. (2010). ‘’Seensa Afoolaa’’. Yuunivarsiitii Jimmaa.

Keller, M.S. (1984). *The Problemof Classification in Folksong Research*: A Short History. Folklore, XCV,No. 1, Pp. 100-104. Accessed on Feb 23, 2010 from: http://www.rodoni.ch/marcellosorcekeller/folklore.html

Krehbiel, H. E. (2010). *Afro-American Folksongs*: A Study In Racial And National Music (onlinebook). Retrieved on Feb.16/2010 from: http://www.traditionalmusic.co.uk/afroamerican/afro-american-folksongs%20- %200019.htm).

Lloyd, A. L. (1967). *Folksong in England*. London: Unwin Brothers.

Lawless,R.M.(1960). *Folksingers and Folksongs in America* .New York: Duell,Sloan and Pierce

Mahesh.C and Sara.N. (2011). “Social research methods: School of Distance Education” University of Calicut. India

Mills, I. (1974). “Canadian Journal for Traditional Music: The Heart of the Folksong.” Accessed on march.10, 2020 from: http://cjtm.icaap.org/content/2/v2art5.htm

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii*: Bu’uura Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo. Fininnee: Oromiyaa.

Okopewho,I. (1992). *African oral literature*. Back Grounds, Characteristics and Continuity: Bloomington and Indiana university press.

Pedersen, E.M. (1997). “Factlore, Fakelore, or Folklore: Sorting Through Folk Song Origins,” Social Studies, Volume 88, Number 4: pp.181-85.

Rhodes, W. (1966). *Folk music, old and new*. In B. Jackson (Ed.) Folklore & Society. Hatboro, PA: Folklore Assoc.

Shallamaa Kabbee. (2010). *Seenaa Gootota Oromoofi Kaan*. Finfinnee: Itoophiyaa

Truzzi. M. (1969). “The 100% American Songbag: Conservative Folksongs in America” Western Folklore, Vol.28, Published by: Western States Folklore Society Stable URL: http://www.jstor.org/stable/1499105 Accessed: 1/07/2012 11:10.

Warquu Gaddisaa. (sadaasa 1993). “Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo”. wiirtuu jildii 6ffaa, Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisaa Oromiyaa

Xilaahuun Kabbadaafi Girmaa Bayyanaa (2010). *Seenaa Waliinii*. Gabra Manfas Qiddus Fi Gabra Kiristoos Alii Dooroo: Dagam Salaalee Oromiya.

Yeshiwas Ezkezaw. (2015). ‘’ A history of Gebr in the kingdom of shewa’’: Taxation, Tribute and State (18th -19th ) M.A thesis Debre Berhan university.

## Dabalee A : **Gaaffilee afgaaffiidhaaf dhiyaatan**

Duraan duursee eeyyamamoo taatanii galma ga'insa qoranno kiyyaatif odeeffannoo barbaachisoo ta'an waa'ee afwalaloo sirboota agarii tulluufi maatii isaatif sirbaman irraatti naaf keennuuf waan iddoo kanatti argamtaniif baay'een isin galateeffadha. Kanatti aansuun kabajamtoota odhimtootaa kallattumaan gara gaaffii koottin darba.

1. Uummanni oromoo salaalee aanaa dagam Agarii Tulluutif maal jedhanii sirbaa turan?
    a. Yemmuu Agariin qabsoo eegalu maaljedhanii sirban?
    b. Yemmuu Agariin gootummaa isaatti fayyadamee loltoota mootummaa irratti tarkaanfii fudhachaa ture uummanni maal jedhanii sirbaniif?
    c. Agariin erga tarkaanfii fudhatee injifatee booda maal jedhee dhaadata ture?
    d. Uummanni oromoo aanaa dagam jaalala Agariif qaban bifa sirbaatin maaljedhanii ibsachaa turan?
    e. Yeroo Agariin salaale gadhisee gara iddoo biraatti socho'aa turetti uummanni maaljedhanii sirbaniif?
    f. Yemmuu Agariin loltoota mootummaa abbaa irreetin qabame uummanni maal jedhee sirbe?
    g. Yeroo Agariin fannifamuuf jedhu ummaanni oromoo aanaa dagam maal jedhanii sirban?
    h. Yemmuu fannifamee du'u maal jedhanii sirban?
    i. Erga Agariin fannifamee du'ee maal jedhanii sirban?
    j. Gaafa awwaalcha Agariifi obboloota isaa uummanni afwalaaloodhan maal jedhanii boo'an?

2. Uummanni oromoo salaalee aanaa dagam haadha Agariitif maal jedhanii sirbaafi turan?

3. Uummanni oromoo salaalee aanaa dagam obboloota Agarii kanneen isa wajjiin fannifamaniif maal jedhanii sirbaafi turan

4. Uummanni oromoo salaalee aanaa dagam haadha manaa Agariitif maaljedhanii sirbaniif?

## Dabalee B: Gaaffilee marii gareetif dhiyaatan

Kabajamtoota od himtoota kiyya eeyyamamoo taatanii odeeffannoo barbaachisoofi qabatamoo ta'an naaf kennuuf waan naaf argamtaniif galatoomaa jechaa sirboota Agarii Tulluufi maatii isaatiif sirbaman irratti yaadota walmamsiisaa armaan gadii irratti marii akka taasistaniin isin gaafadha.

1. Sirboonni Agarii Tulluufi maatii isaatif sirbaman uummata oromoo salaalee aanaa dagamiif faayida qaba moo hin qabu? Qaba yoo jettan faayidaa maalii? Hin qabu yoo jettan maalif sirbamaa ture?
2. Sirboonni Agarii Tulluufi maatii isaatif sirbaman kanneen yeroo ammaa kana akkuma duraaniitti sirbama jirumoo hin jiran? Maalif?
3. Sirboonni Agarii Tulluufi maatii isaatif sirbaman yoomiifi eessatti sirbamu? Maalif?
4. Sirboonni Agarii Tulluufi maatii isaatif sirbaman eenyufaatu sirba? Maalif?

## Dabalee C : Sirboota Agarii Tulluufi maatii isaatif sirbaman

**Sirboota yeroo Agariin qabsoo eegalu sirbaman**

*Agarii Tulluu malee*
*Kan qawweetti fooxaa maruu hin jiruu*
*garaa kutate malee*
*Kan du'aaf ajjeechaa malu hin jiru*
*Agariin gabaabadhaa*
*Taaddasaa birruu sani dheeranii*
*Gad taa'i ni haasofna*
*Nu lachuu garaat hafe seenanii*

**Sirboota yeroo Agariin qabsoo keessa jiru sirbaman**

*Mogee keessa naanna'ii*
*Koottu Agarii koottu Agarii*
*Silaas of harkaa qabdaa*
*emi'ooniidhaan itti waqarii*
*Tokkosi yaa Agarii*
*Gaara jirmeetirra taa'i too*
*Galaan saamunaa naaf biti*
*Shittoo irra kaa'i too*
*Harka kootidha*
*Agarii tulluu harki kootidhaa*
*Yaa zarii mootidhaa*
*Suyyee Tulluu baandiraa shallamanii*
*Agarii manni gamaa*
*Haadha Agarii manni gamanaa*
*Kutaaf foo'aan dhabamee*
*Kafana waliif taana baranaa*

**Sirboota Agarii Tulluu yeroo naannoo isaa gadhiisee deeme sirbaman**

*Tushaa foo'i walalgaa*
*Tushaa foo'i walalgaa*
*Namseen nama hin teessistuu*
*Agarii Tulluu bu'e wallaggaa*
*Agarii yaa Agarii*
*Dheeffi nama hin baasuu garagarii*

**Sirboota erga Agariin qabamee sirbaman**

*Siddisuun cooma naaf qalteeti malee*
*Siddisuun itillee hafteeti malee*
*Siddisuu kan addaatu maali jennaan*
*Galabaa garbuuti jettee*
*Siddisuu kan didichu maali jennaan*
*Jabbiloota kooti jettee*
*Siddisuu kan ususu maali jennaan*

*Ashkaroota kooti jettee*
*Siddisuu as fidi muzgeerii jennaan*
*Oggoraa karraati jette*
*Siddisuu osoo alamiin na galchee*
*Osoo addunyaan na galchee*
*Siifan baasa gaafan galee*
*Salaaletti ol oofanii*
*Hoolota manzee gugurraa sanii*
*Shiboo irra maranii*
*Harka Agarii mushurraa sanii*
*Agariin hin qabamuu*
*Wallagga bu'eet qabame malee*
*Jireenyan wal hin dhabnuu*
*Yoon du'ee tiyyayyuu dhabe malee*
*Kuyyuu hin roobin yaa cabbii*
*Hurufa kuyyuu hin roobin cabbii*
*Namseetti faradanii*
*Agarii Tulluu baasi yaa rabbi*

**Sirboota yeroo Agariin fannifamee du'ee sirbaman**

*Onkoolaa qoraafadhuu*
*Onkoolaa bishaanii qoraafadhuu*
*Agarii fannisanii*
*Zawudee Boggaalaa obbaafadhuu*
*Onkoolaa barreessanii*
*Onkoolaa bishaanii barreessanii*
*Ijoollee Tulluu Igguu*
*Dagamitti awwaaraan balleessanii*
*Osoo aannan raasani*
*Aannan raasanii damma baasanii*
*Ijoollee Tulluu Igguu*
*Akka biqilaa san rarraasanii*

**Sirboota erga Agariin fannifamee du'ee sirbaman**

*Gogorrii ni kaakkisaa*
*Allaattiin mogee maalumaaf iyyee*
*Agariin bareedumaa*
*Maaluma jetteet nyaatte yaa biyyee*
*Barzaafii salaal jalaa*
*Yaa tarree tarree yaa tarre tarree*
*Mudhii Agarii Tulluu*
*Nyaatte yaa biyyee situ hin affarree*
*Agarii Tulluu durii*
*Harkarratti daadhii obaasanii*
*Osoo akka jabbilee*
*walitti hidhanii nu bobbaasanii*
*Yaa simbirroo gammoojjii*
*Yaa simbirroo gammoojjii*

*Koo gali yaa Agarii*
*Gali Dassuun ni boochi*
*Haati Agarii waan fuutu moojii*
*Taabota laalteet boochii*
*Intalatoo yaa Tarrafuu*
*Tokko du'eet lamat hafuu*
*Lama du'eet tokkot hafu*
*Sadi du'ee maalit hafu*

**Geerrarsa erga Agariin du'ee geerrarame**

*Waas jennaan dide goonnii*
*Waas jennaan dide goonni*
*Goonni waasii hin waamuu*
*Ni waamsisa malee*
*Muka mooyyee muruu*
*Osoo waasii waamee*
*Agarii ilmi Tulluu*
*Silaa fooyyee hin buluu*
*Osoo gaangonni dhaltee*
*Gaangota zinaarii santu dhalaa*
*Osoo kan du'e galee*
*Agarii Tulluutu dura gala*

**Daadhannoo erga Agariin du'ee daadhatame**

*Agarii yaa girgitteessaa*
*Yaa bittinneessaa warra Tulluu*
*Agarii kan hanga nuusaa*
*Yaa huurrii buusaa warra Tulluu*

**Boo'icha yeroo Agariinfaan awwaallaman boo'ame**

*Yaa Agarii yaa Agarii*
*Kaan jalaa duute*
*Kaanif ni duute*
*Yaa jaamboo ilma Tulluudhaa*

**Sirba yeroo Hirkoon qabsoorra jiru sirbame**

*Bishaan hallayyaa jalaa*
*Yaa areera too yaa areera too*
*Agariin ilma qabaa*
*Hirkoo Tulluu yaa maseena too*

**Sirba yeroo Hirkoon fannifame sirbame**

*Siree jalli toogoodhaa*
*Katamaa siree jalli toogoodha*
*Agariin gobeet du'ee*
*Kan Hirkoo Tulluu kuni roorrodhaa*
*Gammoojjin tuni gamnaa*
*Muka mukarraa guurti barbaree*
*Ormillee ilmoo qabaa*
*Yaa Hirkoo Tulluu sina mararee*

**Sirba yeroo Jimaa Tulluu qabsoorra jiru sirbame**

*Roophilaan tokko dhufee*
*Akkuma dhufeen lafa laaletii*
*Ati yaa Jimaa Tulluu*
*Gaaddisa ijoollee salaaleetii*

**Sirba yeroo Jimaan qabame sirbame**

*Kaloo dheedde yaa Simaa*
*Hoolonni kaloo dheedde yaa Simaa*
*Shiftaan mogoroo bu'aa*
*Maal gochuu Osolee baate yaa Jimaa*

**Sirba dhiichisaa yeroo Jimaan qabsoorra jiru sirbame**

*Jimaa Tulluu beektaa*
*Zoor jedhi karaa keessaa*
*Yaa agadaa boqoolloo garbuu*
*Jimaa Tulluu roorro hin sarmuu*
*Ni roorrisa malee*

**Sirba haadha Agariitif sirbame**

*Mogee keessattan argee*
*Baala koshommii baala koshommii*
*Duute moo jirtii*
*Haadhi Agarii haati korommii*
*Qawwee Agarii Tulluu*
*Fuldurri warqii duubni guduruu*
*Yaa haadha Agarii dhaltee*
*Dugdattan si baadha ushururuu*
*Zangiin nan caba jettii*
*Zangii qallayyoon nan caba jettii*
*Eegan jara koo dhabee*
*Haati Agarii nan bada jettii*
*Hin badiin yaa haadha too*
*Weeffanni hin dhaluu*
*Kan du'e hin galuu*

**Sirba haadha manaa Agariitiif sirbame**

*Yaa hoolota faranjii*
*Shan dhali jennaan shantama dhaltee*
*Niitiin Agarii Tulluu*
*Heerumi jennaan garadii galtee*
*Hurufa kuyyuu hin margu liitinii*
*Qawwee Agarii Tulluu*
*Ani hin gurguruu*
*Jette niitinii*

**Dabalee D: suurawwan qorannoon gaggeeffamuu isaa mul'isan**



***Suuraa: afgaaffii barataa Taaddasaa Salamoon waliin taasifame***
***Yeroon kaafame: 30/8/2012***
***Kan kaase: b/siisaa Baqqalaa Gabbisaa***
***Sababni :raga qorannootif***



***Suuraa: afgaaffii luba Dabaleefi obbo Xibabuu Tolaa waliin taasifame***
***Yeroon kaafame: 30/8/2012***
***Kan kaase: b/siisaa Baqqalaa Gabbisaa***
***Sababni :raga qorannootif***



***Suuraa: afgaaffii Aadde Abbabuu Hirphaa waliin taasifame***
***Yeroon kaafame: 29/8/2012***
***Kan kaase: b/taa Taaddasaa Salamoon***
***Sababni :raga qorannootif***



***Suuraa: Afgaaffii Aadde Mabratee Taammanaa waliin taasifame***
***Yeroon kaafame: 12/5/2013***
***Kan kaase: Aadde Waynisheet Taayyee***
***Sababni :ragaa qorannootif***



***Suuraa: iddoo Agarii, Hirkoofi Jimaa Tulluu itti fannifaman***
***Yeroon kaafame: 1/9/2012***
***Kan kaase: b/siisaa Taarikuu Margaa***
***Sababni :raga qorannootif***



***Suuraa: afgaaffii obbo Sisaay Dirribaa waliin taasifame***
***Yeroon kaafame: 12/9/2012***
***Kan kaase: Gannat Taayyee***
***Sababni :raga qorannootif***



***Suuraa: afgaaffii b/siisaa Baqqalaa Gabbisaa waliin taasifame***
***Yeroon kaafame: 2/9/2012***
***Kan kaase: b/taa Taaddasaa Salamoon***
***Sababni :raga qorannootif***



***Suuraa: marii garee luba Dabaleefi obbo Xibabuu Tolaa waliin taasifame***
***Yeroon kaafame: 3/8/2012***
***Kan kaase: b/siisaa Taarikuu Margaa***
***Sababni :raga qorannootif***

**Dabalee E:** Unka od- kennitoota ragaaleen qorannichaa irraa funaannamani

| *Maqaa guutuu* | *Umurii* | *saala* | *Sadarkaa barnootaa* | *Ogummaa* | *Bakka jireenyaa* | *Beekumsa* |
|---|---|---|---|---|---|---|
| *1.Obbo Mangistuu Nagaash* | *44* | *Dhi* | *digirii* | *Og/ qindeessaafi daddabarsa ragaalee* | *g/l/q/kooraa* | *Seenaa* |
| *2.Aadde Maabraatee Taammanaa* | *49* | *Dur* | *digirii* | *Hoj/ aadaafi turizimii aanaa Dagam* | *m/dagam* | *seenaa* |
| *3.Obbo Haabtaamuu Makoo* | *51* | *Dhi* | *digirii* | *Og/ A/ fi turizimii godinaa shawaa kaabaa* | *m/dagam* | *seenaa* |
| *4.Obbo Buzunaa Taaddasaa* | *53* | *Dhi* | *dipiloomaa* | *Og/A/fi turizimii aanaa dagam* | *g/l/caraaqii* | *jaarsa lagaa* |
| *5.Aadde Abbabuu Hirphaa* | *78* | *Dur* | ---------- | *Qonnaan bultuu* | *m/dagam 01* | *haadha ateetee* |
| *6.Obbo Mul'ataa Tasfaayee* | *49* | *Dhi* | *dipiloomaa* | *Hoj/ bulchinsaafi nageenyaa aanaa dagam* | *m/dagam 01* | *seenaa* |
| *7.Obbo Xibabuu Tolaa* | *48* | *Dhi* | ---------- | *Q/bulaafi hiriyaa Agarii Tulluu* | *m/dagam 01* | *seenaa* |
| *8.Obbo Sisaay Dirribaa* | *36* | *Dhi* | *digirii* | *Hoj/ w/ koominikeeshinii aanaa dagam* | *m/dagam 01* | *seenaa* |
| *9.B/taa Taaddasaa Salamoon* | *26* | *Dhi* | *barataa* | *barataa* | *g/l/caraaqii* | *seenaa* |
| *10.Obbo kaffaalaa Mootii* | *53* | *Dhi* | ----------- | *qonnaan bulaa* | *g/l/caraaqii* | *jaarsa lagaa* |
| *11.Obbo Shifarraa Warquu* | *34* | *Dhi* | *digirii* | *hojjetaa 'vision fund'* | *m/dagam 01* | *seenaa* |
| *12.B/Saa Baqqalaa Gabbisaa* | *32* | *Dhi* | *digirii* | *barsiisaa* | *g/l/q/kooraa* | *seenaa* |
| *13.Obbo Shifarraa Taakkalaa* | *51* | *Dhi* | *dipiloomaa* | *hog/ bulchinsaafi nageenyaa A/dagam* | *m/dagam 01* | *abbaa malkaa* |
| *14.luba Dabalee* | *63* | *Dhi* | ------------ | *luba mana amantaa ortodoksii* | *m/dagam 01* | *seenaa* |
| *15Aadde wayinisheet Taayye* | *34* | *dur* | *digirii* | *Hoj/ A/fi turizimii A/ dagam* | *m/dagam 01* | *seenaa* |
| *16 obbo salamoon Kuchuu* | *48* | *dhi* | ----------- | *Qonnaan bulaa* | *g/l/caraaqii* | *seenaa* |